

Barumsa Sanbataa Ga'eessotaa

Qajeelcha Qu'annoo Barumsa Sanbataa Ga'eessotaa

Dhuma Barichaaf Qophaa'uu

Barreessaan- Noormaan Galii

Afaan Oromootti kan hiikan-Gammachuu Faantaa Areerii(1-6)
-Pr. Lammaa Haayiluu (7-13)

Nuusa 2ffaa

*Maxxansaan:- Mana Maxxansaa Waldaa Adveentistii Guyyaa
7ffaa,
Finfinnee*

Ebla , Caamsaa , Waxabajjii 2018

Qabeentaa

Mata Duree


Fuula

1.Falmii waaqa irraa - Bitootessa 31—Ebla 6	3
2.Daani'eelii fi Dhuma Barichaa - Ebla 7—13.....	12
3.Yesusii fi Macaafa Mul'ataa -Ebla 14--20.....	21
4.Fayyinaa fi Bara Raawwataa—Ebla 21 -27.....	30
5.Kiristoos Mana Qulqullummaa waaqa irraa keessatti Ebla 28--Caamsaa 4	39
6.“Geeddaramuu” Seerichaa—Caamsaa 5—11	48
7.Maatiwoos 24, 25 -Caamsaa 12—18	58
8.Uumaa Waaqessi—Ebla19—25	67
9.Gowwomsaa Bara Dhuma --Ebla 26-Waxabajjii 1	76
10.Ameeriikaa fi Baabiloon—Waxabajjii 2—8.....	85
11.Chaappaa Waaqayyoo Yookaan Mallattoo Bineensichaa Ebla9—15.....	94
12.Baabiloonii fi Armaageedoon—Waxabajjii—16—22	103
13.Deebi'uu Gooftaa Keenyaa Yesus—Waxabajjii23—29.....	111

Falmii Waaqa Irraa

SANBATA WAAREE BOODA

Qorannoo Torban Kanaaf Heertuuwwan Kanneen Dubbisi: *Hisqi'el. 28:1, 2, 11–17; Uumama. 8:3:1–7; Mul. 12:1–17; Roomaa. 8:31–39; Mul. 14:12.*



Falmii waaqa irraa, yeroo tokko tokko “wal’aansoo isa guddaa” jedhama, kun ilaalcha addunyaa Kitaaba Qulqulluu ti. Kun ka’unsaa diraamaa biyya lafaa, yuunivarsiitti argisiifamu uuma. Cubbuu, dhiphina, du’a, ka’uu fi kufuu sabootaa, tamsaasa wangeelaa, taateewwan bara raawwataa—kun hundinuu qabiyyee falmii waaqa irraa ti.

Torban kana bakkoota baay’ee murteessoo ta’an ilaalla, iddoon kun bakka wal’aansoo guddichi itti lafa qabate, haaluma ta’een bakka itti jalqabe, iccitiidhaan onnee uumama mudaa hin qabne keessatti, Luusfeer, isa fincila gara lafaatti fide karaa kufaatii namoota mudaa hin qabne kan birraa, Addaamii fi Hewaan. “Tuqaaleen wiirtuu” ta’an lamaan, kufaatiiin Lusfeerii fi sana booda immoo kan maatii keenya jalqabaa wal’aansoo guddichis hidda jabeeffate bara sanaa kaasee mormii geggeessaa jira. Tokkoon tokkoon keenya qaama diraamaa waaqa irraa sanaa dha.

Oduu gaariin jiruu guyyaa tokko diraamichi gara xumuraattidhufuu qofa utuu hin ta’in, garuu injifannoo walii gala Yesus seexana irratti gonfatuun xumurama. Oduu gaariin kana caalu immoo guutummaa gochaa Yesus fannoo irratti raawwatee dha, hundumti keenya mo’icha

sana keessaa qooda qabna. Akka qaama mo'icha sanaatti, Waaqayyo gara amantii fi abboomammutti nu waama amma, Yesusitti kana abdachii-famane eegganna, dhufatii isaas mirkaneeffachaa.

JALQABA TORBANII Ebla 1

Kufaatii Uumama Mudaa Hin Qabne

Yoo falmiin waaqa irraa ilaalcha addunyaawaa Kitaaba Qulqulluuf ka'umsa ta'ee, kun gara gaaffilee hedduutti geessa. Wanti baay'ee barbaachisaan tokko, Falmichi akkamitti jalqabee? Sababiin isaa Waaqni jalalaa yuunivarsii uume, jalqaba irraa kaase hamminni, walitti bu'insa fi jeequmsi dhuguma uumama wajjin akka hin uumamane tilmaamuun sababaan deeggaramaa dha. Falmichi uumama irraa haala adda ta'een kan ka'e yammuu ta'u, uumama jalqabaa keessatti argamuun isaa barbaachisaa hin turre. Ta'us, falmichi as jira, dhugaa dha, hundumtu keenya iyuu itti hirmaanneerra.

Hisqi'eel 28:1,2, 11-17 fi Isaayyaas 14: 12-14 dubbisi. Heertuuwwan kun waa'ee kufaatii Lusferii fi ka'umsa hamminaa maal nu barsiisuu?

Lusfer waaqa irra kan jiraatu uumama mudaa hin qabne ture. Cubbuun akkamitti isa keessatti argame, addumaan haala naannoo sana fakkaatu keessatti? Hin beeknu. Tarii sun sababa tokko ta'a maaliif akka Kitaabi Qulqulluun "iccitummaa cubbuu" kan dubbatu (2 Tasaloniiqee 2:7). Uumama hundaaf hubannoo kennuun fedha Waaqayyoo ti, dhugaa kaanan alatti, kufaatii Lusferiif sababi hin jiraatu. Akkuma Elan G. Waayit gadi fageenyaan ibsitetti: "akkuma jalqaba cubbuu ibsuun hin danda'amne, jiraachuu cubbuu ibsuunis akkasuma, . . . Cubbuun looteegaltuu dha, jiraachuu isaaf sababa kennuun kan hin danda'amne. Iccitaawaa dha, gaafatamummaa kan hin qabne; isaa ofkalchuun isaaf facisuu dha. Isaaf dhiifamni in argamaa, jirachuu isaaf daafiin in argamaa, cubbuu ta'uun isaa in dhaabbaata." — *The Great Controversy*, pp. 492, 493.

Jecha cubbuu jedhu hamminaan bakka buusi, ibsi cubbuuf kenname hamminaafis in hojjeta, Jalqaba hamminaa ibsuun hin danda'amu, jiraachuu isaafis sababa kennuun akkasumas . . . Hamminni lootee galtuu dha, jiraachuu isaaf sababa kennuun kan hin danda'amne. Iccitaawaa dhas, gaafatamummaa kan hin qabne, isa ofkalchuun isaaf faccisuu dha, Isaaf dhiifamni in argamaa, jirachuu isaaf daafiin in argamaa, hammina ta'uun isaa in dhaabbaata.

Dhugummaa fedha bilisaa biratti waa'ee muuxannoo ofii keetii yaa-di. Maaliif, kadhannaa cimaa fi of eeggannoon waa'ee filannoo bilisaa godhachuuf nu irra jiraataa?

As irratti wanti baay'ee gaddisiisaan Hewaan sagaleen Waaqayyoo isaaniif maal akka ta'e beekti turte. Iseen irra deebitee jette, "Waaqayyoo jedhee, "ija isaa irraa hin nyaatinaa isattis hin bu'inaa! Kanaa achi in duutu' jedheera" jette (Uum.3:3). Yoo waa'ee mukichatti bu'uu barreeffami Qulqullaa'aan homaa iyyuu ibsuu baate, Hewaan dhugicha in beekti turte isattii nyaachuun akka du'atti geessu.

Seexanni ifatti sababa tokko malee sagalichaan morme, Bofichi immoo deebisee dubartittiidhaan, "dhuguma hin duutan (Uum.3:3).

Mormichi hammam gadadamaa dha? Jalqaba irratti seexanni abshaalummaan iseetti dhiyaatee ture, si'a tokko yaada isee argeera, iseen ciminaan hin didne waan ta'eef. Ifumatti abboommii Gooftaa morme. Wanti gaddisiisaan, Hewaan kan kana godhaa jirtu hubannoo dhabuu irraa miti. "Ani hin beeku, Ani hin beeku" jettee waakkachuu hin dandeenye turte. In beekti.

Haa ta'u malee, utuma hubannoo kana qabduu, dogoggora hojjetteetti. Naannoo mudaa hin qabne, Edan keessatti, beekumsi abboommii Waaqayyoo Hewaanii (fi Addaamis dhugicha beeka) akka cubbuu hin hojjenne gochuuf ga'aa miti. Beekumsi qophaa isaa nu oolcha jennee yaaduun ofuma keenya gowwoomsuu dha. Waan sagaleen Waaqayyoo nutti dubbatu beekuu qabna. Kana beekuu waliin, waan nutti dubbatameef abboomamuuf of kennuu qabna.

Waaqayyo waan tokko dubbate, seexanni immoo waan biraa jedhe. Hewaanii fi Addaam abboommii Waaqayyoo yoo beekan iyyuu, seexana dhaggeefachuu filatan. Wanti xinnoon barkumee keessatti jijjiirama fid-di. Dogoggora kana fakkaatu akkamitti dhabamsiifnaa?

Wiixaxta Ebla 21

Habannoo Ol

Ka'umsa hamminaa yoo ibsuu hin dandeenye iyyuu, (jiaachuu isaaf sababi waan hin jirreef) onnee Luusfer keessatti waaqa irratti akka jalqabe barreeffamni qulqullaa'aa in mul'isa. Hubannaa dinqisiisaa gadi fagaataa Elan G. Waayit cinatti (Falmii Guddicha keessatti, boqonnaa, "Ka'umsa Hamminaa" jedhu ilaali), barreeffami Qulqullaa'aa jalqaba hamminaa waan nutti himu hamma kanatti hin jiru.

Sagaleen Waaqayyoo baay'ee ifaa dha. yoo waa'ee lafa irratti argamuu isaa ta'e iyyuu.

Uumam 3:1-7 dubbisi. As irratti maaltu ta'e salphina Addaamii fi Hewaan kan ifatti baase?

As irratti wanti bay'ee gaddiisuu, sagaleen Waaqayyoo isaaniif maal akka ta'e Hewaan beekti turte. Irra deddeebitee, "Waaqayyo jedheera, 'ija isaa irraa hin nyaatinaa, isatis hin bu'inaa! Kanaa achi in duutuu' jeedheera" jette.

Hamma barreeffami qulqullaa'aa nutti himutti, waa'ee mukichatti bu'uu wanti jedhame homaa iyyuu hin turre. Mukichattii nyaachuun akka du'atti geessu dhugaa ta'uu isaa Hewaan beekti.

Sana booda seexanni ifatti sababa malee sagalee Waaqayyoon morme. "Bofichi immoo deebisee dubartittiidhaan, 'Hin duutan'"

Mormichi hammam qullaa ta'innaa! Jalqaba irratti seexanni haxxummaan iseetti dhiyaate. Erga is'a tokko akka iseen isa harkaa hin baane hubatee, ifumatti abboommii Waaqayyoon nmorme. Wanti gaddiisaan, Hewaan kan kana godhaa jirtu wallaalu irraa kan ka'e miti. "Ani hin beeku, Ani hin beeku" jettee hin waakkanne. In beekti.

Ta'u iyyuu, utuma beekumsa kana qabaduu, dogoggora hojjette. Edan keessa, bakka mudaan hin jirretti, Beekumsi qofti ga'aa miti Hewaann *fi Addaam, isa dhugicha beeku) oolchuu hin dandeenye akka isaan cubbuu hin hojjenetti; nu oolchuuf beekumsi qofaan gahaa dha jennee yaaduun of gowwomsuu dha. Eyyee, waan Waaqayyo Gooftaan nutti dubbatu beekuu qabna. Beekumsa cinatti, ofii keenyaa dabarsinee keennuu qabna dubbii Waaqayyoof akka abboomamnutti.

Waaqayyo waan tokko jedhe, seexanni immoo waan biraa jedhe. Hewaannii fi Addaam beekumsa sana yoo qabaatan iyyuu, seexan dheeggeeffachuu filatan. Me yaadi, dogoggorri xiqqoon jijjiirama kumaatamaa akka fidu. Dogoggora akkasii akkamitti dhabamsiifnaa?

Kibxata

Bitootessa 3

Lola Waaqaa fi Lafaa

Kufaatiin maatii keenya jalqabaa biyya lafaa cubbuu,hamminaa fi du'a keessa buuse. Tarii namooti sababa battalaa irratti walii galuu dhabuu danda'u ta'a, yookaan badii eenyuu akka ta'e, garuu jeequmsa, tarkaanfii humnaa, hookkara, fi walitti bu'insa nu miidhe qabatamaa isaa ta'e eenyutu haala (deny)? Waa'ee falmii waaqa irraa, walitti bu'insa waaqa irraa dubbanneerra, sun dhugaa dha. Garuu jalqabbiin lola kanaa waaqa irratti yoo ta'e iyyuu, as lafa irrattis ta'eera. Dhuguma, Baroota seenaa Kitaaba Qulqulluu keessatti kufaatiin Edan irraa jalqabee hamma taateewwan bara xumuraatti kan jiru Dhufaatiin Lammataa Yesusitti kan geessu Kitaabi Qulqullaa'aan waa'ee loa isa guddichaa argisiisaa. Walakkeessa lola kana keessa jiraanna. Maaltu akka ta'aa jiru, booda isaas maal akka jiruu fi wanti baay'ee barbaachisaan, akkamitti akka gara xumuraatti dhufu sagaleen Waaqayyoo nuuf ibsa.

Mul'ata 12: 1-17 dubbisi. Akkuma waaqaa fi lafa irratti mul'ate, boqonnaan kun waa'ee lola maalii argisiisaa?

Waaqa irratti lola argina, lafa irrattis lolota. Lolli inni jalqabaa jawwee (seexana, Mul. 12: 7-9) fi Mikaa'el (hiikaa Ibrootaan: "Isa Waaqayyoon fakkaatu") gidduutti ta'e. Kana booddee Luusfer, fincilaan seexana (diina) ta'uun beekame. Luusfer uumama salphoo kan ta'e Uumaa barabaraa, Yesus irratti lola kaase. (Ibroota 1:1,2; Yoh. 1:1-4).

Luusfer Uumaa isaa irratti lola bane. Lolli guddichi waa'ee lola waaqolii gidduutti ta'e miti, inni waa'ee uumamaan Uumaa isaa irratti fincilee yammuu ka'u ta'ee, kunis immoo lolichi uumuamaa haleeluun mul'i-fame.

Lola waaqa keessatti Kiristoos irratti baneen kan mo'ame, sexanni akkuma Kiristoos bifa namummaan lafa irratti dhalateen isa hordofuu murteeffate.

(Mul'ata 12:4) Lola Kiristoos irratti waaqa keessatti kaaseen kan mo'ame seexanni, ammas lola lafa onaatti in mo'ame, sana booda fanoo irratti, seexanni akka lammata ka'uu hin dandeenyetti erga mo'amee booddee gara namoota loluutti adeeme. Lolli kun seenaa kiristaanaa keessatti dogoggorsaa kan turee fi hamma dhuma barichaatti kan itti fufu ta'a.

Mul. 12:10-12 dubbisi. Walakkeessa falmii fi walitti bu'umsaa heertuu biraa keessatti argamu keessatti, heertuu kana keessatti abdi akkamii arginaa?

Roobii

Ebla 4

Yeroo Hundaa Si Wajjin, Hamma Dhuma Baraatti Illee

Seenaa waldaa keessatti iddoo baay'eetti, kitaabi Mul'ataa waa'ee ari'atamuu saba Waaqayyoo dursee dubbateera. Mul'ata 12:6 keessatti kan dubbatame guyyootan raajaman 1260(lakk. 7 ilaali akkasumas Mul. 12:14) guyyoota 1260f ari'atamuu waldaa itti dabalee ibsa.

"Ari'annaan kun kan jalqabe bara bulchiinsa Neeroo, yeroo Phaawuloos aarsaa ta. ee kaasee yeroo tokko cimaa, yeroo kaan immoo laaffachaa jaarrootaaf itti fufe. Jaarrota ari'atamuu kana keessatti Kiristaanonni sobaan yakka jibbiisaan hammeeffaman, ka'umsa balaa uumamaa akka beelaa, sugee (geerii) fi hawwaannisa, kirkira lafaan himataman. Kiristaanonni hawaasaan kan jibbamanii fi shakkaman ta'an. Basaasonni bu'aaf hojjetan namoota qulqulluu hammeessuuf qopheedhaan dhaabbatu turan. Akka waan mootummaa irratti ka'anitti, akka diina amantiitti, akka maxxantuu hawaasaatti ta'anitti balaaleffataman. Kiristaanonni lakkofsaan hedduu ta'an bineensatti darbataman, kaan

isaanii utuu lubbuun jiranii ibbidaan mana agarsiisaa keessatti gubaman.” *The Great Controversy*, p. 88. 20

Yeroo wal fakkaatu keessatti dubartittiin (waldaa) gara lafa onaatti baqatte (Mul. 12:6). Akka joobiraa koochoo lama akka qabdutti ibsamte. Kun yaada koochoo kanaan gara bakka itti gargaarsa argachuu dandeesstti balaliite ibsama. Lafa onaa sana keessatti kunnuunsatu ta’eef. Achitti, jawwichii yookaan seexanni isee argachuu hin dandeenye (Mul. 12:14). Bara ari’annaa guddaatti Waaqayyoo waldaa haftuuf eeggannaa in godha, bara raawwataattis akkasuma in godha.

Haala balaafamaa guyyoota raawwataa keessatti, Kiristoos saba isaan akkas jdhe, “ hamma dhuma baraatti guyyaa hundumaa isiniin wajjin nan jira (Maatiwoos 28”20). Abdii dinqisiisaa kana akkamitti hubannaa? , wareegamtoota danuu hordoftoota Kiristoos waliin wal bira qabnee yammuu ilaallu?(Roomee 8:31- 39 fi Maat. 10:28).

Homtinuu homaa ari’atamuu, beela, yookaas du’i jaalala Waaqayyootii gargar nu baasu. Nu wajjin jiraachuun Kiristoos ammaas ta’ee yookaan bara dhumaatti dhukkubbii, dhiphina qorumsa, yookaan du’a nu irraa hambisa jechuu miti. Wantoota akkana irraa, jireenya kana keessatti bilisa ta’uu takkaa nu hin abdachiisne. Inni kan jedhu, karaa Yesus fi waan inni nuuf godheen jireenya abdii fi kakuu isa Waaqayyoo nu wajjin jiruu sanatti qabamnee waaqa haaraa fi lafa haaraa keessatti abdii jireenya barabaraan jiraachuu qabna. As biyya lafaa irratti wanti fedhe yoo nu mudate iyyuu, akkuma Phaawuloos, gonfoo tolaa akka argannu mirkaneeffannee abdiin eeggachuu qabna, “ Kanaa achis gonfoon qajeelinaa anaaf kaa’amee jira; ana duwwaaf utuu hin ta’in, warra deebi’ee dhufuu Isaa jaallaatan hundumaaf in kennama.). Nuyi, warri deebi’ee mul’achuu Isaa jaallannu abdii fi kakuu kun nufis inta’a jnnee amanuu qabna.

Kamisa

Ebla 5

Seerichaa fi Wangeela

Akka Adiventistoota Guyyaa- torbaffaatti, maaliif dhaabachuu keenya kan ibsu maqaa qabneerra. Kutaan Guyyaa-torbaffaa jedhu Sanbata guyyaa-torbaffaa bakka bu’a, isa amantii keenya mul’isu, abboommii tokkicha sana qofa keessatti miti, garuu kallattiin yoo hin ibsane ta’e iyyuu amantii keenya abboommota kudhan keessatti jechuu dha.Kutaan Adiventistoota

jedhu Deebi'ee Dhufaatii Yesus keessatti amantii keenya kan argisiisu, dhugaa du'a Yesus yammuu Inni jalqaba dhufe gatii cubbuu keenyaaf du'e qafaan kan jiraatuu dha. Kanaaf maqaan keenya inni Adiventistoota Guyyaa-torbaffaa jedhu wantoota baay'ee barbaacchisoo ta'an gargar kan hin baane lama argisiisa, isaan kun qaama dhugaa ammaati: seerichaa fi wangeela.

Heertuuwwan kunniin seeraa fi wangeellii hammam walitti dhiyeenyaan akka walitti hidhaman akkamitti argisiisaa

Ermiyaas 44:23

Room. 3:20–26

Room. 7:7

Wangeelli oduu gaarii dha. Seenaan oduu garrii kun isa nuyi cubbuu hojjenne, isa nuyi seeraa Waaqayyo cabsineen kan guute yoo ta'e iyyuu, Karaa amantii waan Kiristoos fannoo irratti nuuf godheen cubbuu keenya irraa dhiifama arganneerra, Akkasumas aangoon seera isaaf abboomamuu guutummaatti, raawwatee nuuf kennameera.

Hin dinqisiisu, guyyoota raawwataatti dheekkamsi lola guddichaa addumaan haala sodaachisaa ta'een hammaachaa yammuu dhufutti saboota Waaqayyoof karaa baay'ee adda ta'een egumsi ta'aaf.

Mul'ata 14:12 dubbisi. Heertuun kun akkamitti hidhata seeraa fi wangeela giddu jiru ibsaa?

Akka Adiventistoota Guyyaa – torbaffaatti, akka namoota seera Waaqayyoof abboomamuutti amanantitti, namoota warra kaanitti seeraaf abboomamuu jechuun seeratti cichuu akka hin taane, garuu jaalala Waaqayyoo fi waan Isaan fayyineef guddina uumamaa taa'uu isaa akkamitti ibsitaa?

Heertuuwwan akka Kes. Deebii 11:1 fi Yoh. 5:3 akkamitti qabxiilee armaan olitti ibsame deeggaruu?

Jimaata

Ebla 6

Yaada Bal'inaan: Mul'ata 12:9-12 fi Ellen G. White, "Why Was Sin Permitted?" pp. 33–43, in *Patriarchs and Prophets*. dubbisi.

"Akkuma uumamani hundinuu jalalaaf amanamoo ta'an, guutummaa yuuni-varsii Waaqayyoo keessatti walitti hidhamiinsa mudaa hin qabnetu jira. Akeeka Uumama isaanii galmaan ga'uun gammachuu macca waaqa irraa ti. Ulfina Isaa callaqqisiisuu fi maqaa Isaa jajachuun isaan gammachiisa. Jaalallii Waaqayyoo isa ol'aanaa yammuu ta'u jaalallii inni tokko isa kaaniif qabu kan waliif hiramuu fi oftummaa kan hin qabnee dha. Jeequmsa mootummaa waaqa kan ibsu ragaan hin turre. Garuu, mootummaa gammachuu kanatti jijjiiramatu dhufe, Bilisummaa Waaqayyoo uumama Isaaf kenne kan nama tokkodu geeddare. Cubbuun kan jalqabe nama kabajamaa, isa Waaqayyoootti aanu keessatti." —*Ellen G. White, Patriarchs and Prophets, p. 35.*

Jechoota Elan Waayiti, isa "amanamummaa jaalalaa" jedhu yaadadhu. Gaalee humna qabeessi kun hiikaa baay'een kan guutee fi gara dhugaa jaalalli gara amanamummaatti, gara amantii guutuutti nama geessa isa jedhu of keessaa qaba. Hidhati gaa'elaa hidhata isaa / isee jaallatu jalala sana amanamummaan argisiisuu qaba. Waaqa irratti akka kana ture uumama kana wajjin, Hariiroo nuyi amma Waaqayyoon wajjin qabnus akka kana ta'uu qaba.


Gaaffilee Maree:

1. Ragaa barreeffama qulqullaa'aa maalii qabnaa kallattii dhugaa kan argisiisu, gara seexanaa utuu hin ta'in, garuu gara shooraa inni falmii guddicha keessatti qabu kan ibsu. Namoota akkamitti gargaarra seexanni nama dhuunfaa akka ta'ee fi mallattoo hamminaa isa onnee namoota keessa jiraatuu akka hin taane hubachiisuu irratti.
2. Akka Adiventistoota Guyyaa – torbaffaatti, nuyi beekumsa dhugaa Macaafa Qulqulluu isa gatii guddaa qabuun eebbifamneerraa, Akkuma dinqisiisaa ta'e, yoo beekumsi kun nu fayyisuuf gahaa miti ta'e iyyuu? Beekumsa kana caalaa waan nu barbaachisuu maal goonu?
3. Yesus amma illee jireenya kee keessa jirachuu Isaa karaa kam fa'iin sitti dhagaa'amaa (shaakaltee)? Shaakallii kun yeroo rakkinaa kamittuu akkamitti si gargaaraa?
4. Daree keessatti waa'ee gaalee, "Amanamummaa jaalalaa" caalaatti irratti mari'adhaa. Yaadni kun caalaatti akkamitti nu gargaara hariiroo seeraa fi ayyaanaa, amantii fi abboomamuu gidduu jiru caalaatti hubchuuf? Guutummaa yaada jaalalaa keessatti waa'ee bilisummaa jiruu maal barsiisaa? "Amanamummaa jaalalaa" ammuma illee karaan maaltu jira kan ittiin mul'isnu?

Daani'eel fi Dhuma Barichaa

SANBATA WAAREE BOODA

Qorannoo Torban Kanaaf Kana Dubbisi: *Luqaas 16:10; Daanieel 1, 2; 3:1-6; Mul. 13:11-15; Daani'eel. 3:13-18; Yoh. 3:7; Daanieel 4, 6.*



Isiraa'elota duriif Waaqayyo akeeka guddaa qaba ture. "Isin lubota mootii waaqa fi lafaa ti, saba qulqullaa'aa anaaf in taatu" (Bawuu 19:6). Sabi qulqullaa'aan kun, mootummaan lubotaa kun, Yaahweehn qofaan Waaqayyo akka ta'e, dhuga-baatuu Isaa akka taataniif fo'amtan (Isaayyaas 43:10,12 ilaali). Wanti gaddisiisaan garu, sabichi waamicha qulqullaa'aa Waaqayyo isaan waametti hin jiraanne. Oolee bulee garbummaa Baabiloonitti dabarfamnii kennaman. Wanti gaariin, manca'insa balaa garbummaan fide akkuma jirutti ta'ee, Waaqayyo amma iyyuu Yihudota keessa namoota dhuunfaatti fayyadameera, dhhuga-baatuu Isaa akka ta'aniif. Jechoota biroon, hamma tokko, Waaqayyo wanta Isiraa'elii fi Yihuudaan hin hojjenne, karaa Daani'eelii fi michoota isaa sadan hojjechuu danda'ee ture. Miira tokkoon, namoonnii kun fakkeenya waan Isiraa'eloonni akka sabaatti ta'uuf malanii fi hojjechuu qabanii turan. Eyyee, seenaan isaanii yeroo fi bakkaan kan hin daangeffamne hamma dhuma barichaatti kan fulla'u ta'a. Garuu amma iyyuu namoota kanneen keessati amaloota fakkeenyummaan nu tajaajilan isaan keessati argina.

Namooti kunniin namoota bara dhumaa jiraatan qofa utuu hin ta'in, waa'ee Waaqayyoo addunyaa ormootaa warra akka masaraa Baabiloon keessaatti dhugaa haa baaniif kan waamamanii dha.

Jalqaba Torbanii

Ebla 8

Waan Xinnooti Amanamuu

“Waan baay'ee xinnoo irratti amanamaa kan ta'e, waan guddaa irrattis amanamaa in ta'a.. waan baay'ee xinnoo irratti amanamaa kan hin ta'in waan guddaa irratti immoo amanamaa hin ta'u” Luqaas (16:10).

Asitti jechoota Yesus ilaali. Baay'ee salphaa dha, miti ree, “Waan xinnooti kan hin amanamne ” wayya yaada jedhu irratti walii galuu in wayyu? As irratti gaaffiin jiruu, “ waan xinnoo” ofumaafuu, mataa isaafuu barbaachisaa miti. Kanaaf “xinnoo” jedhame. Akkuma shaakalaanis dhuunfaanis yookaan fakkeenya warra kaanii (yookaan kan lachuu) ta'ee baay'een keenya beeknu, rakkoon jalqabaa gara isa kan biraatti, ammas kan biraa, kan biraa, hamma nuyi, “ waan guddaatti hin amanamnetti”

Yaada kana sammuu qabnnee, Daani'eel 1 keessaa seenaa fi muuxannoo dargaggoota Yihuudaa afur boojuu Baabiloon jala turanii fudhannee ilaalla

Daani'eel 1. Wanta Isiraa'eloti durii sabotaaf ta'uu malan, Daani'eel, shaadraak, Meshk fi Abed-Neegoon karaa kam fa'iin calaqqisiisan? *Akkasuma Kes.Deebii 4:6-8, Zak.8:22 ilaali.*

Heertichi waan isaan nyaata fi jiraachuu isaanii kallattiidhaan wal hin qabsiisu yoo ta'e illee, jireenyi isaanii isa duraa irra “ogummaa fi hubannaan” “dachaa kudhan” in wayya, hunduma caalaa (Daani'el 1:20), wal qabsiistuun sun ifa dha. Boqonichi in jedha, beekumsaa fi ogumaa Waaqayyotu isaaniif kenne. Nyaata xuraa'a Baabiloon nyaachuu diduudhaan amantiitti guutuu ta'anii waan argamaniif Gooftaan isaan wajjin hojjechuu jaallateera. In abboomaman, Waaqayyo immoo abboomamuu isaanii eebbise. Utuu Waaqayyo waan kana fakkaatu Isiraa'elota durii hunduuf hin goone ta'ee, utuu barsiisa Kitaaba Qulluutti maxxanuudhaan ifaajee fi amanamummaan akka namoota

afran kanaatti, eyyee dhuguma, nuufis hin godhuu ree,har'as, guyyoota xumuraattis?

WIIXATA

Ebla 9

Gadi of Qabuu Daani'eel

Guutummaa addunyaaa, fi waggoota kumootaaf, namooti lakkoosi isaani hin dubbatamne gara Waaqayyo, Isa kitaabi Qulqulluun dhugaa ba'uuf dhufuudhaan akka amanan Daani'eel gargaareera. Kitabi Qaulqulluun sababoota dhugaa fi humna qabeessa kan dhiheessuu, jiraachuu Waaqayyoo qofa mirkaneessuuf utuu hin ta'in waan gara fuulduraatti ta'uuf jiru irrattis beekumsa qabaachuu isaa ti.

Dhuguma, waan gara fuulduraatti ta'uuf jiru irraatti beekumsa qabaachuu Waaqayyoo boqonnaa mul'ataan kan kenname yammuu ta'u, kanumatu jiraachuu Waaqayyoof raga laata.

Daani'eel 2 dubbisi, Dhugummaa Waaqayyoo mul'isuuf boqonnaan kun ragaa amansiisaa akkamii kennaa? Itti dabalii Awuroppaa har'aa akkuma (Daani'el 2:40-43) keessatti ibsamee jiruutti ilaali. Namni waggoota dhibba digdamii ja'a dura jiraate akkamitti dogoggora malee sirriitti Awuroppaa har'aa ibsa, yoo mul'ata Waaqayyoon ta'e male?

Waan Waaqayyo isatti mul'ise hundumaaf Daani'el ifa godhuun qaanii tokko malee wanti ta'e hundinuu akka Waaqayyoon ta'e ibsuudhaan galata galcheef. Ogummaa fi beekumsa duraan qabuun of jajuun isaaf akkam salphaa ture, abjuu mootichaa beekuu qofa utuu hin ta'in hiika isaas itti himuuf bu'uura godhate. Garuu, Daani'el sanaa ol beeka ture.? Kadhannaa Daani'eel fi warri kaan kadhatan dubbannaan isaanii Waaqayyoon kan bu'uureffate akka ta'u isaanitti mul'ise, kanaa achi beektota warra kaan wajjin ajjeefamu turan.

Ogeessotaa fi warri beektota jedhaman: warra ayyaana hedan, warra urjii lakkaa'an dhoksaa(abjuu) mootichi gaafate beeksisuu akka hin dandeenye Daaniel mooticha yaadachiise. Faallaa kanaa, Waaqayyo, Inni

waaqa irraa wanta dhokataa mul'isa, sababiin isa Isa qofatu Waaqa dhugaa dha.

Gad-deebu'ummaa fi Waaqayyo irratti hirkachuun Daani'el dhuga-baatu humna qabeessa akka ta'u isa dandeesise. Daani'el, inni bara kakuu moofaa jiraate kan gadi of deebise, nuyi immoo caalaatti har'a hammam gadi of deebisuu qabnaa? Hundaa ol, nuyi mul'ata karoora fayyinaa qabna Daani'el kan hin arganne, yoo wanti tokko akka nuyi gadi of deebisnu nu godhe, inni beekumsa waan Yesus fannoo irratti raawwateen ta'uu qaba.

Waa'ee gadi of deebisuu fannoon maal nu barsiissaa? Maalis nuun jedhaa, waa'ee ofittumaa keenyaa qofa utuu hin ta'in, fayyuudhaaf dubbannaan keenya Waaqayyo irratti kan hirkate ta'uu qaba. Fannoo malee wanti ati ittiin of jajju maaltu jira ree? Galaatiyaa 6:14 ilaali.

KIBXATA

Ebla 10

Fakkii Warqee

Bartooti Macaafa Qulqulluu hariiroo Daani'elii fi seenaa dargaggoota Ibiroota sadanii dirree Duraa irratti erga qalbifatanii barri fagoo dha. Mul'ata keessatti kan ibsame ari'atamuun saba Waaqayyoo baroota darban keessatti, guyyoota raawwataatti ari'atamuun sun saba Waaqayyoo in mudata.

Daani'el 3:1-6 Mul'ata; 13:11-15 wal maddii qabii ilaali. Wal fakkaachuun keewwata kana lamaan gidduu jiru maali?

Bakka lachuutuu waaqessuun dhimma ijoo dha. Lachuun isaanii iyyuu waa'ee dirqamaan waaqessuu dubbatu.

Warri aangoo siyaasaa of harkaa qaban waaqeffanaa isa Gooftaa qofaaf ta'u barbaadu.

Daani'el 3:13-18 dubbisi. Seenaa kana irraa hubannaa akkamii baratnaa, kan nu gargaaru waan guyyota raawwata nu mudatan qofaaf utuu hin ta'in waan nu mudachuuf jiruus akkamitti akka keessa dabarru irratti?

Akka mootii aango-qabeessa biyya lafaatti, Nebukadnezaar, namoota sanaa fi Waaqayyo isaaniitti akkas jedhee in ga'ise, "Waaqayyo inni harka koo isin oolchuu kun eenyuu?" Waaqayyo isa itti ga'ise sana eenyu akka ta'e utuu hin turin arge. Itti aansees akkas jedhe, "Waaqayyo inni kan Shaadraak, kan Meshaaq, kan Abed Nego ulfinaan haa jajamu! Inni ergamaa Isaa ergee hojjetoota Isaa kana oolcheera; hojjetooti isaa kun Isa waan amananiif abboommii mootichaa homaatti hinlakkoofne; Waaqayyoo isaanii malee waaqayyoolii kan biraa akka hin waaqessine, isaaniif akka hin saganneefis dhagna isaanii gubamuuti dabarsanii kennan." (Daan. 3:28)

Waan dinqisiisaa akkasii erga argee boodde, waa'ee Waaqayyo namoota sanaa, wanti adda ta'e akka jiru amanuun mootichaa gaaffii hin qabu. Fakkenyaaf, dargaggooti sun ibidda keessa buufamuu hin oolan yoo ta'e, wanti isaan amanatan sun karaa adda ta'een waan ta'uu danda'uu dha (Daani'el 3:18). Yoo utuu lubbuun jiranii kan hamma ibiddaan gubamuuti deeman iyyuu, maalii amma iyyuu abboommii mootichaa diduun waan qajeelaa hojjetanii? Seenaan kun amanti isaanii fi waan amnaniif yoo gaaga.umsa kan hordofsiisu ta'e iyyuu, dhaabbacuuf fedha isaan qabaniif dhuga-ba'unsaa humna qabuu dha.

Guyyoota xumuraatti, yammuu dhimmi waaqeffanna ka'u, akka namoota sadan kanaatti, amantiin dhaabbachuu keenya akkamitti mirkaneeffannaa? Yoo amma waan "xinnootti" kan hin amanamne taane, Waan dinqisiisaa akkasii erga argee boodde, waa'ee Waaqayyo namoota sanaa wanti adda ta'e akka jiru amanuun mootichaa gaaffii hin qabu.

Yoo amma waan "xinnootti" kan hin amanamne taane, waan guddaa baadiisa guyyoota xumuraa fakkatu keessatti amanamoo taanee dhabacchuu akka nuyi yaadnu maaltu nu godhaa?

ROBII

Ebla 11

Amanuu Ormootaa

Akkuma Nebudnezaar jiraacuu fi humna Waaqayyoo ibseen Daani'el dubbii isaa dhaabe. Hubanoo jiraachuu fi humna Waaqayyoo isa dhugaa qabaachuu fi murteessaa kan ta'e isa Yesus jedhe muuxannoo lammata dhalachuu qabaachuun tokko miti (Yoh. 3:7 ilaali). Dhuguma. Namni Daani'el keessatti mul'ate sun homaa miti, garuu lubbuu geeddaramee dha.

Dani’el 4:30 dubbisi. Rakkoon nama kanaa maalii? Yoh. 15:5, Ho.E. 17:28, Daan. 5:23. Ilaali

Yeroo sanatti,yoo boqonnaan sun achumatti raawwatme iyyuu, karaa ulfaataan yoo ta’es, barumsa argateera,humni dhugaa hundi akka Waaqayyo bira jiruu barateera. Innis mataan isaa kan waa’ee hin baafne ta’uu isaas barateera.

“Mootiin duraan iddoo ol jedhaatti ilaaalamu, amma kan gadi of deebise mucaa Waaqayyoo ta’e. mootii hamaan,gara-jabinaan namoota kan of jalatti bulchaa kan ture, amma mootii ogeessaa fi o’a-qabeessa ta’e. Inni mormituu fi xureessituu maqaa Waaqayyoo ture, amma humna Waaqayyoo isa guddaa amanee fi soda Waaqayyoo fi gammachuu saba of jalatti bulchuu dagaagsuuf hojjechuuf murteeffate. Ifannaa Isaa jalatti eenyutu Mootii moototaa fi Gooftaa gooftotaa ti,Nebukadnezaar yoo xinnaate barumsa moototi hundinuu barachuu qaban barateera, innis guddummaan dhugaa gaarummaa dhugaa keessa akka jiru. Inni Jehovaah akka Waaqayyo jiraataatti amane, kanas akkas jechuun ibse, ‘Ani Nebukadnezaar Mootii waaqaa nan jajadha, olis nan qaba, ulfinas nan kennaaf,kan hojiin isaa, dhugaa hundumtuu, fi murtoon Isaa qajeelaa isa ta’e: fi warra boonuutti(pride) adeeman Inni isaan in qaanessa” —Ellen G. White, *Prophets and Kings*, p. 521.

Daani’el 4: 35 dubbisi. As irrattis, Nebukadnezaar waa’ee Waaqayyoo dhugaa akkamii ibsee?

Daani’el boqonnaan 4 kan xumurame guddina, ulfinaa fi abboo Waaqayyo Isa kan “Ibrootaatti” amanuu ormootaan ture. Taateen kun waldaa duraa keessatti, karaa dhuga-ba’umsa Yesusii fi karaa humna Waaqayyoo isa Ormooti dhugaa waa’ee Waaqayyoo barachuun dhugicha biyya lafaatti labsuu jalqabaniin wal fakkaata.

Yohaannis 3:7 dubbisi. Yaada waa’ee labsii du’aa, waaqeffannaa fi ari’atamuu sammuu qabachuun waa’ee guyyaa raawwataa yaadna, Yesus as irratti maal jedhaa jiraa, hundaa olii fi garasitti, namoota guyyaa xumuraaf qopheessuuf?

Amanamummaa Daani'eel

Daani'ee boqonnaa 6 dubbisi, sana booda gaaffilee fufanii jiran deebisi.

1. Daani'eel 6:4,5 waa'ee amala Daani'eel maal nutti mul'isaa? Akkamitti akka ilaalamuu qabnu irratti barumsa akkamii fudhannaa?

2. Boqonnaa kana keessatti wanti yaada kana waliin deemu, akkuma macaafa mul'ataa keessatti argamutti, wanti guyyaa xumuraa waliin wal qabtu maaltu jiraa? Mul'ata 13:4, 8, 11-17 dubbisi

3. Haala kana keessatti iddoo Daani'eel of kaa'i. Sagaduu diduu isaaf sababa yookaan falmii akkamii dhiheeffachuu qabaa? Qajeelina waan godhe sanaa akkamitti ibsataa? Boolla leencaatti darbatamuu, lubbuu isaasis badiisa oolchuuf?

4. Yoo hagas mara isa hin barbaachisu ta'e iyyuu, Daani'eel akkuma godhaa ture kadhannaa itti fufe, kana gochuu isaaf maal yaadda?

5. (Daani'eel 6:16) keessatti Mootichi, Daariyos maal jedhee, utuu Daani'eel gara boolla leencotaataatti hin darbatamin dura, waa'ee Waaqa Daani'eel waan tokko beekuu isaa maaltu idsaa? Jechoota isaa keessatti Daani'eel waa'ee Waaqayyo isa waaqessuu fi tajaailuu Mootichaaf dhugaa ba'uu isaa maaltu ibsaa?

JIMAATA Ebla 13

Yaada Bal'inaan: “Gara xumura seenaa biyya lafaa kanaatti dhiyaachaa adeemnuun raajiin Daani’eeliin galmaa’ee jiru bara nuyi jiraannu wajjin hidhata waan qabuuf, xiyyeeffannaa addaa nu gaafata. Isaan waliin kan wal qabachuu qabu barsiisaa macaafa xumuraa Kakuu Haaraa ti. Kutaan baarreeffamoota raajii Daani’eel fi Yohaannis Abbaa mul’ataa namootaaf hubatamuu akka hin danda’amne seexanni namootaa hedduu amaanisiiseera. Garuu, wanti abdachiisame ifaa dha, barreeffamoota raajii eebba wajjin miiltoo waan ta’aniif, caaffata raajii dubbisuun fi qorachuun eebba qaba.

Kanaaf kutaa kana kanneen qoratn in eebbifamu jechuu dha. ‘Warri oggeeyyiin garuu hubachuuf jiru’ (Daan.12:10), kan kana dubbatuu waa’ee heertuu Daani’eel isa bara booddeetti hin cufamne sanaa ti; Akkasumas waa’ee mul’ataa isa Kiristoos garbicha Isaa Yohaannisiif kenne jaarrota keessatti saba Waaqayyoo akka ittiin geggeessuuf; kan abdachiisames, ‘namani sagalee raajii kanaa dubbisee fi warri dubbii raajichaa dhaga’anii fi wanta isa keessatti barreeffamee jiruus kanneen eegan, attam haa gammadan.’ Mul’ata 1:3” —*Ellen G. White, Prophets and Kings, p. 547.*

Haala ka’uu fi kufuu sabotaa irraa kaanee yoo kitaaba Daani’eel ilaaluu barbaanne, firdii (Daan. 7:22, 26; 8:14), fi furamuu xumuraa saba Waaqayyoo yeroo rakkinaa keessatti (Daan. 12:1), torban kana keessatti Macaaf Daan’eel dhuunfaatti fakkeenya gaarri muuf kenne, rakkinaa fi ari’atamuu ta’uuf jiruuf of qopheessuun akka nuuf ta’u argineerra. Mii-ra kanaan seenaan kunniin guyyaa xumuraaf kan nu barbaachisan ergaa baay’ee barbaachisaa nuuf dabarsa. Hundaa olitti, hubannoon “mallattoo bineensichaa” fi “yeroo rakkinaa” fi ari’atamuu dhufuuf jiruu, qabaachuun hammam yoo nu gargaare iyyuu, yoo nuyi Waaqayyoon wajjin muuxannoo nu barbaadamu hin qabaanne, hubannoo kun hundi nu hammeessa. Waan hunda caalaa, akka Daani’eel fi warra kaanii, Nebukadnezar dabalatee muxannoo “lammata dhalachuu” nu barbaachisa.

Gaaffiiwwan Maree:

1. Kadhanna Daani'eel boqonnaa 9:3-19 irraa dubbisi. Kadhannaan kun akkamitti Daani'eel hubannaa ayyaanaa qabaachuu isa argisiisa, akkasumas Waaqayyo kan nu jaallatuu fi nu fayyisu ofii Isaatii kaka'unsa ayyaanaan guutummaa Isaa irraa ka'etu, faallaa gochaa fi gaarummaa keenyaa? Dhugaan kun hubannaaf utuu hin ta'in shaakaluuf maaliif baay'ee barbaadamaa ta'e?
2. Rakkoo jara Ibirootaa sadan mudate daree keessatti mari'adhu, (Daan.3) fi Daan. 6) yammuu amantiin isaanii abbootii taayitaa siyaasaan doorsifametti dhaabachuu isaanii ilaalchisee? Seenaan lachuu gidduutti wal fakkina akkamii argitaa? Garaagarummaan jiru maalii? Dhuga-baatota amanamoo ta'uuf seenaa lachuu irraa maal baratnaa?
3. "Iammata dhalachuu" jechuun maal jechuu dha? Kiristoos "olii dhalachuu" qabdu maaliif jedhee (Yohaannis 3:7)?

Yesusii fi Macaafa Mul'ataa

SANBATA WAAREE BOODA

Qu'annoo turban kanaaf kana dubbisi: 1 Qor. 10:1-11, Mul'ata. 12:1-17, 19:11-15, Efe. 1:20, Mul'ata. 11:19, 1:10-18.

Yaadannoo:

Heertuu

Ani ofii kootii mo ee abbaa koo wajjin teessoo isaa irra akkuman taa e, inni mo u anaan wajjin teessoo koo irra akka taa uuf aboo nan ken-naaf (Mul'ataa 3:21).

Kakuu Haaraa ariifatnee yoo dubbifne, dhugaa baay'ee barbaachisaa ta'e argina.: Kunis Kakuu Haaraan kallattiidhaan Kakuu Moofaatti hidhamuu isaa ti. Baroota dhufee darbu hundumaatti Wangeellii fi xalayaan Ergamootaa (epistle) tokkoon tokkoon isaanii gara taateewwan Kakuu Moofaatti kallatti argisiisu yookaan kallattiinis ta'e alkallattiin hundeen isaanii Kakuu Moofaa ta'uu argisiisa. Akkasuma waa'ee ofii Isaa fi taajaajila Isa yammuu dubbatu, Yesus "caaffattoonni" akkamitti akka raawwataman maal jedhee? (*Maatiwoos. 26:54, 56; Maariqoos 14:49; Yohaannis 13:18; 17:12*) ilaali.

Macaafi Mul'ataas kanuma fakkaata. Dhuguma, macaafi Mul'ataa Kakuu Mofaa malee miira kennuu hin danda'u, addumaan kitaaba Daani'elin alatti. Waan nuyi Kitaabota lachuu wal faana qorannuuf kun sababa tokko. Kakuu Moofaa fi macaafi Mul'ataa kanneen biroo waliin Yesusiin mul'isu. Macaafi Mul'ataa hundinuu waa'ee Yesus, waa'ee eenyummaa Isaatii, waa'ee gochaa Inni saba Isaaf godhee fi nuufis guyyaa raawwataati maal akka nuuf godhuuf jiruu ti. Taateewwan guyyaa raawwataa keessatti wanti xiyyeeffatamuu qabu Ysusiin of duraa fi wiirtuu

godhachuun qabachuun baay'ee barbaachisaa dha, hojiin Kitaaba
Mul'ataas kanuma.

JALQABA TORBANII

Ebla 15

Caasaa Mul'ataa

Wantoota hedduu Daani'elii fi Mul'ati gamtaan qaban keessaa kutaa bu'uuraa lama qabaachuu isaanii ti: Isaanis kutaa seenaa fi taateewwan bara raawwataa ti. Yaadni kun lamaan haala hin mul'atnee fi wal xaxaa taa'een macaafota lachuu keessatti walitti hidhamoo dha. Bay'ee xinnoo kan ta'e kuta seenaa yoo ilaallee, haala duree taateewwan biyya lafaa irratti bara raawwataatti ta'an ilaalla ta'a. Kana jechuun seenaa taateewwan Kakuu Moofaa keessatti ta'an qorachuun bara keenyaa fi isaan achitti waa'ee wantoota ta'uuf jiranii hubannoo qabaachuu dandeenya. Haata'u malee, seerri kun Daani;elii fi Mul'ata qofaan kan daangeffame miti.

I Qorontoos 10:1-11 dubbisi. Waa'ee seera isa armaan olitti dubbannee, heertuuwwan kanneen keessatti akkamitti ilaallaa?

Daani'el (3:6, 15,17; fi 6:6-9,21,22) keessatti torban darbe akkuma argine, seenaa naannoo tokkoo keessatti taateewwan bara raawwataa isa Mul'ata keessatti argamu calaqqisiisa. Seenota kanneen qorachuun bara raawwataatti wantoota saba Waaqayyoo mudachuuf jiru irratti hubannoo bal'aa argachuu dandeenya. Wanti guddaan as irratti mirkan-effaannu xumura irratti furama argachuu keenya. Wanta kana irraa hafe, Mul'ati kan barsiisuu, dhugummaa mo'icha amanamaa ti. Darbe darbee kan hin hammatamne yoo jiraate iyuu, kutaan seenaa Macaafa Mul'ataa boqonnaa 1-11 yammuu ta'u, itti fufee kan jiru boqonnoota bara raawwataa 13-22 kan jiranii dha.

Mul'ata 12:1-17 dubbisi. Boqonnaa kana eessa ramadna, kutaa seenaa keesaa moo taateewwan bara raawwataa keessa, maalii?

Akkuma hubatamu, boqonnaan kun kutaa lachuu keessatti argama. Maaliif? Sababiin isaa waa'ee lola waaqa irratti ta'ee, gad darbatamuu seexanaa (Mul'ata 12:7-9), seexanichi Yesus isa mucaa miidhudhaaf ka'uu isaa (12:4) seenaan waldaa akkuma mul'isutti ari'atamuu waldaa (12:14-16), itti fufee bara dhumaatti seexanni waldaa haftuu ari'achuu isaa kan mul'isu (Mul'ata 12:17)

Barumsi nuyi seenaa irraa baratnu seenaa irraa barachuu dadhabuu keenyaa jedhameera. Namooti ittuma fufuun bara jireenya isaanii dogoggora darbe irra deebi'u. Seenaa bal'aa nu dura jiru irraa barachuuf, akkamitti dogoggora wal fakkaatu dhabamsisuu dandeenyaa?

WIIXATA

Ebla 16

Fakkii Yesus

Heertuuwwan armaan gadii dubbisi, Yesusiif maqaa adda addaa kan qaban, Isas kan ibsanii fi maal akka hojjetee fi hojjechaa jiru akkasumas hojjechuuf jiruus. Waa'ee Yesus heertuuwwan kunniin maal nu barsiisuu?

Mul.1:5 _____

Mul.5:8 _____

Mul.19:115 _____

Mul.21:6 _____

Shooraa fi barbaachisummaa Yesus kan ibsan barreeffamoota baay'ee keessaa muraasa qofatu Mul'ata keessatti argama. Dhufaatii Isaa jalqabaa kan argisiisu Inni Hoolicha, Cubbuuttii nu fufuuf ofii Isaa dabarsee aarsaa kan godhee dha. "Isa moofaa raacitii of keessaays baaf-tanii gataa. Bukoo haaraa akka taatanutti raacitii akka of keessaa in qabaaneetti. Kiristoos faasikaan keenya nuuf gorra'ameera'o" (1 Qor. 5:7). Inni Isa "inni jiraatus ana.takkaa illee du'een ture, amma garuu kunoo, baraa hamma bara baraatti jiraachuutin jira; du'a irratti, balbala iddoo warra du'anii banuu irrattis ani gooftummaa qaba" (Mul. 1:18).

Kan du'ee warra du'an keessaa ka'uu Isaaf wabii ifa ta'ee dha. "Isaaniin jedhes akkana akka caafamee, akkanas akka ta'u. Kiristoos akka dhiphatu warra du'an keessaas guyyaa sadaffaatti akka ka'u" (Luqaas 24:46). Akkasumas Mul. 19:11-15 keessatti yammuu gara lafaatti aboo fi ulfinaan, firdiif deebi'u, dhufaatii Isaa Lammataatti shoora Isaa ibsa. "Ilmi namaa ulfina abbaa Isaatiin, ergamootaa Isaa wajjin dhufuuf jira, yammuus adduma addaan akka hojii isaatiitti gatii isaa in ken-naaf" (Maatiwoos 16:27).

Yesusin wiirtuu jiraachuu fi bu'uura filannoo keenyaa godhachuun akka xiyyeeffannaa argatuuf guyyuma guyyaan jireenya, du'uu, du'aa ka'uu fi deebi'ee dhufaatii Yesus irraa akkamitti baratnaa?

KIBXATA

Ebla 17

Dizzaayinii Mana Qulqullummaa Mul'ata Keessatti

Kutaawwan guguddaa lamaan cinatti, caaseffama baqqaana biraa qaba, innis mana qulqullummaa Ibirootaatti nanna'ee (marfamee) isa ijaaramee dha. Dizzaayiniin mana qulqullummaa kun Kutaa guguddaa tokko qofa keessatti daangeffamee hin argamu, gam-lachuu keessatti argama.

Mana qulqullummaa lafa irraa keessatti, baqqanni gara alaatti argamu iddoo aarsaan gubamu itti dhiyaatu fi horiin itti qalamanii dha. Erga horiin qalamanii booda, fannootti kan fakkeeffamu, lubi gara baqqana isa jalqabaatti seena, kunis fakkeenyumma erga Yesus ol ba'ee waaqa irratti godhee dha, Kum immoo isa Yesus baattuu ibsaa gidduu adeemaa ture argisiisa (Mul. 1:13).

Mul'ata 4:1,2 dubiisi. Balballi bananamaan maal bakka bu'aa? Taatee kun eessatti ta'ee? *Akkasuma HoE. 2:33; 5:31; Efe.1:20; Ibir. 10:12, 13; Faarfannaa.110:1; Mul.12:5*
ilaali.

Kiristoos akkuma ol ba'een , iddoo Qulqulluu mana sagadaa isa waaqa irraa karaa balbala banamaa isa jalqabaan seene.Yammuu Kiristoos jalqaba macaafa Mul'ata keessatti mul'ate, mana Qulqullummaa lafa irraa, kutaa isa jalqabaa keessa baattuuwwan ibsaa dura dhaabatee ti (Mul'ata 1:10-19).

Mul'ara 11: 19 dubbisi. Akkuma manni sagdaa waaqa irraa banameen, Yohaannis gabatee kakuu isaa isa mana qulqullummaa lafa irraa kutaa lammaffaa keessa jiru arguun isaa bu'aa maalii qabaa?/(akkasumas Leewwata 16:12-14 ilaali).

Faakkiin gabatee kakuu waaqa irraa iddoo Qulqulluu Qilqullootaa sanaaf, yookkaan kutaa lammaffaa waaqa irraaf ragaa ta'uun isaa wal hin falmisiisu.Macaafa Mul'ataa keessatti tajaajila Yesus isa kutaa lachuu qofa utuu hin ta'in, wanti baahy'ee barbaachisaa fi namatti tolu taateewwan waaqa irraa fi lafaa walitti hidhamoo ta'uu isaanii dha. Qixxe-lamaan adeemsaa seenaa fi akkuma macaafa Mul'ataa keessatti ibsametti wantooti waaqa irratti argaman hundumtuu, guyyaa qophaa'ummaa Waaqayyoo sanaaf namoota qopheessuuf guutummaatti hojjechaa jiru. Waaqaa fi lafti wal bira gahuun dhihoo fakkaata." *Ellen G. White, My Life Today, p. 307.*

ROOBII

Ebla 18

Kiristoos Mul'ata Keessatti: Kutaa 1

Mul'ata keessatti wantooti argaman hundinuu, heertuuwwan irraa kaasee hamma qabiyyeetti akeeki isaanii tokkicha: innis Yesusiin mul'isuu dha. Kanaaf jechooti bantuu kitaabichaa ta'an, akka "Mul'ata Yesus Kiristoos (*Apocalypsis Iesou Christou*). Kun bifa waliigalaan (1)"Mul'ata Yesus Kiristoos biraa dhufe" jedhamee hubatama, yookaan (2)"Mul'ata waa'ee Ysus Kiristoos" jechuu dha (Mul. 1:2). Dhuguma kun yaada isa Mul'ata hubachuun ulfaataa dha jedhu morma. Utuu namooti dubbisan hundinuu hin hubatan ta'ee,Waaqayyo maaliif macaafa Mul'ataa Kitaaba Qulqulluutti dabale ree?

Mul'ata 1:1-8 dubbisi. Heertuuwan kunniin waa'ee Yesus maal nu barsiisuu?

Mul'ata keessatti, Kiristoos 'mootota lafaa kanaas in abbooma" jedhamee ibsamera (Mul.1:5). Macaafa Mul'ataa gara xumuraa keessatti akka "Mootii moototaa" ta'etti ibsameera. (19:16). As irratti oduu gaariin jiru, walakkeessa jeequmsaa fi wallaalchifamu biyya lafaa keessatti, Gooftaa keenya Inni nu jaallatuu fi Fayyisaan keenya xumura isaa akka ta'atu mirkaneeffachuu in dandeenya.

Mul'ata 1:5 keessatti, Kiristoots furee keenya akka ta'ee ragaan ifaa ta'e nuuf kennameera. " inni nu jaallatee, dhiiga Isaa isa nuuf dhangala'een cubbuu keenya irraa nu fure" dhiifama cubbuuf fannoo irraatti du'uu Isaa argisiisa. Qajeelota qofa nu godhe miti, nu qulqulleeses malee (1 Qor. 6:11). Heertota akkasii keessatti waa'ee fayyina keenyaa mirkaneeffachuu dandeenya, sababiin isaa cubbuu keenya kan nuuf dhiqe Yesus ta'uu Isaa nutti mul'isa. Nuyi dhugma ofii keenyaaf kana godhachuu hin dandeenyu.

Mul'ata 1:7 dubbisi. Kun waa'ee Yesus maal nu barsiisaa?

Wiirtuun amantii Kiristaanotaa abdiin " Duumessaan wajjin dhufuu" deebi'ee fhufuu Yesus taateewwn dhufaatii Isaa hundumatti mul'ata, taateewwan al tokkoo fi isa xumuraaf dhiphina, jeequmsa, manca'uu biyya lafaa kanaa, hundi isaanii abdiin barabaraa mirkaneessu.

Mul'ati 1:8 waa'ee Yesus maal nu barsiisaa? Walakkeessa qorumsa kamii, keessatti, heertuuwan kana keessatti abdiin akkamii argachuu dandeenyaa kan nutti tolu?

Kiristoos Mul'ata Keessatti: Kutaa 2

Mul'ata 1:10-18 dubbisi. Achi irratti, Yesus waa'ee ofii Isaa maal jedhee?

Heertuuwwan kanneen keessatti, Yesus mana Qulqullummaa waaqaa irraa kutaa isa jalqabaa keessa dhaabatee argama. Haala kanaan mul'ati waa'ee Isaaf kenname baay'ee guddaa fi sodaachisaa ture. Kanaafis sodaa irraan kan ka'e Yohaannis miilla Isaa jalatti kufee diriire. Yesus, Inni yoom iyyuu namatti tolu Yohaannisiin hin sodaatin jedhe, Ofii Isaasis, Alfaa fi Omeegaa akka ta'e, Isa Duraa fi Isaa Boodaa barabaraan Waaqaa jiraataa akka ta'e Yohaannisitti hime. Gara boodaatti, waa'ee du'uu fi du'aa ka'uu Isaa akkasumas waa'ee abdiid du'aa ka'uun isaa fiduu dubbate. du'aa irratti gooftummaa, fi bantuu balbala iddoo warra du'aniii Yesustu qaba.

As irratti, jecha biroon, waanuma Maartaatti himee ture Yohaannisittis hime, jechoota kanneenis Yohaannis caafee ture: "Du'aa ka'uun, jireenyi ana, namni anatti amanu yoo du'ee iyyuu in jiraata. Utuu jiru kan anatti amanu hundinuu bara baraan hin du'u. Kana amantaa ree?" (Yoh. 11:25,26). Duraan Maartaawajjin, amma immoo Yohaannis wajjin Yesus abdiid du'aa ka'uu nutti argisiisaa jiraa, akkasumas bal'inaa fi xumurri amanti Kiristaanaa abdiid kanaan alatti, abdiid maalii qabaa? Mul'ata 22:7,12,13 dubbisi. heertuuwwan kunniin waa'ee Yesus maal nutti mul'isuu?

"Inni jalqabaa fi booddee, Kiristoos Yesusi (Alfaa fi Omeegaa), Kakuu Moofaa keessatti Uumama Kakuu Haaraa keessatti Mul'ata. Lachuun isaanii iyyuu karaa Kiritoos wal argan' Addaamii fi Waaqayyo abboomamuu Addaam isa lammataan walitti araaraman, Addaam inni lammataa kun Isa qorumsa seexanaa mo'ee fi kufaatii qaaniittii Isa Ad-daamiin furee dha." *Ellen G. White Comments, The SDA Bible Commentary, vol. 6, p. 1092.*

Eyyee, Yesus isa jalqabaa fi isa xumuraa ti. Jalqabatti nu uume, xumura irrattis irra deebi'ee nu uuma.

jalqabaa hamma xumuraatti, waa'ee seenaa qofa uttuu hin ta'in waa'ee taateewwan bara raawwataa nu barsiisa, utuma ta'ee jiru kitaabi Mul'ataa waa'ee mul'ata Yesus Kiristoos nu barsiisa (*Apocalypsis Iesou Christou, the Revelation of Jesus Christ*).

—Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 584.

JIMAATA

Ebla 20

Yaada Bal'inaan: “ Mul'ata keessatti dubbiin Waaqayyoo gadi fageenyaan argam. Geggeessaa Hafuuraan kan barreeffame maqaan “Mul'ataa” yammuu kennamuuf, kunis yaada isa macaaf Mul'ataa cufamaa dha, hubachuufis ulfaataa dha jedhu faallessa. Mul'ata jechuun wanta ifatti ba'ee argame yookaan mul'ate jechuu dha. Iccitii Gooftaan garba isaatti mul'achuu kitaaba kana keessati argama. Iccitiiwwan kun hundinuu warra qoratan hundaaf banaa dha. Dhugaan macaafa Mul'ataa keessatti argamu warra seenaa biyya lafaa gara xumuraa jiraatanii fi warra bara Yohaannis keessa jiraataniif. Dhimmooti raajii kana keessatti kaafaman kan baroota darbanii ti, hammii tokko immoo har'a ta'aa jiru, hammii tokkos lollii guddichi humna dukkanaa fi Mootii waaqaa giddutti ta'u yammuu dhiyaatu kan mul'atan ta'a, amma illee hammii tokko mo'umsaa fi gammachuu warraa fayyanii labsu lafa haaraa tolfante keessatti.” —Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 584.

Heertuuwwan torban kana ilaallee kkeessatti, jalqabaa kaasee hamma xumuuraatti, Mul'ati Yesusin argisiisuu keessatti hammam ga'aa isa jedhuu dha.

Heertuuwwan torban kana ilaallee, jalqabaa kaasee hamma xumuura macaafichaatti, Mul'ati Yesusin argisiisuu keessatti hammam ga'aa isa jedhuu dha. Ragoolee seenaa hunda Kakuu Moofaa keessatti argaman wajjin, macaaf Mul'ataa caalaatti waa'ee Yesus Gooftaa keenyaa barsiisa. Akkasumas Mul'ata 3:14; 5:5,6;7:14; 9:11-16 ilaali Mul'ata keessatti caalaatti heertuuwwan waa'ee Isaa ibsanii dha. Heertuuwwan kun yammuu

walitti fidaman haala baay'ee humna-qabeessa ta'een Yesusiin bakka bu'a. Nuuf hiika maalii qaba, warra hordofoota Isaatti ofiin jetnuuf.

Gaaffiiwwan Maree:

1. Guutumaan Kakuu Haaraa Kakuu Moofaa dhaabbataan wabeeffachuun nuuf hiika maalii qabaa? Wiirtummaan barreeffama qullaa'aa amantii keenyaaf maal ta'ee fi sagalee Waaqayyoo sirriitti akka fudhannuuf maal nutty himaa? Jireenya dhuunffaatti jiraannu keessattis ta'ee jireenya waldaa keessati humna barreeffama Qulqulluu kan laamshessan hundaa fi kamiinuu akkamitti ittisnaa?
2. Guutummaa macaafa Mul'ataa skatta'i, heertuuwwan addumaan waa'ee Yesus ibsan hamma dandeessu walitti qabi. Daree keessatti, heertuuwwan sana guddisii dubbisi. Waa'ee uumama, hojii, humna fi amala Gooftaa keenyaa dabalataan maal nutty himuu? Wantoota heertuuwwan kun mul'isan keessaa waan sitii tole maal argattee?
3. Addunyaa du'aa keessatti abdii du'aa ka'uu sana irraa abdii qabaachuu fi gammachuu argachuu akka dandeenyu akkamitti baratnaa?

Fayyinaa fi Bara Raawwataa

SANBATA WAAREE BOODA

Qorannoo Torban Kanaaf kana dubbisi: *Yoh 14:9; Sefaaniyaa. 3:17; Yoh 11 1:1-3; Rom. 8:38, 39; Faar. 91:15, 16; Mul. 14:6, 7; 12 Efe. 1:4, 5.*

Yaadannoo:

Heertuu

Ani ofii kootii mo ee abbaa koo wajjin teessoo isaa irra akkuman taa e, inni mo u anaan wajjin teessoo koo irra akka taa uuf aboo nan ken-naaf (Mul'ataa 3:21).

Wanti dinqisiisaan garuu murteessaan tokko garaagarummaa Kiristaanummaa fi amantii Kiristaana hin ta'in adda addaa gidduu jiruu dha. Innis barumsa bu'uuressitootaa malee hojii bu'uuressitootaa irratti hin xiyyeeffatan, Sababiin isaa wanti bu'uuressitooti isaanii isaaniif hojjetan isaan oolchuu hin danda'u, Bu'uuressitooti (geggeessitooti) kunneen hundinuu "of oolchuu" namoota barsiisu.

Faallaatti, Kiristaanoti waan Yesus barsiise qofa irratti xiyyeeffatu utuu hin ta'in waan Inni hojjeteeffis iddoo guddaa kennu, sababiin isaa waan Inni hojjete qofatu nu fayyisa. Kiristoos foon namaa uffatee dhufuun Isaa (Roomee 8:3), Fannoo irratti du'uun Isaa (Roomee 5:8), Du'ee du'aa ka'uun Isaa (1 Pheexiroos 1:3), Hojii Inni waaqa irratti hojjetu (Ibiroota 7:25)—gochaalee kanneen qofatu nu fayyisa. Dhugumaan wanta nuyi ofii keenyaa hojjennu miti. "Yoo wantoota gaggaarii, qulqullaa'aa, wantoota beekamoo, jaallatamoo, ija namaa duratti walitti qabne akka lubbuu namaa fayyisuu keessatti qooda hojii fudhatameetti lakkaa'uun ergamoota Waaqayyoo dhiheessinee, akka waan Waaqayyoon ganametti lilaalamee fudhatama dhaba." *Ellen G. White, Faith and Works, p. 24*

Bara raawwataa yeroo gowwomsaan baay'atu keessatti dhugaan din-
qisiisaan kun nuuf baay'ee barbaachisaa dha.

JALQABA TORBANII

Ebla 22

Jaalala Abbaa

Fannifamuu Isaa dura akkaataa namooti karaa Isaa gara Abbaa dhufan
Yesus bartoota Isaatti himee ture. Yeroo sana ture kan Filiphoo, Ye-
susin gaafate, akkas jedhee, “Yaa Gooftaa Abbaa nu argisiisi, kanaa achi
nu ga'a” (Yoh.14:8).

Yohaannis 14:8 irratti Yesus akkamitti Filiphoo siif deebisee? Deebin Isaa
waa'ee Abbaa maal nu barsiisaa? Deebiin Isaa hanqina hubanoo akka-
mii qulqulleessee (ibsee)?

Waaqni Kakuu Moofaa Waaqa Kakuu Haaraan wal bira qabamee yam-
muu ilaalamu Waaqa firdiiti jedhu namooti tokko tokkoo, Waaqi Kakuu
Haaraa araaraan, ayyaanaan, dhiifamaanis guutuu dha. Sararaa hin bar-
baachisne gidduu isaaniitti sararan. Kakuu Moofaas ta'e Kakuu Haaraa
keessatti Waaqayyo tokkichuma, Isuma Kakuu Moofaa keessa jiruutu
Kakuu Haaraa keessas jira.

Gara biyya lafaa dhufuu Kiristoosiif sababi tokko dhugaa Abbaa akka
mul'isuufi. Jaarrota keessatti, waa'ee Kiristoosii fi amala Isaa yaadni
dogoggoraa warra hin amannee fi saba Waaqayyo warra fo'moo gid-
duutti bal'inaan tamsa'ee ture. “Biyyi lafaa waa'ee Waaqayyoo huban-
noo sirrii ta'e dhabuun dukkana keessa turte., Dukkanni akka ifuuf,
biyyi lafaas gara Waaqayyoo akka deebi'uuf humni gowwomsaa seexa-
naa cabuu qaba.” —Ellen G. White, *The Desire of Ages*, p. 22. Isaan
kun sababa dhufaatii Yesus keessaa hamma tokko.

Waaqayyo hin geeddaramu. Yoo sababoota taateewwan Kakuu Moofaa
xiinxalle ilaallee, Waaqayyo Kakuu Moofaa akkuma Waaqayyo Kakuu
Haaraa araaraan guutuu ta'uu Isaa argina. Sagaleen Waaqayyoo akkas
jedha, “Waaqayyo jaalala...” Waaqayyo hin jijjiiramuu. “Yesus Kiristoos
kaleessa Isuma ture, har'as bara baraanis isuma sana.” (Ibroota 13:8).

Fannoo irratti kan fannifame Waaqayyo isuma kakuu Moofaa sana ta'uu Isaa yaadadhus.

Waaqayyo Inni kunis aariitti suuta jedhaa, amanamaa, o'a qabeessa, ayyaanaa fi jaalalaan guutuu dha. (Ba'u. 34:6,7) Jaalalli Waaqayyoo kan bara baraa ti (Faar.143:8), warra Isa hordofaniifis in gammada (147:11). Karoorri Waaqayyoo saba Isaa badhaadhota gochuu fi abdii jireenya bara baraa kennuu dha (Ermiyaas 29:11). Jaalala Isaa keessatti ifachuun hin jiru, faaruudhaan saba Isaa wajjin gammaduu malee (Sefaa.3:17). Kanaa fi kanneen hafan baay'ee dhuguma Waaqayyo Abbaan in jaallaata.

Waa'ee dhugummaa bakka bu'umsa Yesus Waaqayyo Abbaa bakka bu'uu yaadi. Kun maaliif dinqisiisaa fi dhugaa abdachiisaa ta'ee, addumaan warra Waaqayyoon sodaataniif.

WIIXATA

Ebla 23

Jaalala Kiristoos

Seexanni qilee fi bowwaa guddaa sanyii namaa fi Waaqayyoo gidduutti uumuun gargar isaan baaseese, yoo qilee fi hallayyaan sun cufame malee sanyiin namaa aggaammii badiisa barabaraa jalaa hin ba'u. Qilichi gad fagaataa fi balaafamaa dha. Rakkoo seexanni uume furuu fi sanyii namaa isa cubbamaa Waaqayyo Isa qajeelaa fi Qulqulluu wajjin tokkoomsuuf waan gatiin isaa tilmaamaa olii gaafate. Nama tokko Waaqayyo biraa, Isuma akka Waaqayyoo Waaqa ta'e, akka namaa foon uufachuun, nama ta'ee, cubbuu keenyaaf aarsaa of gochuu Isa gaafate. Yohaannis 1:1-3, 14, akkasumas Filiphisiyyuus 2:5-8 dubbisi, Waa'ee Yesus maal nu barsiisuu?

Kiristoos kan baranaraa ti, jiraachuu Isaaf gargaarsa eenyyuu fi waan kamii iyyuu Isa hin barabaachisu. Gara bakkeen yookaan irra keessaan miti Waaqayyummaan Isaa, Inni Ofii Isaa Waaqayyo. Uumamni Isaa Waaqayyo, kan bara baraa tis. Yesus Waaqaamaa Isaa dhiisee, namummaa fudhate nama ta'ee seericha eeguu fi cubbamoota hunda warra seericha cabsan (hunda keenya) bakka bu'uun aarsaa of godhe(Room. 3:23).

Nama irraa bu'aa argachuuf utuu hin ta'in nama ta'ee, Seera Waaqayyoos in eege, Humna Waaqummaa Isaan utuu hin ta'in akkuma nama hundaa humna Waaquma namni kam iyyuu amanatuun.

Yesus guutummaatti Waaqayyoo, guutummaatti nama. Kana jechuun Inni Isa, "dubbii isa humna qabeessaanis waan uume hundumaa in baata" (Ibiroota 1:3), Inii Isuma, "siree horiin keessaa nyaatu" (Luqaas 2:16) irratti argamee dha. Kana jechuun, "Inni wanta hundumaa dura ture; karaa Isaa wanti hundinuu iddoo qabatee in jiraata" (Qolaas. 1:17) Isumatu akka mucaa namaatti dhalate, (... ayyaana argachaa, namummaadhaa fi ogummaatti in guddata ture" (Luqaas 2:52).

Kana jechuun, "... waan ta'e keessaas Isa malee kan ta'e tokko illee hin jiru" (Yoh. 1:3), Inni Isuma, "Isa isin mukatti fanniftanii ajjestan" (Ho.E. 5:30).

Yoo kun hundinuu jaalala Yesus nuuf qabu nutti argisiisa ta'e, jaalalli Yesus nuuf qabuu jaalala Abbaan nuuf qabu mul'isa. Isatti gammaduu fi Isa galateeffachuuf sababa baay'ee qabaachuun keenya dinqisiisaa miti.

Roomee 8:38, 39 dubbisi. Waan Phaawuloos nuun jedhu amanuuf qoranoo keenya har'aaf wanti nuyi dubbisne akkamitti sababa gahaa nuuf ta'aa?

KIBXATA

Ebla 24

Jaalala Hafuuraa

Akkuma Abbaa, Hafuurri Qulqulluun dogoggoraan hubatamaa ture. Hayyooti amantii tokko tokkoo Hafuurri jaalala Abbaa fi ilma gidduu ti jedhanii yaadu. Jechoota biroon, Hafuurri salphaadhumatti jaalala Abbaa fi ilma gidduutti argamuu dha jedhu. Kana jechuun Hafuurri akka hariiroo miseensota lama gidduu, kan Waaqayyo Abaa fi ilma gidduutti ilaalame, Hafuurri Ofii Isaatii akka miseensaatti hin lakkaa'amne.

Garuu, Barreeffami Qulqullaa'aan Hafuurri akka nama tokko (miseensa Waaqayyo Abbaa) akka ta'e in mirkaneessa. Kiristaanonni akkuma Waaqayyo Abbaa fi ilma maqaa Isaan cuuphamu. (Maat.28:19). Hafuurri Kiristoosiin ol qaba(Yoh.16:14). Hafuurri namootatti badii isaanii iaanitti in mul'isa (Yoh.16:8), gochi namaa Isa gaddisiisuu in danda'a.(Efe. 4:30).

Inni o'a qabeessa (14:16), gargaaraa, gorsaa dhas. Inni in barsiisa(12:12),Inni nuuf in kadhata(Room.8:30), in qulqulleesas(1 Pheexiroos 1:2). Akkuma Kiristoos jedhe Hafuurri gara dhugaa hundumaatti nama in geessaa(Yoh. 16:13)

Kanaafuu, Hafuurri Qulqulluun Abbaa fi Ilama wajjin bakka keenya bu'anii hojjetu. "Waaqayyo Abbaa, Ilamaa fi Hafuuria Qulqulluu, Sadan Waaqayyoo sanyii namaaf o'aa fi mararteen sochoofamanii karoorra fayyinaa baasuuf Ofii Isaani kennan." —*Ellen G. White, Counsels on Health, p. 222.*

Mootummaa Waaqayyoo isa bara baraatti nu galchuuf Abbaan Ilmii fi Hafuurri Qulqulluun hojjechaa jiru, sadan Isanii wal qixxee nu jaallatu.

Egaa nuyi, akkamitti isa baay'ee guddaa ta'e fayyina daganna ree? Abbaa, Ilamaa fi Hafuurri Qulqulluun akka nuyi jireenya bara baraa jiraatnuu fi gaarumma keenyaaf waliin hojjechuu isaanii hammam sitti tolaa?

ROOBII

Ebla 25

Mirkaneeffamuu Fayyinaa

Jireenya bara baraa ilaalchisee egeree isaanii beekuu irraa fagoo waan jiraniif fi mirkaneeffannaa waan dhabaniif, Adiventistooti Guyyaa Torbaffaa tokko tokkoo yoo kan fayyan ta'e isaan dinqisiisa. Gaarii ta'anii argamuuf baay'ee hojjetu, garuu hanqina isaanii in beeku. Amna jireenyaa keessatti, keessa isaanii wanti isaan jajjabeessu hin jiru.

Yammuu garaagarummaa guddaa amala Yesusii fi nu gidduu jiru ilaallu, yookaan heertuu, "Karaan gara jirrenyaatti geessu rakkoo dha, karri isaasi dhiphaa dha, namoonni isa argatan muraasa" (Maat. 7:14), yoo kun nuuf ta'e dinqisiifachuuf kan yeroo hin fudhanne eenyuu keenyaa?

Bara xumuraaf qophaawuuf, namoonni waa'ee fayyinaa har'a mirkaneeffachuu qabu. Isa fuula isaanii dura jiru akka hin soodaannef, dhugummaa fayyinaatti gammadanii burraaquu qabu.

Akkuma arginee, jiraatoo kan ta'an namoonni hundinuu, Sadan Tokkummaa Waaqayyoo fayyina keenyaaf hojjechaa jiru. Kanaaf, fiyyinni keenya kan mirkanaa'e ta'uu isaatti qabamnee jiraachuu dandeenya.

Heertuuwwan armaan gadii dubbisi. Fayyinaa fi waan Waqayyo nuuf godhe ilaalchisee abdi, mirkaneeffannaa fi kakuu akkamii argannaa?

Faar.91:15,16 _____

Iyyoo'el2:31,32 _____

Yoh.10:28 _____

Roomee10:913 _____

Yoh.5:1113 _____

Jirrenya qulqullaa'aa akka jiraannuuf waamamne, abboomamnes. Jirreenyi kun bu'aa Kiristoosiin fayyuu keenyaa ti, karaa ittiin fayyina sana argannu miti. Hamma du'aatti, amanamoo ta'uun yoo nu irra jiraate iyyuu, fayyina keenyaaf kenaa(gift) qofa irratti hirkachuu qabna. Guyyoota xumuraatti sabni Waaqayyo amanamoo fi abboomamoo in ta'u, kunis immoo waan Kiristoos isaaniif godhe irraa kan ka'ee dha.

KAMISA

Ebla 26

Wangeela Bara Baraa

Mul'ata 14:6,7 dubbisi. Wangeela bara baraa jechuun maal jechuu dhaa?

Wangeela jechuun kan "bara baraa" ti. Kun caalaatti Waaqayyo hin jijjiiramu isa jedhuun ibsama. Waaqayyo hin jijjiiramne wangeela hin jijjiiramne qaba. Wangeelli bara baraa kun warra isa fudhatan maraaf mirkaneeffannaa kenna. Wangeelli jaalala Waaqayyoo isa hin jijjiiramnee fi ergaa Isaa isa gara biyya lafaa dhaqu qabuu mul'isa. Hundumtuu carraa wangeela dhaga'uu qabu, kanaaf Waaqayyaa saba Isaa waame, akka wangeela tamsaasaniif.

"Inni uumama biyya lafaa dura iyyuu warra qulqullaa'an, warra Isa duratti muda hin qabne akka taanuuf, jaalalaan karaa Kiristoos nu fo'ateera.

Waaqayyo karaa Yesus Kiristoos ilmaan Isaa taanee akka guddifamnuuf, akka fedha Isaa isa gaariitti yaadaan nuuf qabeera” (Efe. 1:4.5). Waa’ee dhugummaa wangeela “ bara baraa” heertuun kun maal nutti himaa?

“Inni uumama biyya lafaa dura iyyuu warra qulqullaa’an, warra Isa duratti mudaa hin qabne akka taanuuf, jaalalaan karaa Kiristoos nu fo’ateera. Waaqayyo karaa Yesus Kiristoos ilmaan Isaa taanee akka guddifamnuuf, akka fedha Isaa isa gaariitti yaadaan nuuf qabeera” (Efe. 1:4.5). Waa’ee dhugummaa wangeela “ bara baraa” heertuun kun maal nutti himaa? Karaa Isaa “uutuu biyyi lafaa hin uumamin dura nu fo’ateera.” kan jedhu waa’ee wangeela bara baraa dubbata. Inumaa iyyuu utuu biyyi lafaa kun hin uumamin dura karoora Waaqayyo nuuf qabu karaa Isaa akka fayyinu ture.

Jechoota armaan gadii ilaali: “kan fo’aman,” “dursee kan murtaa’e,” “gammachuu,” “ guddifachaa.”

“ Karaa Isaa” jireenya bara baraa akka qabaannuuf fedha Waaqayyo nuuf qabu akkaataa heertuuwwan kun lamaan ibsan ilaali. Waaqayyo kan kana godhe baroota bara baraa darban keessaa ti (akkasuma 2 Tasal. 2:13, 2 Tasal. 1:9 ilaali) ayyaana Isaa ibsu, fayyinni keenya kan dhufu hojii nuyi hojjennu irraa miti yookaan hojii uumami kam iyyuu hojjechuu danda’uun akka hin taane mul’isu, garuu, fayyinni keenya walumaa galatti amala jaalala Waaqayyoo irraa dhufa. Uumamuu keenya dura karaa Isaa akka fayyinuuf kan fo’atamne erga taane, akkamitti waan nuyi hojjennu kami-inuu fayyina argachuu dandeenya ree? Fudhachuu yookaan dhiisuun filanoon keenya.

Jireenya warra fo’amanii keessatti filanoon kun akkamitti mul’ata? “ warra Isa duratti mudaa hin qabne. . . jaalalaan karaa Kiristoos. . .” kan qulqullooftan ta’aa.(Efe. 1:4). Kanaafis kan nuyi fo’atamne.

Utuu Kiristoos deebi’ee hin dhufin dura akka qaama ergaa bara raawwa-taatti , “wangeela bara baraa” biyya lafaa irra tamsaasuuf waamamne. Utuu warra kaaniif hin hirin dura dhugummaa “wangeela bara baraa” ofii keenya jireenya keenya keessatti hubachuu fi shaakaluun maaliif nu barbaachisee?

Yaada Bal'inaan: Mirkaneeffannaa fayyinaa qabaachuu dandeenya, garuu ija jabinaan miti. Waa'ee fayyinaa mirkaneeffannaan sobaa jiraa? Eyyee, dhuguma jira. Waa'ee kanaaf Yesus akeekkachiisa kenneera, akkas jedhee, “Jaalala Abbaa Koo Isa waaqaa irra nama hojjetutu mootummaa waaqaatti gala malee, namni ‘Yaa Gooftaa Yaa Gooftaa’ naan jechuu duwwaadhaan itti gala miti, Guyyaa isa dhuma sanatti namoonni baay’een, ‘yaa Gooftaa, yaa Gooftaa’ nuyi maqaa keetiin raajii dubbanneerra, maqaa keetiin hafuurota hamoota baafneerra, hojii aangoos maqaa keetiin baay’ee hojjenneerra miti? Ani immoo yeroo sanatti, matumaa ani isin hin beeku, isin yaa warra hamaa hojjetanii, ija Koo duraa badaa!” (Maat. 7:21-23).

Namoonni kun doggoroota lama balaafamaa godhan: 1. Maqaa Gooftaan yoo wantoota gurguddaa godhani iyyuu, fedha Gooftaa hin raawwanne. Innis immoo seera Isaaf abboomamuu dha. Yesus

Isin warri “cubbuu hin qabne” yookaan isin warri “mudaa malee” yookaan warri “guutuu hin taan.” “ija koo duraa badaa!” hin jenne. Qooda isaa “yaa warra hamaa hojjetanii (lawless) yookaan seera-malee jechuun ibse.

2. Ulfina mataa isaanii fi gochaa isaanii irratti xiyyeeffatu: “maqaa keetiin kana hin goonee ree? Yookkaan kanaa fi kanneen biroo hundumaas maqaa keetiin hin hojjennee ree? Gochaa mataa isaaniiin Waaqayyo duratti qajeelota ta’anii mul’achuuf yalii gochuun isaanii hammam Kiristoos irraa isaan fageessaa? Hojii tokkichi nu fayyisu gochaa Kiristoos nuuf godhe isa karaa amantii nuuf kennamee qofa dha. Mirkaneeffannaan keenya as irratti argama, Ofii keenya yookaan gochuu keenyaan fayyina miti, waan Kiristoos nuuf godheen qofa. Mirkaneeffannaa si barbaachisaa? Seera Waaqayyoof abboomami, gaarummaa qajeelummaa Kiristoositti boqadhu. Mirkaneeffannaa barbaaddu hundumaa in argatta.

Gaaffilee Maree:

1. Wanti Maartiin Luutar jedhe akkasitti gabaasame, “Yammuun gara koo ilaalu, akkamitti akkan fayyu hin beeku. Yammuun gara Yesus ilaalu, akkaataa badiisa koo hin beeku” Jechoota kanneen keessatti ogummaa hammamiitu argamaa? Yaada kana yoom iyyuu fuula keenya dura kaa’achuun maaliif gaarii ta’ee?
2. Uumamuu biyya lafaa dura fayyinaaf kan fo’atamne ta’uu keenya yaada ibasu irratti bal’inaan mari’adhaa. Kana jechuun namni hundinuu in fayya jechuu miti, maaliif? Yoo namoonni kan hin fayyine ta’e. sababii Waaqayyo isaan hin fo’anneefii? Moo sababa filanoo isaanii? Daree keessatti gaaffii kana irratti mari’a dhaa.
3. Addunyaa Abbaa, Ilamaa fi Hafuurri Qulqulluun jaallatan keessatti, seenaan lola isa guddichaa hammina qabatamaatti irratti qabsaa’uuf akkamitti nu gargaaraa?

Barummsa 5ffaa

Ebla 26-Caamsaa 4

Kiristoos Mana Qulqullummaa Isa Waaqa Irraa Keessatti

Qo'annoo Torban Kanaaf Heerttuuwwan Kanneen Dubbiusi; *Roomee. 8:3, Yohaannis 1:29, Mul'ata.5:12, Ibiroota.7:1-28, 9:11-15, Leewwota. 16:13, Ibiroota. 9:20-23.*

Yaadannoo :
Heertuu

“Kanaafis Waaqayyo waan hundumaa irra caalchisee guddaa ol Isa qabe; maqaa isa maqaa kami irra iyyuu caalu kenneeraaf. Kanaanis warri bantii waaqaa keessa jiran, warri lafa irra jiran, warri lafa jala jiranis hundinuu ulfina maqaa Yesusiif jilbeenfatani akka sagadan godhe” (Filiphisiyyuus 2: 9,10).

A kka angafa lubootaatti shoora Yesus mana qulqullummaa waaqaa irratti aqbu Caaffati Qulqullaa'aan, addumaan Kakuu Haaraan sirriitti ibsa. Kiristoos lafa irratti erga aarsaa nuuf ta'e booda, hojii isa waaqa irraatti darbe, (Ibiroota 10:12).

Torban kana tajaajila Kiristoos isa waaqa irraa qoranna. Sabni Waaqayyoo bara raawwataaf qophaa'uu keessatti hojiin araarsummaa Kiristoos baay'ee murteessaa dha. Dhimmi mana qulqi]ullummaa fi galmee murtoo sakkatta'uu saba Waaqayyoon sirriitti hubatamuu qaba. Hundumtuu aboo fi hojii angafummaa luba guddichaa irratti beekumsa qabaachuu qaba. Yoo kanaa achii amantii isa guyyaa xumuraa barbaachisaa sanatti yookaan iddoo Waaqayyo akka isaan keessa jiraataniif karoorseeffitti jiraachuun hin danda'an.” —Ellen G. White, *The Great Controversy*, p. 488.

Mana qulqullummaa isa waaqa irraatti Kiristoos maal nuuf hojjechaa jiraa?, addumaan bara raawwataa keessatti hubannoo kanaa qabaachuun maaliif barbaachisaa ta'ee?

JALQABA TORBANII

Ebla 29

Aarsaa Hundaa Oliy

Amantoota bara raawwataaf qopheessuu fi waa'ee aarsaa hundaa olii Kiristoos nuuf godhe qo'achuun wal gita. Namoonni yeroo heedduu waan of duratti akeekkatan (manii) ilaalu. Garuu, gara manii(goal) isaan boodatti hafees ilaaluun gaarii dha. Waa'ee fannoo haasoofta ta'a. Itti gala (manii) Yesus nuuf raawwate sun boodatti kan hin deebine, isa xumuraa, fi akkasumas mirkaneeffannaa galma fuula keenya dura jiruu tis. Roomee 8:3, 1 Xim. 1:17; 6:16, 1Qorontos 15:53 dubbisi. Waaqayyo maaliif ilma Isaa gara biyya lafaatti ergee?

Foon qabeessa ta'ee cubbuun mormuuf, Waaqayyo Kiristoosiin aarsaa cubbuu haa ta'uuf erge. Kana jechuun maal jechuu dha? Akka bara baraan jiraataa ta'etti Kiristoos du'uu hin danda'u ture. Kanaaf, Gooftaan nama ta'ee, qaama keenya isa du'u fi badu ofii Isaa fudhachuun qooda keenya nuuf du'e. Inni Qulqulluun, yoo uumamaan Waaqayyoo ta'e iyyuu, Yesus gadi of deebisee "faakkaattii namaa" fudhachuun "hammaa du'aatti abboomamaa" ture. (Fili. 2:6-8). Yammuu Kiristoos fannoo irratti ol ba'e, karaa Waaqayyoo qofaan beekamuun Waaqayyummaan Ysus hin duune. Karaa namaaf hubatamuu hin dandeenyeen yeroo ji'a sagal gadameessaa fi yeroo awwaala keessa ture, Waaqayyummaan Yesus gaabiidhaan ture. Kiristoos baroota biyya lafaa irra jiraatee fi tajaajile Waaqayyummaa Isaatti raawwatee hin fayyadamne.

Luqaas 9:22 dubbisi. Du'i kiristoos kan itti yaadame yookaan karooraan ta'uu isaa maal nutti himaa?

Kiristoos haa du'uuf dhalate. Itti ga'ifamuu, reebamuu, dhiphifamuu fi fannifamuu isa gaddisiisaa sana hundaa sakoondiif ille baroota keessatti akka Inni yaadachuu hin dhiifne tilmaamuu dandeenya. Kun jaalala dorgomaa hin qabnee dha, kanaan dura takkaa kan hin argamnee fi guutummaattis kan hin hubatamnee dha.

Nuyi akka namaatti, fuula jaalala akkasii duratti maal gochuu dandeenyaa, kukkufnee waaqeessina amantiif fi abboomamuun? Hojiin namaa kan gatii hin qabne ta'uu isaa dhugummaan fannoo maal nutti himaa?

WIIXATA

Ebla 30

Hoolaa Waaqayyoo

Yohaannis 2:29, Mul. 5:12, 13:8 dubbisi. Fkkeenya akkamii ti heertuuwwan lamaan keessatti kan argamu? Karoorra fayyinaa hubachuu keessatti faayidaan fakkii kanaa maali?

Yohaannis cuuphaa yammuu Yesusiin “Hoolaa Waaqayyoo” jedhee waame, dogoggora malee mana qulqullummaa jechuu isaa ture. Inumaa iyyuu, “Hoolaa Waaqayyoo” jechuun isaa Kiristoos, Isa cubbuu keenyaaf du'e, Isaa fi Isa qofatu aarsaa hoolotaa fi horii biroo lbiroota keessatti aarsaa cubbuuf mana qulqullummaa sirna waaqeffannaa amantiif qalmaaf dhiyaatan hunda hambisuuf kan madaallii safartuu guutuu danda'u Kiristoos qofa.

Dhuguma, Wangeelli afuran waanuma fedhan yoo barsiisan iyyuu, xumura irratti waa'ee shoora Yesus, akka “Hoolaa Waaqayyoo” Isa cubbuu biyya lafaa balleessee dubbatu. Seenaa fi hojii Yesus fayyina keenyaaf hojjete Wangeela qofa keessatti hin dhumu, du'aa fi du'aa ka'uu Isaatti illee. Akka Hoolaa aarsaatti erga hojii Isaa lafa irraa xumuree booda Kiristoos Angafa Luba mana qulqullummaa waaqa irraa ta'uu Isaa jalqabumaa kaasee macaafa lbirootaa keessattis irriitti ibsameera. Fannoo booda yeroo jalqabaaf gochaa kanaan yammuu maqaan Isaa dha'amu (1:3) macaafa kana keessatti boqonnoota fufanii jiran keessatti Yesus akka Angafa Lubaatti ibsameera. Mana qulqullummaa isa waaqa irraa keessatti kan ibsame hojiin Yesus bal'inaa fi guutummaatti kan arggamu lbiroota 7:1-28) keessa ti. lbiroota 7:28 dubbisi.

Barreessaan macaafa Ibirootaa waa'ee Yesus maal jedhaa jiraa?

Yaadni heertuwwan kanneenii gadi fagoo dha, gabbataadhas, ijoo dubbii heertuwwan kanaa , tajaajila biyya lafaa kana irratti, luboota toora Aaroon irraa dhufan Yesus Kiristoos akka caalu ibsa. Amma garuu, akka luba mana qulqullummaa isa biyya lafaa utuu hin ta'in, Angafa Luba mana qulqullummaa isa waaqa irraa keessa kan nuuf hojjetu qabna. Kanaaf , yeroo amma ija keenya Kiristoosi irra keenyu, akka Angafa Lubaa keenyaa mana qulqullummaa waaqa irraatti Isa argina.

KIBXATA

Caamsaa 1

Luba Keenya Isa Angafa

Ibiroota 7:24-27, 8:6 dubbisi. Heertuwwan kun abdi akkamii nuuf qabuu?

Kiristoos dandeettii luboonni biroo qabaachuu hin dandeenye danuu waan qabuuf raawwatee fayyisuu danda'a. Dhiifama cubbuu gochuu kan danda'u, Inni Waaqayyoo dha. Lubummaan Isaa dhaabbataa dha. Baroota Kiristtaana hunda keessatti yeroo hundaa saba Isaaf in kadhata, jaalala Isaa isa ho'aa sanaan, akkuma gaafa dhukkubsattoota fayyisee, seexana ifate sanaatti. Inni nama, cubbuutti bilisa ta'ee dhalate, barabaraanis akkasumatti kan jiraatuu dha.

Ulfaatina ba'aa cubbu sanyii nammaaf bitintiraa kan du'e Kiristoos, cubbu kan hin qabne ture. Mana qulqullummaa isa waaqaa irraa keessatti, akka Waaqayyummaa Isaatti, Isa qofatu cubbamootaaf araara kadhata . Aarsaan Kiristoos baase isa tokkichaa fi isa dhumaa akka ta'e heertuwwan kunis in mul'isu. Aarsaan sun si'a tokko qofa barbaadama, isumatu sanyii namaa ta'ee kan jiraate hunda fayyisuuf ga'aa dha.

Hundaa ol, eenyu ture Inni fannoo irratti isa jedhuuf, aarsaan akkasii kun akkamitti sanyii namaa hunda fayyisuuf ga'aa hin ta'u ree?

Ibiroota 9:11-15 dubbisi. Du'uu Isaatiin, Kiristoos maal nuuf godhe, ammas waaqa irratti maal nuuf godhaa jiraa?

Sagalee, isuma Luqaas 1:68 keessatti argamu Zakkaariyaas Waaqayyo “ saba Isaa furuudhaaf dhufe” jedhee labse. Dhiiga Kiristoos, dhiiga isa qofatu ga’aa dha, akka hoolaa aarsaatti Isa dhiyaate, kan nu fayyise, nu fures dhiiga Kiristoos qofa. Oduu guddaan Wangeelaa, aarsaan Kiristoos baase mataa Isaaf utuu hin ta’in nuu fi warra Isa fudhatan hundumaafis barbaachisaa ta’uu isaa ti.

Yaada kana irratti mari’adhaa. Isa “Kiristoos fayyina barabaraa nuuf keene” jedhu irratti, Kiristoos erga lafa irratti kana nuuf raawwatee booddee, gooda keenya hojii Isaa isa waaqa irraatti ol ba’e. Wanti Kiristoos waaqa irratti hojjechaa jiru abdii akkamii nuuf kenna?

ROOBII Araarsaa Keenyaa

Caamsaa 2

Gargar ba’uun Waaqayyoo fi sanyii namaa gidduutti ta’e baay’ee sodaachisaan sun yoo karaa cubbuu dhufe iyyuu, karaa aarsaa du’a Kairistoos gara Waaqayyootii deebine, walitti fufiinsaanis akka Isa arguu dandeenyutti: Efe 2: 18, 1 phe. 3 :18 ilaali.

“Akka qofoon sibiilaa markaba qabee dhaabu, nuyis abdii amanamaadhaa fi cimaa lubbuun qabatee dhaabatu qabna; inni iddoo hundumaa irra caalaa qulqulluu gara keessaa iyyuu in ga’a. Iddoon sun isa Yesus inni akkuma lubummaa Malkiisedeqitti bara baraan angafa lubootaa ta’ee ., dura adeemee nuuf lixee dha” (Ibiroota 6:19-20). Akka heertuuwwan kanaatti, Yesus maalk nuuf godhee?

Ibiroota 9:24 dubbisi. Waa’ee wantoota hojiin Kiristoos hammachuu qabuu heertuuleen kunniin maala jedhuu?

Iddoo argama Waaqayyootti, mana qaulqullummaa isa waaqa irraatti, bakka Bu’aa keenya nuuf ta’e dura adeemee itti gale. Kana jechuun Kiristoos Abbaa dura dhaabachuun barbaachisummaa qalbii jijjiirranmaa fi Isaan “barabaraan furamuu” kan “arganne” bakka keenya bu’ee hojii araarsuu hojjeta.

Eyyee, yammuu Yesusiin fudhanne cubbuun keenya nuuf dhiifameera, cubbuun kan dhiifamee fi kan qulqulloofne taanee fuula Waaqayyo dura dhaabanne. Erga Kiristaanota taanee booddee, abdi mo'umsaa dinqisiisaan utuma jiru, yeroo tokko tokko cubbuu hojjenna. Yammuu wanti akkasii ta'u, Yesus Angafa Luba keenya ta'ee nuuf kadhata. Hojii araarsuu kanas kan hojjetu warra cubbuu isaanii himatan bakka bu'uun hojjeta, waa'ee hojii keenyaaf nuuf hin araarsu, waan hojjeenees waan hin qabneef. Nu bakka bu'uun, gochaa Ofii Isaa godheef Aabbaa duratti nuuf kadhata. "Kana irraa kan ka'es, Inni yeroo hundumaa isaaniif kadhachuudhaaf waan jiraatuuf, warra karaa Isaa gara Waaqayyootti dhiyaatan hamma dhumaatti fayyisuu in danda'a" (Ibiroota 7:25).

Araaraa fi ayyaanni Kiristoos dhaabbataa dhaan akka isa yookkan isee barbaachisu kan hin beekne lammata dhalachuu Kiristaanaa akkamii tii? Kana jechuun jireenya haaraa Yesusitti yoo qabaanne iyyuu, jijjiirama dinqisiisaan jireenya keenya keessatti yoo argame iyyuu, eenyu jireenya isaa/isee keessatti kan hin hubatne barbaachisummaa walitti fufiinsaan araaraa fi dhiifamaa qabaachuu? Kiristoos Angafa Lubaa ta'uu Isaa beekuun keenya maaliif dhagaa gati-jabeessa ta'ee?

KAMISA

Caamsaa 3

Guyyaa Araaraa

Manni qulqullummaa Ibirootaa inni lafa irraa fakkeenya mana qulqullummaa isa waaqa irraa yammuu ta'u, innis immoo isa Kiristoos akka Angafa Lubaatti ol itti seenee eebbisuun hojii Isa isa waaqa irraa jalqabe sanaa dha. Manni qulqullummaa lafa irraa kutaalee tajaajilaa lamaa fi iddoo sirna qulqulleessuu kan keessatti geggeeffamu yammuu qabaatu, "godoo isa akka gaaddiduu isa waaqa irraati garagalfame keessatti in hojjetu; faakkeenyi godoon sun ittiin hojjetame Museetti argissifamee ture." (Ibirota 8:5).

Sirni ayyaaneffanna mana qulqullummaa lafa irraa kutaalee tajaajila lama of keessatti hammata, isaanis Iddoo Qulqulluu fi Iddoo Qulqulluu Qulqullootaa, bakka Kiristoos waaqa irratti hojjetuu dha. Mana qulqullummaa isa lafaa irraatti, guyyaan firdii mana qulqullummaa keessatti guyyaa araaraan ibsama, kunis akka Leewwota 16 keessatti ibsametti mana sagadaa qulqulleessuun kan raawwatamuu dha.

Kun waggaatti al tokko Angafni Lubaa gara kutaa lammaffaatti, iddoo Qulqulluu Qulqullootaatti lixuu dhaan hojii qulqulleessuu fi araarsuu hojjetuu dha, Leewwota 16:12-14).

Ibiroota 9:20-23 dubbisi. Maaltu calalamuu fi qulqulleeffamuun barbaachisaa? Kun maaliif hojii Guyyaa Araara Kiristoos hojjetu kallattii dhaan argisiisaa?

Manni qulqullummaa waaqa irraa qulqulleeffamuu fi “ taliila’uu “n isa barbaachisa, ibsi jedhu hayyootaan dinqisiifatameera. Haa ta’u malee, erga guyyaan kun akka Guyyaa Araaraatti ta’uun isaa hubatame, rakkiniichi in bada. Akka Ibiroota 9:23 mul’isuttii hojii Kiristoos mana qulqullummaa isa waaqaa irratti hojjetee isa angafi lubaa lafa irratti Guyyaa Araaraa hojjetee mana qulqullummaa Isiraa’elootaa keessatti kan hojjetamu wajjin wal fakkaata.

Hojiin lubichi lafa irratti hojjetee isa Kiristoos waaqa irratti hojjechuuf jiru dursee kan mul’isee ture. Manii qulqullummaa waaqa irraa kan qulqulleeffamu erga Kiristoos ol ba’ee booddee battalumatti kan ta’e miti. Qo’annaan macaafa Daani’eel akka ibsutti, tajaajilli sadarkaa kanaa kan jalqabe bara 1844 ta’uu isaa mul’isaa. Akka kiristaanota guyyaan xumuraa isaan mudachuuf jiruutti, barbaachisummaa yeroo amma keessa jirru hubannaa qabaachaa baroota darban keessattii fi bara amma Iddoo Qulqulluu Qulqullootaatti mirkaneeffannaa waan Kiristoos nuuf hojjechaa jiruutti boqochuu qabna.

Ergaan Ergamaa isa duraa akkas jedha: “yeroon firdii Isaa waan ga’eef, Waaqayyoon sodaadhaa, ulfinas kennaaf! . . .” (Mul. 14:7).

Dhugummaan firdichaa guyyaan xumuraa dhiyoo ta’uu isaa argisiisuu isaa ti. Dhugaan kun akkamitti haala jireenya keenyaa irraan dhiibbaa geessisaa?

JIMAATA

Caamsaa 4

Yaada Bal'inaan:

Macaaf Ibirootaa manni sagadaa lafa irraa akkayyaa (model) Kiristoos lafa irratti akka aarsaa keenyaa fi waaqa irratti immoo akka Angafa Luba keenyaatti waan Inni nuuf godhe argisiisa. Manni sagadaa Isiraa'elootaa yeroo hundaa wangeela barsiisuuf kan dhaabbatee dha. Yihudota waa'ee karoora fayyinaa fi isa keessatti wantoota hammataman akka: aarsaa, araarsummaa, firdii, fi xumura cubbuu barsiisuu qaba ture. Bal'ina hojii bara dhuma Kiristoos waaqa irratti hojjetu dubbistootaaf akka hubatamu haa gargaaruuf macaaf Dani'eel ifa dabalataa kenna, “ Taateewwan gara fuuldiraatti ta'uuf jiran ilaalchisee mul'ati Daani'eel hojiiwwan akka qulleessuu, firdii, saba Isaa mudaa maleeyyii gochuuf, akkasumas Guyyaa Araaraa isa tilmaamaan dubbatamu gara xumura seenaa biyya lafaatti fiduuf kan raajamee dha. Hojiin qulleessuu kallattii dhaan mana qulqullummaa isa waaqa irraa fi hojii Masihichaa akka Mootii fi Lubaatti hojjetu waliin hidhata qaba. Mul'atichi barbaachisummaa yeroo beeksisa, dubbistoonni yeroo adda ba'etti mudaa malee akka argamaniif. Seenaa fayyinaa keessatti, yammuu Masihichi hojii qulleessuu, firdii fi birmaduu isa nxumuraaf waaqa irratti jalqabu teessoo Waaqayyoo isa waaqa irraatti, yeroo kun ta'u beekuun barbaachisaa dha.” *Handbook of Seventh-day Adventist Theology* (Hagerstown, Md.: Review and Herald® Publishing Association, 2000), p. 394

Seenaa fayyinaa keessatti, yammuu Masihichi hojii qulleessuu, firdii fi birmaduu isa xumuraaf waaqa irratti jalqabu teessoo Waaqayyoo isa waaqa irraatti.”

Gaaffiiwwan Maree:

1Waraabbii Ellan G. Waayit irraa fudhatame ilaal, “Cubbuun namootaa kan dur durii yammuu ta’u, karaa amantii, kenaa aarsaa cubbuuf dhiyatu irra kaa’ame, karaa dhiiga kenaa aarsaa kanaa immoo cubbuun mana sagadaa lafa irraatti darbe. Kanaaf Kakuu Haaraa keessatti cubbuun nama cubbuu isaa himatee karaa amantii Kiristoos irra kaa’ame, achii immoo gara mana qulqulluummaa isa waaqa irraatti darbe. Manii sagadaa lafa irraa cubbuun faalamee ture, cubbuu balleessuudhaan qulleessuun akkuma raawwateen, akkasuma manni qulqullummaa waaqa irraa isa dhugaa galmees cubbuu balleessuu dhaan qulleeffama. Garuu utuu kun hin ta’in dura galmeen cubbuu in qoratama, eenyutu karaa cubbuu himachuu fi amantii Kiristoositti qabuun bu’aa Araarri Kiristoos argamsisutti fayyadamaa ta’aa kan jedhuu murteessuuf. — *The Great Controversy, pp. 421, 422.* Kan Iseen dubbatte, wantooti lama maali, eenyu akka fayyadama “bu’aa Araara” Kiristoos ta’u kan mul’isu? Kana irratti hubannoo qabaachuun saba Waaqayyoof maaliif barbaachisee?, addumaan qorumsa bara dhumaa keessatti?

2Leewwota 16:15-16 dubbisi. Barbaachisummaan dhiigaa maalii? Dhiigichi maal bakka bu’aa? Sirna ayyaana Guyyaa Aaraaraa bara durii keessatti dhiigi maaliif murteessaa ta’ee? Har’as hiikaa maalii nuuf qabaa?

“Geeddaramuu” Seerichaa

SANBATA WAREE BOODA

Qo’annoo Torban Kanaaf Heertuwwan Kanneen Dubbiisi: Room. 8:1; 7:15–25; Room. 7:1–14; yoh. 20:19–23; Ho.E. 20:6, 7; Daan. 7:23–25; Mul. 13:1–17.

Yaadannoo :

Heertuu

Isa hundumaa gararraa jiru irratti in dubbata, ayyaana beekamaa, seera Waaqayyoo geeddaruu in yaada; warra isa hundumaa gararraa jiruuf qulqullaa’an in dadhabsiisaa; isaanis bara tokkoof, bara lamaaf, bara walakkaadhaafis harka isaatti in kennamu” (Daani’eel 7:25).

Taateewwan bara dhuma irratti wanti wiirtuu hubanno keenyaa ta’uu qabu gaaffii seera Waaqayyoo ti. Caalaatti ifa godhuuf, ijoon gaaffichaa abboommii arfeessoo dha, Sanbata Guyyaa torbaffaa. Yoo fayyinni karaa amantii qofaan ta’uu beekne iyyuu, akkasuma seera eeguun, Sanbata dabalatee, fayyina fiduu hin danda’u, bara xumuraa keessatti seera Waaqayyoof, Sanbata guyyaa torbaffaa dabalatee abboomamuu yoo beekne iyyuu, mallattoo karaa alaa, bakka argama amanamummaa keenyaa ta’a.

Garaagarummaan kun qixxe-lamaan taateewwan bara dhuma Mul’ata 13 fi 14 keessatti ibsamani keessatti ifatti mul’ata, yammuu dhaabbilee amantii fi humnooti siyaasaa ciccimoon walitti dhufuun tokkummaa uumuun waaqeffannaa sobaa akka waaqeffataniif saba biyya lafaa dirqanitti dha. Kun hundinuu Mul. 14:7 kan mormuu dha, iddoo kanatti sabni Waaqayyoo, “. . . Isa waaqa, lafa, galaana, burqituu bishaanii uumeefis sagadaa!” jedhee isaan waame, kana jechuunis Uumaa qofa waaqessi, kan biraa tokko ille miti.

Torban kana waa'ee seera Waaqayyoo fi, addummaan Sanbataa fi wantooti isa marsanii jiran seericha jijjiiruu yaalaniiru. Kun nuuf hiika maalii qabaa, biyyi lafaa kan irratti xumuramtu?

Jalqaba Torbanii

Caamsaa 6

Abdicha

Macaafa Qulqulluu keessatti kakuu guddaan abdachiifame Roomee 8:1 keessatti argama. Innis akkas jedhaa, “Egaa amma firdeen, warra Kiristoos Yeusitti qabamanii jiraatanitti faradamu tokko illee hin jiru,”

Heeretuun kun akka dhagaa goleetti kan dhiyaatan yammuu ta’u, gudunfaa yaa’a yaada wal qabatee dursee dhufee dha. Waan Phaawuloos dubbachaa jiru, heertuu Roomaa 8:1 dura jiru qo’achuu qofaan abdii fi kakuu isaan keessa jiran hubachuun in danda’ama.

Roomee 7:15-25 dubbisi. Heertuuwwan kana keessatti yaadi ijoo Phaawuloos jedhaa jiruu maalii?, waan inni Roomee 8:1 jedhe kan mirkaneesse?

Kiristaanummaa keessatti, Phaawuloos akka amanaa tokootti waa’ee mataa isaa dubbachaa jira moo miti, kan jedhu irratti falmii guddaan tureera. As irratti wanti tokko ifaa dha: Phaawuloos dhugumatti waa’ee dhugummaa cubbuu dubbataa jira. Eenyu iyyuu, Kiristaanota dabalatee, karaa tokkoon yookaan karaa biraan waan Phaawuloos as irratti dubbachaa jiru irratti qabsaa’utti kan hin jirre eenyuu? Harkisi foonii fi “cubbuu isaan keessa jiruu” kan itti hin dhagaa’amne eenyuu? Waan godhuu hin qabne utuma beekanii akka isaan godhaniif sababa kan ta’u? waan godhuu qaban immoo akka isaan hin goone kan godhu, rakkoon seericha miti, foon keenya malee.

Eenyu, isa moo isee, utuu waan qajeelaa hojjechuuf fedhuu, kan waan qajeelaa hin taane hojjetu? As irratti waa'ee cubbuu jireenya Kiristaanota lammata dhalatani keessatti mul'achuun isaa kan hin oolle, Phaawuloos yoo hin dubbanne ta'e iyyuu, warri Waaqayyoof ab-boomamuu barbaadan kam iyyuu qabsoo irra akka jiran cimsee dubbata.

Kanaaf, Phaawuloos gara heertuu beekamaa kanaatti dhufe: "Ana nama gadadamaa, foon isa gara du'aatti na geessu kana harkaa eenyutu na baasa"? (Roomee 7:24).

Deebii isaa Yesus biraa argama, abdii isa guddicha, warra Yesusitti amananii fi ayyaanaan, hafuuraan walii galanii warri adeeman firidiin isaanitti, "faradamu tokko illee hin jiru." Eyyee, amantoonni in qabsaa'u; eyyee, in qoramus; eyyee, cubbuun qabatamaa dha. Warra Yesusitti amanannitti seerri faradu hin jiru; dhuguma, isaan seeraaf in abboomamu. Kanaaf, isaan hafuura keessa ta'anii adeemuu baranii jiru, akka fedha foonitti miti.

Irra deebi'ii heertuu guyyaa har'aa dubbisi. Karaa kamiin waan Phaawuloos as irratti dubbatau waliin firoomsitaa? Roomee 8:1 maaliif humna abdii dinqisiisaa ta'ee?

WIIXATA

Caamsaa 7

Seerichaa fi Cubbuu

Cubbuun Kiristaanota dabalatee jireenya nama kamii iyyuu keessatti akka argamu qu'annoo keenya kaleessaa Room. 7:15-25 keessatti ilaalleerra. Haa taa malee, Heertuuwwan isaan kana dura jiran keessatti Phaawuloos akkaataa seerri babal'ina cubbuu, isa ajjeesaa ta'e ibsu dubbata. Roomee 7:1-14 dubbisi. Hariiroon seeraa fi cubbuu gidduu jiru maalii? Seerri akka fayyisuu hin dandeenye heertuuwwan kun dabalataan maal nutti himuu?

Waan Phaawuloos as irratti barsiisu keessa tuqaa baay'ee barbaachisoo ta'an lamatu jiru. Tokko, seerri ofii isaatii akka rakkoo hin qabne argisiisa, ". . . seerichi qulqulluu dha. . . qajeelaa, gaarii dhas." Burqaan rakkoo cubbuu isa gara du'aatti geessuu dha. Lama, Seerri cubbuu fi du'a nu oolchuuf humna kan hin qabne ta'uu isaa ti. Seerri rakkina cubbuu fi du'aa ifatti baasa, inumaa seerri rakkoo cubbuu fi du'aa caalaatti ifa baasa malee rakkoo cubbuu fi du'aa furuuf homaa furmaata kennuu hin danda'u.

Nama maqumaaf dubbisutu heertuu kanneenitti fayyadama (kaan hedduu immoo xiyyeeffannoo ala godhe) seerri, jechuun, Abboommii 10nuu haqameera jedhee falmuuf akka mijatuufitti. Sun faallaa tuqaalee Phaawuloosi. Utuu seerri haqameera ta'ee wanti Phaawuloos barreesse namatti hin tolu. Wanti Phaawuloos jedhu kan hojjetu tilmaama yoo seerichi cimee dhaabaatee kan jedhu of keessaa qaba. Sababiin isaa seera kan dhugummaa cubbuu mul'isuu fi barbaachisummaa wangeelaa kan ibsu. "Egaa immoo seerri ofuma isaatii cubbuu dha jenna moo ree? Kun matumaa hin ta'u. Haa ta'u iyyuu malee, utuu seerri hin jiraannee ani cubbuu hin beekun ture; utuu seerri 'waan namaa hin hawwin!' hin jenne ta'ee, hawwun maal akka ta'e hin beekun ture" (Room.7:7).

Roomee 7:13 eeggannoon dubbiisi. Phaawuloos as irratti waa'ee seeraa qofa utuu hin ta'in waa'ee seerri amma iyyuu barbaachisaa ta'uu maal jedhaa jiraa?

Seerichi du'a hin fidu, kan du'a fidu cubbuu dha. Seerri akkaataa cubbuun du'a fidu mul'isa. Seerri waan cubbuu ifatti baasuuf gaarii dha. Garuu cubbuuf deebii hin qabu, wangeela qofatu qaba malee. Qabxiin Phaawuloos akkasi: akka Kiristaanotaatti, akka warra Kiristoosiin fayyanitti, ". . . hafuura isa haaraa keessatti. . ." (Room.7:6) hojjechuu qabna, kana jechuun jireenya Yesusiin wajjin hidhata qabu jiraanna, waan Inni nuuf godhu amanuudhaan, fayyina isa karaa qajeelummaa Isaa argamutti jiraachuudha

Muuxannoon seera eeguu keetii akkamiitti akka ayyaana Waaqayyoo si barbaachisu sitti mul'isee?

Sanbata Irraa Gara Jalqaba Torbaniitti (Dilbataatti)?

Akka Adventistoota Guyyaa torbaffaatti Kiristaanota kan ta'an ob-bolootaa fi obboletota garee amantii biraa keessatti argaman yeroo tokko tokkoo in dhageenya utuu isaan akkas jedhanii: seerri haqameera yookaan seera jala hin jirru, ayyaana jala malee, falmu. Kan isaan dhu-guma jedhaa jiran garuu, haqamuu abboommii arfeessoo jechuu isaanii ti. Baay'onna, garuu, kana jedhaa hin jiran. Qooda kanaa kan isaan jedhaa jiran, ulfina du'aa ka'uu Yesusiif jedhamee Sanbata Guyyaa Torbaffaatu guyyaa Jalqaba Torbaniin (Dilbataan) bakka bu'ee dha.

Heertuu yaada isaanii kana ittiin mirkaneeffatan akka qabanitti amanu.

Heertuun armaan gadii bal'inaan Kakuu Haara keessatti kan argaman yoo ta'u, Kiristaanoti danuun Sanbati Kakuu Moofaa keessatti Guyyaa Torbaffaa irraa gara Jalqaba Torbaniitti Kakuu Haaraa keessatti jijjiiramuu isaa mul'isa jedhani amanu. Kana jechuun: Kakuu Mofaa keessatti- Sanbata Guyyaa Torbaffaa- isa jalqabaa fi dhugaa, Macaafi Qulqulluun kan ragaa qabatamaan mirkkanessu jechuu dha.

Kakuu Haaraa keessatti –Sanbata Jalqaba Torbaniin- isa geeddaramu bu'uura Macaafa Qulqulluu kan hin qabne jechuu dha.

Yohaannis 20:19-23 dubbisi. Bartoonni manicha keessatti walitti qabamuu isaaniif sababa maalii kennaa? Akka namoonni tokko tokko jedhanitti walitti qabamuun isaanii du'aa ka'uu Isaa yoo ayyaaneeffachaa jiru ta'eef, heertuun kun maal jedhaa?

Hojii Ergamootaa 20:6-7 dubbisi. Yoo heertuu kana keessatti haaluma ta'een, Sanbati gara Jalqaba Torbaniitti (Dilbatatti) geeddaramuu isaa mul'isu yoo jiraate, maaltu ta'aa? Hojii Ergamootaa 2: 24 ilaali.

1 Qorontoos 16:1-4 dubbisi. Guyyaa Jalqaba Torbaniitti, dhugaan alatti, horii buusii manatti walitti kuusuun isaanii, waa'ee Sanbati gara sanbata Guddaatti geeddaramuu maal nu barsiisaa? Yaadi heertuu akka "ragaatti" dhiyyate kunooti: Barsiisa Jalqabi Torbanii Sanbata Guyyaa Torbaffaan bakka bu'e isa jedhutti fayyadamuun leellisuu. Sababa ta'eef yeroo gabaabduuf amantoonni(bartooti) waliti qabuun alatti, tajaajila Sanbata Jalqaba Torbanii bakka buufachuun waaqeffannaaf gyyaa jalqaba torbanii walitti qabaman kan jedhu heertuun tokko illee hin jiru. Kun duudha jalqaba torbanii eeguu kiristaanotaa jaarrotaa dheeraa fidanii heertuu keessatti dubbisaa jiru. Kun immoo waan biraa fidanii heertuu keessa galchuu dha, kunis ittiin jalqabuuf waan achi hin jirree dha.

ROOBII

Caamsaa 9

Guyyaa Torbaffaa Kakuu Haaraa Keessatti

Akkuma kaleessa ilaalle, Sanbanni Jalqaba Torbaniin bakka bu'e yaada jedhu leellisuuf heertuu isaan bal'inaan fayyadaman waa'ee jijjiiramuu Sanbataa homaa, waan tokko iyyuu hin jedhu. Dhuguma, Kakuu Haaraa keessatti heertuuleen argisiistuu Sanbataa ta'an, amma iyyuu Sanbati akka Abboommii kudhanan keessaa isa tokkootti eegamee jirachuu isaa mul'isu.

Luqaas 4:14-16; 23:55, 56 dubbisi. Heertuuleen kunniin waa'ee Sanbata Guyyaa Torbaffaa du'a Kiristoos duraa fi booddee maal nutti himuu?

Akkaataa dubartooti Kiristoos waliin turan boqotan yaadadhu, "... gyyaa Sanbataati garuu akka seerri ajajutti in boqotan" (Luq. 23:56).

Ifatti akkuma beekamuu, Abboommichi abboommii afuraffaa dha, isa Sinaatti gabatee dhagaa irratti barreeffame sana. Bara isaanii Yesus waj-

jin qabaatan keessatti wanti isaan Kiristoos irraa baratan kamiinu haa ta'uu waan tokko iyyuu hin jiru, abboommii Waaqayyoo isa abboommii Sanbataa hammatu eeguun alatti. Dhuguma Kiristoos bartoota Isaan akkas jedhee ture, "Isin yoo ana jaallaattan abboommota koo in eegdu" (Yoh.14:15). Abboommiin Isaa, isa Inni mataan Isaa eege, Sanbata Guyya torbaffaa isa of keessatti hammatuu dha. Yoo Jalqabi Torbanii bakka-buusa Sanbataa ta'e, dubartoti sun waa'ee isaa wan tokko iyyuu hin beekan jechuu dha.

Hojii Ergamootaa 13:14, 42:44; Hojii Ergamootaa 16:12, 13 dubbisi. Sanbata Guyyaa Torbaffaa eeguuf heertuuwwan kun sababa maalii kennuu? Guyyaa Jalqaba Torbanii akka sanbataatti eeguuf sababa akkamii kennuu?

Heertuuwwan kanneen keessatti Sanbati gara jalqaba Torbanmiitti geeddarammeera kan jedhu ragaan hin argamne. Qooda kanaa amantooti durii Sanbata Guyyaa Torbaffaa eeguu Yesus wajjin shaakalaa turuu isaanii sirriitti ibsa. Hojii Ergamootaa 16:13 keessatti shaakala adda ta'e argina, sirna waaqeffannaa mana sagadaan alatti ta'e. Amantoonni qarqara lagaatti walitti qabaman. iddoo warri tokko tokkoo kadhannaa itti godhatan. Kana kan godhan Sanbata Guyyaa Torbaffaatti, du'a Kiristoos dura waggoota hedduu dhaa kaasee jechuu dha. Jijjiiramni gara Jalqaba Torbaniitti ta'eera yoo ta'e wanti argisiisu heertuulee kanneen keessa hin jiru.

Waa'ee Sanbata Guyyaa Torbaffaa Karaa hammeessu hin qabne akkamiin warra jalqaba Torbanii eeganitti dhugaa baataa?

KAMISA

Caamsaa 10

Sanbata Jijjiiruuf Yaalii Ta'e

Seerri Waaqayyoo, Abboommii Kudhanan, amma iyyuu hojii irra jira (akkasumas Yaaqoob 2:10-12), seerri sunis Sanbata Guyyaa Torbaffaa ni hammata. Kiristaanoti hedduun, Kitaataba Qulqulluun kan hin deegaramne, Jalqaba Torbanii(dilbata) maalif eegu ree?

Daani'eel 7 waa'ee ka'umsa mootota afurii dubbata; isaanis- Baabiloon, Meedoo-Faaris, Griiki, fi Room, isa afuraffaa fi mootummaa biyya lafaa isa xumuraa tis. Impaayera Roomaa gara boodaa keessatti, gaanfi xinnoon humna qabdu tokko utuu Impaayerichaa keessaa ol ba'uu argameera. Amma iyyuu qaama Impaayera Roomaa ti, sadarkaa gara boodaa. Humnichi waan biraa maal ta'uu danda'aa, bulchiinsa phaaphaasichaa malee, isa kallattiidhaan Roomaa keessaa ba'e. Hamma har'aatti qaama Roommaa ti? Tomaas Hoobbes naannoo bara 1600 akkasitti barreessee ture, " Namni tokko taayitaa Phaaphaasichaa isa jalqabaa(original) yoo qorachuu barbaade, Phaaphaasichi ekeraa mootummaa Roomaa du'eeti malee waan biraa akka hin taane in hubata, innis awwaala irratti kan gonfamuu dha." —Thomas Hobbes, *Leviathan*, (Oxford: Oxford University Press, 1996), p. 4

Daani'eel 7:23-25 dubbisi. Jalqba Torbanii eeguun akkamiiti akka jalqabe hubachuuf heertuuwwan kunniin maal nu barsiisu?

Afaan jalqabaa, Araamaayik, akka lakk.25 irratti mul'iseetti, humni gaanfa xiqqoo sun seera geeddaruu in "yaada." Dhuguma, humna biyya lafaa kan ta'e, dhugmaan seera Waaqayyoo geeddaruu kan danda'u jirraa ree? Seenaa keessatti gadi fageenyi dhugummaa isaatii yoo dimimisaa'e iyyuu, mootummaa Phaaphaas Roomaa keessatti Sanbanni Guyyaa Torbaffaa barsiifata Jalqaba Torbanii eeguun bakka buufame. Barsiifata Jalqaba Torbanii eegu Haara'umsi Pirootestaantii cimsee itti fufsiise, hamma jaarraa 21ffaa ti. Har'a iyyuu, amma iyyuu, danuun Pirootestaantotaa Jalqaba Torbanii(Dilbata) eegu, Sanbata Guyyaa Torbaffaa, isa Macaafi Qulqulluun abbootuu dhiisanii.

Mul'ata 13:1-17 dubbisi. Sana booda immoo Daani'eel 7:1-8, 21, 24, 25 wajjin wal bira qabii ilaali. Taateewwan bara xumuraa hubachuuf fakkii wal fakkaatu heertuuwwan kanneen keessatti dhimma itti ba'uun, maal nu gargaaraa?

Mul'ata 13:1-17 dubbisi. Sana booda immoo Daani'eel 7¹-8, 21, 24, 25 wajjin wal bira qabii ilaali. Taateewwan bara xumuraa hubachuuf fakkii wal fakkaatu heertuuwwan kanneen keessatti dhimma itti ba'amuun, maal nu gargaaraa?

Itti fayyadamni fakkiidhaan ibsuu kallattiidhaan Daani'eel irraa kan fudhatame yammuu ta'u, innis fakkii Phaaphaasichaa gara boodaa sardarkaa dhuma Roomaa, kan hammatu ta'ee, maccaafi Mullataa ari'atamuu bara dhumaa warri aboo qaban macaafa Mul'ataa keessatti kan ibsaman dirqisiisanii akka fedha isaaniitti warra "waaqessuu" didan irratti ta'uuf jiruu argisiisa.

Mullati 14:6,7, addumaan lakk.7, ibsa abboommii afuraffaa (Ba'u. 20:11) irraa fudhate kan calaqqisiisu sun rakkoo waaqeffannaa bara dhumaa keessatti barbaachisummaa Sanbataa akkamitti ibsuuf gargaaraa?

JIMAATA

Caamsaa II

Yaada Bal'inaan: Jawwicha, seexana isa waaqa keessatti, Waaqayyo irratti lola kaasetu (Mul.12:7) lafa irrattis saba Waaqayyoo, "warra Abboommii Waaqayyoo eegan" (Mul.12:17 ; akkasuma 13:2,4)) irratti lola kaase. Dhuguma, bineensichi waan itti sagadamu ta'e (13:4). Kanaaf lola isa seexanni waaqa keessatti Waaqayyo irratti jalqabe sana , lafa irrattis itti fufuu barbaada. Seera Waaqayyoo balleessuun Wiirtuun lola seexanni Waaqayyo irraatti kaasee dha.

"Abboommii afuraffaa keessatti, Waaqayyo akka Uumaa waaqaa fi lafaatti mul'ate, kanaanis waaqolii sobaa hundumaa irraa adda baafame. Hojii uumuu keessatti akka yaadannooti ilaalama, kanaafis guyyaa torbaffaan kan qulqulleeffame, namaaf guyya boqonnaa ta'e. Waaqayyo, Jiraataan, barabaraan sammuu namootaa keessatti akka yaadatamuuf saxaxa (design) tolfame yammuu ta'u, akka burqaa jireenyaa, ulfinaa fi waaqeffannaatti haa yaadatamuuf jedhamee karoofame. Seexanni akka namooti amanannaa isaanii Waaqayyo irraa garagalchaniif yaalii godha, seera Isaaf akka hin abboomamnettis ; kanaafuu, ifaajee isaa hundumaa,

addumaan, Abboommi isa Waaqayyo Uumaa ta'uu Isaa mul'isu bal-
leessuu irraatti xiyyeeffachuun hojjeta," —*Ellen G. White, The Great Con-
troversy, pp. 53, 54.*

Gaaffilee Maree:

1. Rakkoon warra dhugummaa cubbuu dubbachaa seerri Waaqayyoo haqameera jedhanii maalii? Sababa isaan dhiheessan keessaa dogoggora akkamii adda baastaa?
2. Warra Sanbata mormanii Jalqaba Torbanii deeggaruun falman irratti muuxannoon kee maal turee? Falmii keef sababa akkamii dhihessitaa?, fiixaan ba'umsi isaanii woo? Sanbata Guyyaa Torbaffaa eeguun yaalii hojiidhaan fayuu ti jedhamee falmii bal'inaan ta'u keessatti akkamitti deebiistaa?
3. Waa'ee Sanbataa warra kaanitti yammuu dubbannu, akkuma bara dhumaaf qophaa'aa jirrutti, waa'ee rokkoo "mallattoo bineensichaan" wajjin wal qabatee dhufuu, amma garuu kan ta'aa hin jirre, ifa gochuun maaliif barbaachisee?

Maatiwoos 24 fi 25

SANBATA WAARE BOODA

Qo'annoo Torban kanaaf kana Dubbisi: Maat. 24:1-25, Mul. 13: 11-17, Maat. 7:24-27, Luq. 21:20, 2Moot. 23:13, Maat. 25:1-30.

Yaadannoo:

Heertuu

“Masiihonni sobaatii fi raajoonni sobaa ka anii yoo danda ame warra Waaqayyoof fo aman iyyuu akka wallaalchisaniif milikkita gurguddaa fi dinqii baay ee in argisiisu.” (Maat.24:24)

Maatewos 24 fi 25 keessatti Yesus waa'ee xumura baraa fi attamittiin akka qophoofnu dhugoota barbaachisoo mul'ise. Boqonnaan kun lamaan barsiisa kiristo taatewwan xumuraa irratti kennedha. Utuudhuma waan fuula duratti ta'u isa fagoo dubbatuu waa'ee badiisa Yerusaalem isa balaa hamaa saba isaatti dhufus ilaale.

Garuu Kiristos sagalee bartoota isaatti dubbate sana dhaloota itti aanee dhufu, addumaan warra yeroo xumuraa, warra yeroo inni deebi'ee dhufu lafa kana irra jiraatanittis in dubbata. Yesus lamaan isaanii iyyuu haalluu miidhagaa hin dibne. Lolli, oduun lolaa, golfaan, Kiristos sobaa fi ari'annaan carraa adunyaa fi kan waldaa bara xumuraati. Baroota darban keessatti raajiin kun attamitti akka rawwatame yeroo ilaallu nama ajaa'ibsiisa. Kanaaf, wanta raajamee bara keenya keessa hin raawwatamin jiruuf immoo isa amananna.

Garuu Yesus waan dhufuuf jedhu qofaaf nama akeekkachiisee hin dhiifne. Maatewos 25 keessatti fakkeenya inni dubbate yoo sirriitti dhageefatame yeroo “ilmi namaa dhufuuf” waan saba isaa qopheessuudha. Eeyyee, yeroon rakkisaan in dhufa, garuu yeroo inni deebi'ee dhufuu akka isa simataniif inni saba isaa in qopheessa.

Dhugummaa raajii mirkaneessuu

Guyyootaa xumuraa fannoon dura jiran keessatti bartoonni isaa gaara Ejjersaa irratti Yesusii wajjin dubbachaa turan. Yesus manni qulqullummaa in bada jedhee utuu inni dubbatuu dhaga'uu mee yaadi. Yeroo sana waan sammuu isaanii keessa jiru isa sirrii eenyutu beeka, garuu gaaffiin isaan bodaan gaafatan badiisa mana qulqullummaa badiisa "yeroo xumuraa" wajjin wal qabsiisaniiti. (Maat. 24:3).

Maatewo 24:1-25 dubbisi. Waa'ee guyyoota xumuraa ilaalchisee Yesus ergaa maalii hordoftoota isaatiif dabarsa?

Maatewos 24:1-25 Yesus waan hundumaa irra caalaa waa'ee walaalichisa baroota keessatti nama joonjessaa turee fi yeroo xumuraa keessa nama joonjessuu irratti xiyyeeffatee dubbate. Walaalichisa kana keessaa immoo inni takko waa'ee raajoota sobduu fi masiihoota sobduuti. Muraasi Kiristosiin bakka bu'uudhaan (raajota sobaa) dhufu, muraasi immoo ani kiristos jechuudhaan dhufu. Wanti rakkisaan garuu sabni isaan amanuudha.

Wanta gaddisiisaa argineerra garuu isa keessatti immoo sagalee waqayyootu human cimaadhaan mirkana'aa. Seenaa hundumaa keessatti bara kenyas dabalatee "ani Kiristos" jechuudhaan dhufanii kan Walaalichisan turaniiru. Attam raajii dinqiidhaa! Bara nuti keessa jiraannu keessaa jiraachaa seenaa jaarraa dheeraa keessatti dugummaa raajii kanaa mirkaneessuu dandeenya. Rakinoota gara xumuraatti yeroo dhi'annuu walaalchifni kun baay'ataa yoo deeme dinqifachuu hin qabnu.

Amantii kee cimsuuf haala aduunyaan irra jirtu ilaalchisee waan Yesus raaje ilaali. Erga yeroo Kiristosii jalqabee seenaa biyya lafaa yeroo garagaraa keessatti, waan rakkinaa fi boo'icha dhala namaa in bal-

leessa yookiin in xiqqeessa jedhanii abdatan irra amantii isaanii kaaw-wachaa turan. Namoonni sochii siyaasaa yookiin qaroomina yookiin saayinsii irraa abdii guddaa kaa'uudhaan wantoonni kun biyya lafaa irratti waan hundumaa gaarii taasisu jedhanii yaadan. Garuu akka dhuga ba'umsi seenaa addunyaa irra dedeebi'ee mul'isutti abdiin kun kan nama dhukkubsu ta'e argameera. Har'a addunyaan akkuma Yesus in taati jedhe taatii jirti. Sagaleen Kiristos waggoota kuma lamaan fuula dura dubbate abdiin kun gara dogogooratti kan namaa geggeesse ta'uu isaa argisiisa.

Maat.24:25 dubbisi. Wanta amantii keenyatti nu cimsuu danda'u asi irraa maal arganna?

WIXATA

Caamsaa 14

Amma dhumaatti obsuu

Maat.24:9 fi Mul.13:11-17 dubbisi. Wanta Yesus Maatewos keessatti dubbate fi wanta Yohannis hafuuraan geggeeffamee dubbate gidduu wal fakkeenya maaliitu jira?

Waa'ee yeroo xumuraa ilaalchisee Wanti Kiristos dhimmee saba isaatti dubbachaa jiru waa'ee walaalchisa addunyaa isa namoonni baay'een amantii dhugaa akka morman godhuu fi waaqeffannaa sobaa dirqisiisu of keessatti qabata. Warra jabaatanii dhaabataan irratti jibbamuun, dhiphachuun fi duuti isaanitti in dhufa.

Maat.24:13 Dubbisi. Mormii addunyaawaa ta'e keessatti furtoon amanummaa fi fayyinaa maaliidha?

"Falmii xumuraa isa guddaa sana keessaa dhaabbachuu kan danda'an warra sammuu isaanii dhugaa Macaafa Qulqulluutiin cimsan qofaadha." – *The Great Controversy, pp.493,494.*

Himi kun, sammuu isaanii dhugaa Macaafa qulqulluutii kan cimsatan hundumtuu walaalichisa yeroo xumuraatiin hin duguugaman jechuu isaati. Isaan dhugaa yeroo kanaa keessaa dhaabataniiru ,yoo akkas ta'uu baate garuu walaalchifni xumuraa isaan mo'a.

Maat.7:24-27 tti dubbisi. Waaqayyoof amanamaa ta'anii afuuf wanti barbbchisaan kan biraan maal?

Akka Yesu s jedhetti beekumsa dubbii Waaqayyoo qabaachuun barbaachisaa yoo ta'e illee qorumsa nutti dhufu keessa dhaabbachuuf garuu ga'aa miti. Wanta baranne hojiitti jijjiiruu qabna, akkas jechuun akka isa Yesu keessa jiruutti dhugaadhaaf abboomamuu qabna. Fakkeenya armaan olii keessatti ijaartuun lachuu dubbii Yesuusiin dhaga'aniiru. Garaagarummaan isaan gidduu ture amma dhumaatti obsuu fi obsuu dhiisuudha, kunis isa Yesu barsiiseef abboomamuudha.

Inni aboomame dhaabatee inni aboomamuu dide maaliif kufe? Amantii keessa nama dhaabuuf aboomamuun garaagarummaa maalii fida?

Kibxata

Caamsaa 15

“Xuraa’aa Diigamuu”

Kiristi dhimma waa'ee xumuraa dubbate keessatti waa'ee “xuraa’aa diigamuu” (Maat.24:15), isa macaafa Daani'el keessatti fakkeenyaan dubbatamee dubbatee ture (Daan.9:27;11:31;12:11). Wanti Waaqayyoo xuraa'aa jedhee dubbate yeroo seera isaa irra dadarbamu kan akka waaqa tolfamaa waaqessuufaadha (K. Deebii.27:15), yookii walquunamtii saalaa xuraa'aa ta'ee dha (Leww.18:22). Kanaaf, “xuraa’aa Diigamuun” gantummaa amantiiti.

Maat.24:15 fi Luqa.21:20 dubbisi. Heertuwwan kun waa'ee “xuraa’aa Diigamuu” isa Yesu dubbate sirriitti hubachuuf attamitti nu gargaara?

Heertuwwan kun lamaan raajjin Yesus dubbate waa'ee badiisa sodaachisaa DKB waggaa 70 irratti Roomaan isheen Waaqayyoon hin waaqesine magaalaa Yerusaaalem qofa utuu hin taane mana qulqullummaas dabalatee akka balleesite sirriitti ibsu.

Raajjin kun bifa lamaan kan raawwatamu yeroo ta'u fuula durattis taatewwan xumuraa keessattis in raawwatama. "Kiristos fakkeenya Yerusalem keessatti biyya lafaa amanti dhabina fi fincilatti jabaa-chuudhaan gara murtii Waaqayyootti ariifattu arge." *The Great Controversy*, pp.22,23.

Daani'eel 12:11 fi Daani'eel 11:31, keessatti "xuraa'aan diigamuu" kun Roomaa fuula lammaffaa - isa sirni araarsuu fi fayyinaa kan biraan keessatti dhaabbatee waan Kiristos nuuf godhee fi waan inni mana qulqullummaa keessatti amma nuuf gochaa jiru humnaan isa harkaa kan fudhate sirna phaphaasii bakka bu'a.

Daani'eel 8, addumaa lakkoobsa 9-12, seenaa aangoo Roomaa bifa lamaan nuuf kaa'a. Inni jalqabaa gaanfa xxiqqaa isa ariitiidhaan dalga guddate (Daan.8:9), mootummaa Roomaa ishee Waaqayyoon hin waaqessin (pagan Rome) argisiisa. fuulli lammaffaan, (Daan. 8:10-12) gaanfa xiqqaa isa hamma urjoota waaqaa gad arcaasu (saba Waaqayyoo ari'achuu) fi hamma "angafa maccaatti" (kiristosiin) (Daan.8:11) of qixxeessutti ol of qabuudhaan ol qajeelee guddatee dha. Kun immoo sirna phaaphaasii isa mootummaa Roomaa ishee Waaqayyoon hin waaqessine (pagan Rome) ishee kufte keessaa ka'e bakka bu'a. Gaanfi xiqqaan aangoo tokkicha bifa lamaan dhiyaatu kan bakka bu'uuf kanaaf. Murtiin inni Daani'eel 7:9,10, qulleessuun mana qulqullummaa inni Daani'eel 8:14, fi milikkinni inni Maat.24: 29 gidu-seentummaa Waaqayyoo isa guyyoota xumuraa kana bakka argisiisu.

Durboota kurnan

Yesus Maatiwos 24 keessatti waa'ee milikkita dhufa isaatii erga dubbatee booda, Maatiwos 25 keessatti immoo attamittiin sanaaf akka qopha'an dubbate.

Maat.25 1-13 keessatti fakkeenya durboota kurnanii dubbisi. Yesus asi keessatti waa'ee deebi'ee dhufuu isaatiif qophaa'uu ilaalchisee kan nu gargaaru maal dubbate?

Yesus waan iddoo kanatti dubbate waa'ee durboo kudhaniitiin eegale. "Durboota" kan jedhame waara kiristiyaanota ofiin jedhan bakka bu'a. Isaan falmii keessatti garee Seexanaa miti. Isaan mootummaa Waaqayyootti fakkeefamaniiru (Maat.25:1). Gara xumuraatti garuu in rafaan (Maat.25:5). Yeroo inni deebi'utti utuu hin qopha'iin akka hin argamnetti damaqanii akka isa eeganiif Kiristos isaan akeekkachiise ture (Maat 24:42).

Durboonni kurnan hundumti isaanii qodaa ibsaa qabu, dhirsa misirroo simachuufis hunduma isaanitu ba'e, kana jechuun hundumti isaanii fula duratti dufa isaa eeggatu jechuudha. Guyyaafachuu irraa kan ka'e amantoonni kun hundumti isaanii yeroo inni dhufetti in rafaan. Akka tasaa, halka yeroo isaan irribaa ka'an dhirsi misiroo dhufaa jira (Maat.25:1-6).

Durboonni warri gowwoonni waan hin qophoofneef in birratan. Maaliif? Hiiki Macaafa Qulqulluu tokko akkas jedha, "ibsaan keenya dhaamuufi" (Maat.25:8). Hiiki Macaafa Qulqulluu kan biraa jecha Girikii isa "ibsaan keenya dhaamuufi" jedhuu wajjin walsima. Ifa xiqoo dhaamuuf jedhutu jira. Amma illee dhadhaa nuggii xiqqoo qabu, daruu Kiristosii simachuuf isaan qopheessuu hin danda'u.

Egaa rokkoon isaa maali ree? Drboonni kun kiristiyaanota dhufa kiristosiin eegatan garuu immoo shaakala irra keessaa isa wajjin qaban bakka bu'u. Isaan dhadhaa nuggii xiqoo ,hfuura hojii hojjetu xiqqoo jireenya isaanii keessaa qabu, garuu dimimisa'adha; yeroo baay'een isaan barbaachisa turetti waan xiqqootti quufaniiru.

"Hafuurri uumama haaraa nama keessa ka'uudhaaf akka fedha isaatti onnee namaa irratti hojjeta; durboonni kurnan garuu, hojii beekumsa gadi-fagoo hin qabnetti quufan. Waaqayyoon hin beekan. Isaan amala isaa hin qoranne; isaa wajjin hariiroo hin uumne; kanaaf attamitti akka isa abdatan, attamitti gara isaa ilaalanii akka jiraatan hin beekan. Tajaajilli isaan Waaqayyoon tajaajilan fakkeessuudhaafi." - *Ellen G. White, Christ's Object lessons, p.411.*

Akka namoota warra dogoggoran kana anus akka hin dogoggorreef karaa kamiin mataa keenya ilaaluu qabna? Nus haala akkasii keessa yoo jiraanne attamittiin jijjiirra?

KAMISA

Caamsaa 17

Makiliitii keetti fayyadamuu

Maatewos 25:13-30 dubbisi. Deebi'ee dhufuu Kiristosiif nu qopheessuu keessatti kennaan keenya shoora maalii taphata?

Fakkeenyi Yesus bakka kanatti dubbate isa darbe irraa adda yoo ta'e illee lamaan isaa iyyuu waa'ee dhufa isaatiif qophaa'u dubbatu. Lamaan isaa iyyuu waa'ee namoota qopha'anii fi namoota hin qopha'initii. Lamaan isaa iyyuu waa'ee namoota dhiba'uummaa hafuuraatiin barabaraan badanii dubbatu.

Akkuma dhadhaan nuuggii kan durboota kurnanii Hafuura Qulqulluu bakka bu'u, "meetii" (Maat.25:15) makiliitii bakka bu'a, kun immo afaan Giriikiitiin *talanta* jedhama. "Makiliitiin kennawwan hafuuraa fi kennaa uumamaa bakka bu'a." - *The SDA Bible Commentary, vol.5, p.510.*

Fakeenya kana keessatti hojjetoonni isaaa gooftaa isaanii harkaa horii fuudhanii turan. Horiin kun immoo kan gooftaa isaaniti (Maat.25:14), innis akka dandeetti isaaniitti isaanitti kenname “Maat.25:15). kennaan kun amanamummaadhaan isaanitti kenname ,dhugaadhumatti, hojjetoonni kun soortota waan taniif waan isaan hin qabnetu itti gaafatammummadhaan isaanitti kenname. Gooftaan isaanii yeroo dhufe kanaaf “horii isaa isaan irraa lakkaa’ate.” Maat.25:19).

Kennawwan hafuura Hafuura Qulqulluu biraa dhufu (1Qor.12:1-11,28-31; Efe.4:11). Namoota kennaan koo xiqqoodha jedhanii yaadaniif kun oduu gammachiisaadha. Inni kennu utuu hin jiraatin kennaan hin fudhatamu. Kanaaf, kennaa kana kan isaan fudhatan kennaa guddaa isa ta’e Hafuura Qulqulluu fudhachuudhaani.

Kennan kun karaa kiristosiin kan keenya ta’a, garuu qabatamaatti kan keenya kan nuti godhannu Hafuura Qulqulluu fudhachh fi isaaf of kennuu keenya irratti hunda’aa. Fakkeenya kana keessa hojjetaa dogoggoraan utuu bu’aa hin buusin hafetu jira. Inni kennaa isaa hin fooyyesine. Inni wanta ayyaanaan isatti kennameen waa gochuuf yaalii hin goone. Kana irraa kan ka’e Yesus “hojjetaa hamaa dhaa fi dhi-baa’aa”(Maat.25:26) jedhee waama –kun immoo murtii jabaadha.

Yesus fakkeenya kana qabiyyee guyyoota xumuraa fi deebi’ee dhufuu isaa keessatti dubbate. Guyyoota xumuraatiif qophaa’uudhaaf makiliitii keenyatti fayyadamuu ilaalchisee kum maal nu barsiisa?

JIMAATA

Caamsaa II

Yaada Dabalataa: “Namichi inni meetii kuma tokko fudhate garuu,dhaqee boolla qotee meetii gooftaa isaa awwaale.”

Inni kennaa xiqqoo fudhate makiliitii isaa utuu hin fooyyesin hafe. Asi keessaa namoota kennaa xiqqoo fudhachuun isaanii goofta tajaajiluu dhiisuu isaaniif sababa ta’a jedhanii yaadaniif akeekkachiisatu jira. Utuu waan guddaa hojjechuu danda’anii gammachuudhaan raawwatu turan; garuu tajaajila xiqqoo hojjechuu waan danda’aniiif yoo waa gochuu dhiisan illee homaa miti jedhanii yaadu. Akkas gochuun isaanii

dogoggora. Gooftaan kennawwaan kana yeroo hire amala namootaa qoraa jira. Namichi inni makiliitii isaa fooyyefachuu dide hojjetaa hin amanamne ta'uun isaa in mirkanaa'e. Akkuma tokko fuudhee awwaale, utuu shan fuudhees inuma awwaala ture. Makiliitii tokko fuudhee akka malee itti fayyadamuun isaa kenna samii tuffachuu isaa argisiisa.

"Waan baay'ee xinnoo irratti amanamaa kan ta'e ,waan guddaa irrattis amanamaa in ta'a; Luqas 16:10. Faayidaan wantoota xixiqqoo yeroo baay'ee gad xiqqeefamee ilaalama, sababni isaa xiqqoo waan ta'ef; garuu namuusa jireenyaa isa qabatamaa kennu. Dhugaa dhumatti jireenya Kiritiyaanaa keessatti wanti faayidaa hin qabne hin jiru. Faayidaa wantoota xixiqoo gad xiqqeessine yeroo ilaallu amala ofii guddifachuun kan rakkinaan guute ta'a." -Ellen G. White, Christ's Obeject Lesson, p.356.

Gaaffii mare:

1. Lafa irratti wanta gaarii fi guutuutu ta'a yoo namoonni namoonni amanaman jedhanii kan yaadan yaada attamii faatu jira? Yaadi kun kan inni kufaa ta'uuf maaliif?

2. Waan gooftaan dubbateef abboomamuun amantii keenya attamitti cimsa? Amantiin hojii malee du'aa kan ta'eef maaliif (Yaaq.2:26)? Rakkina isa "warra abboomii Waaqayyoo eegan" (Mul.14:12) eegatu ilaalchisee, waan dhufaa jiru kanaaf qophaa'uun amma kan inni barbaachisaa ta'uuf maaliif?

3. Waa'ee durboota kurnanii irra deebi'ii yaadi. Isaanii bakka jireenyaatinis ta'e karaa baay'ee nu wajjin garaagara ta'anii utuu jiranii seenaan isaanii akeekkachiisa kan nuuf ta'uuf maaliif? Akka durboota warra gowwaa kan of gowwomsan akka hin taane attamitti mirkaneefanna?

4. Yoo isaaf danda'ame warra fo'aman in walaalchisa jechuun maal jechuudha? Warra fo'aman kan jedhu attamitti hubanna? (Maat.24:31; Room8:33, Qol.3:12) Walaalchisi kun cimaa ta'uu isaa kun maal nu hubachiisa?

Uumaa Waaqessi

SANBATA WAAREE BOODA

Qu'annoo tarban kanaaf dubbisi: *Mul.14:6,7; Maat.24:14; Gal.3:22; Luq.23:32-43; S.Uum.22:12; Mul.14:8-12.*

Yaadannoo :

Heertuu

Kanaa booddee ergamaan biraa tokko, wangeela isa barabaraa baatee, warra lafa irra ta'anitti, saba hundumaatti, afaan dubbatamu hundumaattis, nama hundumaattis labsuudhaaf bantii waaqaa walkkaa utuu balali'uu nan arge" (*Mul.14:6.*)

A kka kiristiyaanota Adveentistti Guyyaa Torbaffaatti "dhugaa yeroo" (2Phex.1:12) Macaafa Qulqulluutti amanna. Ifa baroota keessatti kennaman gooftaan yeroo barbaachisaa ta'etti ilmaan namootaaf kan baasu ta'uun isaa dhugaa Macaafa Qulqulluuti. Abdiin wangeelaa inni jalqabaa uumama 3:15 irratti maatii keenya warra jalqabaatiif kenname karaa sanyii dubartittii akka dhufu dubbatame. Abdiin inni Abirihaam "saba guddaa, saba jabaas in ta'a; sabni biyya lafaa irraa hundinuu sababii isaatiif in eebbifamu" (Uumama 18:18) jedhu mul'ata abdii wangeelaa isa guutuu ture. Yesus inni "ilmi namaa hojjechiifachuudhaaf hindhufne, namootaaf hojjechuu fi lubbuu isaa furii namoota baay'eetiif kennuuf dhufe malee" (Maar.10:45) jedhe sun dhufuun isaa dhugaadhumatti, mul'achuu dhugaa wangeelaa isa guddaati.

Har'a ergaan ergamoota sadanii inni Mul'ata 14:6-12 jiru saba dhufaatii Yesusi fi rawwatamuu abdii Kiristiyaanoota dura jiraniif "ergaa yeroo" ta'uu isaa in amanna.

Torban kana, addumaan ergaa ergamaa sadaffaa irratti xiyyeefanna, sababni isaa warra rakkina yeroo xumuraa keessa amanamummaadhaan darbuu barbaadaniif dhugaa barbaachisaa of keessatti qabatee jira waan ta'ef.

JALQABA TORBANII

Caamsaa 20

Wangeelli hundumaafi

Mul.14:6, Maat.24:14;28:19 Dubbisi. Heertuwwan kana keessa yaadi walfakkaatu maaltu jira? Gara bakkeetti baanee dhugaa ba'uu akka waldaatti kaayyoo keenya ta'uu isaa nu hubachiisuuf heertuun kun maal nu gargaaru?

Ergaan ergamaa tokkoffaa ergama guddaa (Maat.28:19) guyyoota xumuraa keessatti kennamaniidha jechuun in danda'ama. Dugaadhumatti iyyuu “dhugaa yerooti.”

Heertuwwan sadan kun gara biyya lafaatti ba'anii “saba hundumaatti”, “afaan dubbatamu hundumaatti, nama hundumaatti” dhugaa ba'uu irratti akka xiyyeefatan yaadadhu. Karaa biraatiin ergaan kun bal'ina addunyawwaa ta'e qaba. Namni hundinuu isa dhaga'uu qaba.

Galaatiya 3:22 dubbisi. Addunyaan martuu wangeela dhaga'uun akka barbaachisu hubachuuf heertuun kun maal nu gargaara?

Cubbuun addunyawwaa ta'uun isaa ergamni keenya fi waamichi keenya addunyawwaa ta'uu ibsa. “saba hundumaa, afaan dubbatamu hundumaa fi nama hundumaatu” cubbuu hojjete, seera Waaqayyoo irras dadarbe, “cubbuu jalattis hidhame.” Kufaatiin Addaam inni jannata keessaa nama hundumaa miidhe; sabni yookiin qomoon yookiin namni qulluun hin jiru. Hundumtii keenya firii cubbuu batalumatti arganna,

yoo daawwaan nuuf kennamuu dha baate immoo gatii cubbuu isa xumuraa (du'a barabaraa) argachuun keeny in oolu.

Daawwaan kun kennameera: innis karaa jireenya,du'a,du'aa ka'uu fi tajaajila Yesus mana qulqullummaa samii keessaa rakkoon cubbuu furmaata argateera.Namni hundumtuu abdi guddaa Waaqayyo karaa Yesusiin kenne beekuu qabu. Waldaan Adiveentistii Guyyaa Torbaffaa addunyaa keessa adeemuudhaan ergaa waa'ee Yesusiin kan namaaf dhiyesitu sababa kanaafi.

Ergaa wangeelaa tatamsaasuun warra kana gochaa jiran hafuuratti kan gargaaruuf maaliif? Namoota kan biraa bira ga'uun karaa ittiin dhufaati Yesusiif qopha'an isa filatamaa kan inni ta'uuf maaliif?

Wixata

Caamsaa 21

“Wangeela Barabaraa”

Mul.14:6,keessatti wangeelli addunyaatti lallabamuu qabu “wangeela barabaraati.” Kun namoota addunyaa irra jiraniif ergaa abdiiti, kanaan ala abdiin hin jiru.

Luqas 23:32-43 dubbisi. Seenaan kun cubbamaa hundumaaf abdi wangeela barabaraa isa guddaa attamitti mul'isa?

E. Waayiti waa'ee hattuu kana yeroo barreessitu, yoo yakkamaa garjabeessa ta'uu dha baate illee, Yesusiin amanee fudhachuu utuma barbaaduu hanga yakkaan qabamuu ga'uu fi yakki isaa qoratamee irratti mirkanaa'uudhaan fannoodhaan hanga du'uutti murtii fudhachuuf suuta suuta kiyoo cubbuu isa gad fagoo keessa seene” jette.-Ellen G.White, The Desire of Ages, p.749.

Haa ta'u malee maaltu ta'e? Akkuma fannoo irratti fannifameen Yesus eeynu akka ta'e ifa argatee, “Yaa Yesus, mootummaa keetiin yommuu dhufu na yaadadhu!” jedhee iyye.(Luqa.23:42)

Yesus attamitti deebiseef? Haa ta'u, yaa michuu koo, ani si gargaaruu nan jaalladha, garuu ati cubbuu isa gad fagoo keessa seenuudhaan na amantee fudhachuu hin dandeenye ittiin jedhee? "Ani isinittan hima, qajeelummaan keessan qajeelummaa warra barsiisota seeraatii fi fariisoota irra guddaa yoo caaluu dha baate, mootummaa waaqaatti gonkumaa hin galtan" (Maat.5:20) isa jedhu lallaba isaa yeroo darbee dubbiseeraa? Yesus dogoggorra hattuu kanaa isa durii as fiddee dubbatee turee?

Lakki. Qooda kanaa Yesus gara yakkamaa kanaa, gara hattuu isa mudaa isaa wajjin jiruu fi daandii qajeelaa irra adeemee hin beekne, isa duraan isa arrabsaa tureetti (Maat.27:44) garagalee. Yesus akka nama haaraatti isa ilaalee, amma sittan hima, amma siifan mirkaneessa, cubbuun kee, yakki kee, mudaan kee, siif dhiifameera, "ati anaa wajjin jannata kees-satti in argamta" ittiin jedhe.

Bu'uuraa ergaa ergamaa tokkoffaa inni ta'e "wangeelli barabaraa" kannaadha. Barsifni keenya, waa'een sanbataa, waa'een seeraa fi waa'een haala warra du'anii dhugaa kanaan alatti homaa miti. Wangeela barabaraa isa onnee barumsa kanaa ta'een alatti barumsi kun gaarummaa maalii qaba?

KIBXATA

Caamsaa 22

Waaqayyoon sodaadhaa; ulfinas kennaafii

Ergaan ergamaa tokkoffaa waa'ee "wangeela barabaraa" addunyaatti lallabamuu erga dubbatee booda ergaa kana irratti xiyyefata. Yeroo wangeela barabaraa lallabnu dhugaa qaama wangeela kanaa ta'e ergaa yeroo itti dabaluu qabna. Jecha biraatiin, "ergaa yeroo" kan guyyoota xumuraa Mul.14:7 dabalata jechuudha.

Mul'ata 14:7 Dubbisi. Waaqayyoon sodaadhaa; ulfinas kennaafii jechuun maal jechuudha? Attamittiin sana gochuu dandeenya? Kun qabiyyee wangeelaa wajjin attamittiin waliigala?

Waaqayyoon sodaadhaa, ulfinas kennaaf kan jedhu qabiyyee walitti dhufuu hin dandeenye miti. Akka Macaafni Qulqulluun jedhutti dhugaatti Waaqayyoon in sodaanna yoo ta'e, isaaf ulfina kennina. Inni tokko gara isa kaaniitti geggeessuu qaba.

Heertuwaan armaan gadii dubbisi. Waaqayyoon sodaachuu jechuun maal jechuu akka ta'ee fi isaaf ulfina kennuu wajjin attamittiin akka walitti dhufu hubachuuf attamittiin nu gargaaru? Uuma.22:12; S.Ba'uu20:20; IYOObI:9; Lall.12:13; Maat.5:16.

Heertuwaan armaan olii keessatti yaadni Waaqayyoon sodaadhaa jedhu isaaf abboomamuu wajjin walitti hidhamee jira, yeroo waan sirrii hojjechuudhaan isaaf abboomamnu immoo isaaf ulfina kennina. Yeroo baay'ee, Waaqayyoon sodaachuun isa kabajuu fi ulfeessuu dha yoo jedhame illee, kana caalaa gad fagoodha. Waaqayyoon sodaachuu akka qabnu nutti himameera. Nuyi namoota kufneedha. Cubbamootas. Duuti kan nuuf maluudha. Amminni hojii isaatii kan isa hin quunnaminii fi hojii isaatiif immoo harka Waaqayyoo isa qajeelaa keessaa kan isaaf ta'u kan argate eenyutu jira? Kun Waaqayyoon sodaachuu dha. Sodaa dhii-famaaf gara fannooti nu butu fi amminatti kan nu qulleessu human Waaqayyoo kan nu argachiisuudh, fannoodhaan yoo ta'uu dha baate lubbuu keenya nu dhabsiisa. Maat.10:28

Waa'ee soda Waaqayyoo muuxannoon ati qabdu attam ture? Sodaan gaariin akka hafuuraa fi amantii keenyaatti dhimminee qabachuuf attamittiin nu gargaaruuf gaarii ta'a?

ROOBII

Caamsaa 23

Yeroon firdii isaa ga'eera.

Ergaa ergamaa tokkoffaa keessatti Waaqayyoon sodaachuu fi ulfina isaaf kennuun firdii wajjin wal qabatee jira (Mul.14:7). Macaafni Qulqulluun barumsa kamiin iyyuu ilaalchisee ifaa erga ta'e, Waaqayyoo waaqa firdii qajeelaa ta'uun isaa ifaa dha. Firdii fi qajeelummaan lafa kana irra hin jirre guyyaa tokko in dhufa. Namoonni Waaqayyoon sodaachuu waan fedhaniif hin dinqifatin.

“Wangeelli barabaraa” waa’ee firdii kan dabalatuuf kanaaf. Hariiroon kana lamaan gidduu jiru maalii dha? Wangeela jechuun “oduu gammachiisaa” jechuudha erga ta’e, nuyi cubbamoota seera Waaqayyo cabsan yoo taane illee guyyaan firdii gaafa ga’u akkuma hattuu isa fannoo irra ture sanaa adaba cubbuu fi seera cabsuu keenyaa hin fudhannu jechuudha.

Heertuwwan armaan gadii dubbisiiti gaarummaa hojii kootiin attamitan dhaabbachuu danda’a? jedhii of gaafadhu. Maat.12:36, Lall.12:14, Room.2:6: 1Qor.4:5.

Waaqayyo isa rifeensa mataa keenyaa beekutu addunyaatti farada. Garuu “wangeelli barabaraa” oduu gammachiisaa kan inni ta’eef kanaaf. Firdiin in dhufa, garuu warra amanamoota maqaa gooftaa Yesusiin dhiqatanii, qajeeltota fi qulqulloota ta’an (1Qor.6:11) irra “firdiin hin jiru” sababni isaa Kiristos qajeelummaa isaaniiti, qajeelummaan isaa immoo firdii keessa isaan dabarsa.

Namni ofi isaatiin himata kana dura dhaabbachuu hin danda’u. Uffata dhiigaan dibame, yakka isaa himachuudhaan fuula Waaqayyoo dura dhaabbachuu danda’a. Garuu, Yesu abuukkaattoon keenya warra qalbii jijjiirannaadhaa fi amantiidhaan lubbuu isaanii isatti kennatan bakka bu’ee isaaniif kadhata. Isaaniif kadhachuudhaa human Qaraaniyyootiin isa isaan ammeessu injifata. Amma du’a fannootti seera Waaqayyootiif abboomamuudhaan waaqarra fi lafa irratti aboon isaaf kenname, nama cubbamaadhaaf abbaa isaa araara kadhachuufis mirga argate.” Ellen G. White, 5T, P.471.

Firdiin qabatamaa ta’uun isaa dhiifamni guutummaatti akka nu barbaachisu maal nu barsiisa? Diifama fi ayyaana Waaqayyo karaa Yesusiin nuuf kenne namoota nu miidhan fi attamitti kennuu barra?

Isa waaqa fi lafa uumeef sagadaa

Mul'ata 14:6,7 irra deebi'ii dubbisi.Guutummaa ergaa ergamaa tokkoffaa keessa qabxiin jiru maalfa'l,walitti dhufeenya maalii qabus?

Wngeela keessatti , waamichi biyya lafaatti dhugaa ba'uuf fi waamichi Waaqayyoon sodaatanii ulfina isaaf kennuu gara waamicha Waaqayyoon akka uumaatti waaqessuutti geessa. Kun immoo dinqii miti. "Dhugaan yeroo" warri akka wangeela barabaraa, waamicha dhuga ba'umsaa , firdiin Waaqayyo isa uumaa irraa adda ba'anii hiika maalii qabu? Dhugoonni kuni fi dhugaan kan biroon hundumtuu bu'uura dhugaa isa gooftaan uumaa waan hundumaa ta'uu isaa dubbatu irraa maddu. Yeroo Waaqayyoon akka uumaatti waaqessinu gara bu'uura dhufna>Nama ta'uu fi uumama kan biro irraa adda ba'anii bifa Waaqayyootti uumamuu jechuun maal jechuu akka ta'e bu'uura isaa arganna.Waaqayyoon akka uumaatti waaqeessuudhaan jireenyaaf isa irratti hirkachuu fi fuula duratti abdii isa godhachuu barra.Sanbata Guyyaa torbaffaa eeguun kanaaf barbaachisaa ta'e.Inni Waaqayyo qofaan uumaa ta'uu isaa fi isa qofaa waaqessuun akka nu irra jiru nu hubachiisa. Wangeela fi firdiitti aanee waamichi akka uumaatti gooftaa waaqessu iddoo ol'aanaa qaba.

Mul'ata 14:8-11 Dubbisi.Faayidaa Waaqayyoon akka uumaatti waaqessuun qabu hubachuuf heertuun kun maal nu gargaara?

Taatewwan xumuraa keessatti uumaa waaqessuu irra caalaa bineenisicha fi bifa fakkeenya isaaf sagaduun addunyaa mara irratti mul'ata. Akeekkachiisa sodaachisaa warra bineenisicha fi bifa fakkeenya isaaf sagadaniitti kenname yeroo ilaallu Waaqayyo isa waaqefannaan isaaf maluu akka uumaatti waaqessuun ammam xiyyeefatamuu akka qabu hubanna. Rakkoo yeroo xumuraa keessatti ,dugaan kun yeroo kam irra caalaa barbaachisaa ta'a.

Dinqii addunyaa uumame kanaa yeroo fudhadhuu ilaali. Waa'ee Uumaa isa waaqeffannaan isa qofaaf maluu maal nu barsiisu?

JIMAATA

Caamsaa25

Yaada Dabalataa: Waamicha Mul'ata 14:7 “ isa waaqa, l afa, galaana, burqituu bishaanii uumeefis sagadaa” jedhu fi abboommii afuraffaa isa Ba'uu 20:11, isa “Waaqayyo guyyaa ja'a keessatti bantii waaqa fi lafa, galaana, wanta isaan keessa jiru hundumaas uume” jedhu wajjin walitti dhufeenyi akka jiru qorattoonni Macaafa Qulqulluu hubataniiru. Jechaan kan wal fakkaatan yoo ta'e illee jecha isa Mul'ata keessatti “goofata isa burqituu bishaanii uume” jedhuu wajjin garaagarummaan jira.

Barreessan Joon Baldiwiin jedhamu akkas jedha: “Jecha Waaqayyoo isa “burqituu bishaanii” jedhu fi wantoota Ba'uu 20:11 irratti caqafaman gidduu wal fakkeenya jiru kan gargar kutu Yesus maaliif erge? Ergamaan kun “burqituu bishaanii” caqasee wantoota uumaman kan biro warra akka mukeetii. simbiroota, Qurxummii fi Tulloota kan inni dhiiseef maaliif?

Tarii jechi “burqituu bishaanii” jedhu waa'ee yeroo firdii Waaqayyoo isa adda ta'e sana yeroo ibsu yaada dubbistootaa gara firdii Waaqayyoo isa duraatti deebisuu barbaadeeti....Waaqayyo waa'ee “burqituu bishaanii” bishaan badiisaa wajjin wal qabsiisee yeroo dubbatu tarii Waaqa firdii, waaqa amanamaa fi araarri isaa kan barabaraa ta'uu isaa dubbachuu yaadeeti. Erga akkas ta'e, bishaan badiisaa inni jecha “burqituu bishaanii” jedhuun kan inni ibsameef, firdii Waaqayyoo isa Mul'ata 14 keessatti ergaa ergamaa tokkoffaatiin ibsame, taatewwan xumuraa keessatti raawwatamuuf jiru dubbistoonni akka hubataniif jajjabeessuudhaaf.— John Baldwin, ed., *Creation, Catastrophe, and Calvary: Why a Global Flood Is Vital to the Doctrine of Atonement* (Hagerstown, 16 Md.: Review and Herald® Publishing Association, 2000), p.27.

Gaaffilee mare:

1. Isaayaas 53:6 dubbisi. “Nuyi hundumti keenya akka hoolotaa karaa irraa bannee turre”. Jechi Ibrootaa hundumti keenya jedhu cullanu jedhama. Isaayaas heertuu dhuma kana keessatti Waaqayyo garuu “yakka hunduma keenyaa” isa irra in kaa’e jedha. Asi irratti hunduma keenya kan jedhus cullanu jedhama. Rakkoon cubbuu ammam yoo guddate illee furmaati isaa immoo irraa hafaa ta’uu isaa kun maal nu argisiisa?

2. Waa’ee hattuu isa fannoo irratti du’e irraa barumsa kan biro maal barra? Hattuun sun araara argatee fannoo irraa gad bu’ee akka waan jiraateetti fudhadhu. Jireenya adda ta’e attamii jiraata jettee yaadda? Deebiin gaaffii kanaa waa’ee human Kiristos isa jireenya keenya jijjiiruu maal nutti hima?

Gowomsaa yeroo xumuraa

SANBATA WAAREE BOODA

Qu’annoo turban kanaaf dubbisi. *Mul.2:13,24;2Qor.11:13-15; Faar146:4;Uum.1-2:3;Mul.13:1-17.*

Yaadannoo :

Heertuu

“Bineensi guddichi akka jawwee sun,bofni bara durii,inni Diiyaabilos, seexanas jedhame,inni guutummaa biyya lafaa wal laalchisu gara biyya lafaatti in darbatame; ergamoonni isaas isa wajjin gad in darbata-man.” (Mul.12:9).

Sexanni utuu hin darbatamin fuula dura samii keessatti illee ergamoota gowomsuuf hojjeteera. Lusfeeri fuula Waaqayyoo duraa iddoo isaaf kenname dhiisee hafuura isaa isa naga’aa hin jenne sana ergamoota gidduutti tatamsaasuu dhaqe. Kaayyoo isaa isa sirrii haguuggii Waaqayyoon kabajuu jala dhoksuudhaan seerri inni mootummaa waaqaa to’atu kun daangaa hin barbaachifneedha jedhee itti quufuu dhiisuu isaa isaaniin qabsiisuudhaaf iccitiidhaan hojjete.”-Ellen G. White, *The Great Controversy*, p.495.

Eeden keessatti akka bofaatti ofii isaa dhoksee Hewwaaniin gowomse.Seena baroota hundumaa jalqabee hanga har’atti, waggaa kuma booda illee taanaan (Mul.20:8) hanga xumurri isaa ga’uutti inuma wal-laalchisa.

Carraa gadhee ta’ee, inni hunduma keenya irra caalaa abshaala, human qabeessa, ogeessa, gowoomsaa isaa irraa akka nu eeguuf Yesu fi sagalee isaatti maxxanuun kanaaf nu barbaachise. “Isin warri Waaqayyo gooftaa keessanitti jabaattanii dhaabattan hundinuu garuu ,hamma har’aatti jirtu.” (K.Deebii 4:4)

Qajeelfamni asitti dubbatame,har'as jabaatee jira.
Torban kana gowoomsaa Diiyaabilos fi attamittiin isa irraa akka eegam-
nu ilaalla.

JALQABA TORBANII

Caamsaa27

Gowoomsaa Guddaa

Barumsi tokkoffaan nuusa kanaa waa'ee "falmii guddaa" isa carraa
gadhee ta'ee addunyaa biro irra darbee gara addunyaa keenyaa dhufe
dubbata.

Rakkoon isaa namoonni baay'een, kiristiyaanota dabalatee, falmii
guddaatti hin amanani,sababni isaa immoo jiraachuu seexanaa waan hin
amanneef. Heertuun Macaafa Qulqulluu waa'ee Seexanni yookiin
Diiyaabilos ammuna fi rakkina gara addunyaatti akka fidu dursee Isaan-
itti dubbateera. Namoota baay'eedhaaf humni uumamaa olii inni il-
maan namootaa irratt waan gadhee hojjechuuf karoorsu jiraachuun isaa
akka asoosama Darth Vader isa "lola urjootaa" wajjin walfakkaatuti.

**Heertuwwan armaan gadii Macaafa Mul'ata keessaa dubbisi.Isaan
waa'ee jiraachuu Seexanaa, addumaan immoo taatewwan guyyoota xu-
muraa keessatti shoora inni taphatu ilaalchisee maal nutty himu?**

Mul.2:13,24;12:3,7-9,12,17;13:2;20:2,7,10.

Macaafni Mul'ataa Seexanni guyyoota xumuraa kana keessa namoota
jiraattota addunyaa kanaa fayyina irraa isaan faggeessuuf qofa utuu
hin taane warra Yesusiif amanaman ari'achuuf human inni qabu nutti
argisiisa.

"Gowoomsaa" Seexanaa hunda beekna (2Qor.2:11) isa jedhu keessatti
"sammuu" kan jedhuuf hiiki afaan Giriikii noemata kan jedhu yeroo ta'u-
tarii gowoomsaan isaa inni guddaan akka Seexanni hin jirre namoota
amansiisuudha. Hunduma irra caalaa diina jiraachuu isaa hin amanne
tokko jalaa ooluuf eenyutu da'oo barbaada?Namoonni kiristiyaana ofiin
jedhan baay'een isaanii Seexanni jiraachuu isaa amanu diduun isaanii
dinqiidha.Ejjennoo akkasii kan isaan fudhatan heertuu sagalee
Waaqayyoo keessaa hojii isaa yeroo xumuraa kana saaxilu tuffachuu

yookiin bu'uurumaan hiika isaa jijjiirudhaanii. Ragaan Macaafa Qulqulluu barbaachisummaa kanaa nu yaadachiisu baay'een utuu jiru namoonni baay'een jiraachuu Seexanaa mormu.

Mul'ati waa'ee sadoo Seexanaa guyyoota xumuraa kan nutti dubbatu yoo ta'e illee Mul'ata 12:11 irratti abdii attamii arganna? Diiyaabilos irratti maddi human keenyaa maaliidha?

WIIXATA

Caamsaa 28

Dogoggora Gurguddaa lamaan

Heertuwwan armaan gadi dubbisi. Gowoomsuudhaaf human Seexanni qabu ilaalchisee maal nutty dubbatu?

2QOR.11:13:15

2Tass.2:9,10

Mul.12:9

Mul20:10

Barnoota darbe keessatti akka ilaalletti Yesus waa'ee gowoomsaa yeroo xumuraa hordoftoota isaa akeekkachiise ture. Isaan keessaa waa'ee Kiristos sobaa fi raajii sobaa warra namoota baay'ee walaalchisanii addumaan akeekkachiisera (Maat.24:5)

Haa ta'u malee gowoomsaan yeroo xumuraa nuti itti dammaquu qabnu Kiristos sobaa fi rajoota sobduu qofa miti. Falmii isa guddaa keessatti diinni keenya kan isaaf danda'amu hundumaa gowoomsuuf mala baay'ee qopheeseera. Akka kiritiyanootaatti mala isaa kanatti dammaquu qabna, kana immoo kan nuti gochuu dandeenyu Macaafa Qulqulluu dubbisuu fi waan isa irraa barreef immoo abboomamuudha.

Ellen G. waayitwaa'ee gowoomsaa guddaa kana lamaan yeroo ibsitu: "Karaa dogoggora gurguddaa lamaanii, lubbuun hin duutu isa jedhu fi qulqullummaa JALQABA TORBANIIa seexanni namoota gowoomsaa jala galcha. Inni jalqabaa tolchaaf (spiritualism) bu'uura yeroo kaa'uu inni lammaffaan immoo Roomaa wajjin hidhata uuma. Protestaantonni Ameerikaa harka isaanii bowwaa guddaa irra qaxxaamursanii hafuura tolchaa (spiritualism) wajjin harka wal qabu; isaan bowwaa kanairra

qaxxaamursanii human Roomaa wajjinis harka wal qabu; dhiibbaa humnoota gamta'aan kana sadanii jala ta'uudhaan biyyi kun (Ameerikaan) mirga sammuu dhiibuudhaaf Roomaa faana buutee hor-dofti." The Great Controversy, p. 588.

Jechoota kana erga barreesite waggoonni baay'een yoo darban illee "dogoggorri gurguddaan kun lamaan" addunyaa kiristiyaanaa kees-satti mul'achuu isaa amanuun nama rakkisa.

Beekumsi Macaafa Qulqulluu fi dhugaa isaatiif abboomamuun guyyoota xumuraa kana gowoomsaa Diyaabilos irraa nu eeguuf meeshaa human qabeessa maaliif ta'e?

KIBXATA

Caamsaa 29

Lubbuun hin duutu

"Haala warra du'ani l" ilaalchisee heertuun kanatti fufee jiru maal jedga? "Dogoggorri gurguddaa kana lamaan" keessaa isa tokko irraa akka eegamnuuf maal nuuf kenna? Lall.9:5,6,10; Faar.115:17; Faar.146:4; 1Qor.15:16-18; Dan 12:2

Waggoota kurnan darban keessa waa'een namoota deebi'aanii dammaqfamuu fi gara jireenyattis dhufuuf onneen isaanii dhaabbatee fi hafuura baafannaa dhiisanii du'anii seenaan isaanii baay'ee irratti xiyyefatamaa ture. Namoonni kun baay'een isaanii akka waan du'anii erga ta'anii booda akka waan of beekaniitti shaakala keessa turan kan amanuun isaa nama rakkisuu dubbatan. Isaan keessaa muraasi attamittiin qilleensa keessa jobobi'anii qaama isaanii immoo lafa irratti asi gad akka argan dubbatu. Warri kaan immoo qaama isaanii keessaa ba'anii jobobi'uudhaan uumama dinqisiisoo ifaa fi o'aan guutamani dhugaa waa'ee gaarummaa fi jaalalaa deggeranii wajjin attamitti akka walquun-naman gabaasan. Warri kaan immoo michoota du'anii wajjin wal arganii akka dudubbata odeessan.

Taateen kun beekamaa ta'ee maqaa saayinsawaa Muuxannoo Du'atti Dhiyaate (Near Death Experience) jedhamu qaba. Maqaan kun falmisiisaa yoo ta'ee illee, kiristiyaanonni baay'een lubbuun hinduutu kan jedhuu fi namni yeroo du'u lubbuun isaa bakka biraa deemtee jiraatti isa jedhu mirkaneefachuuf akka ragaatti itti fayyadamu.

Garuu muuxannoon du'atti dhiyaate kun, dhugaadhumatti mul'achuu addaa "dogoggora gurguddoo lamaaniiti." Namni tokko du'a keessatti lubbuun dhaqqee bakka biraa jiraatti isa jedhu yeroodhuma amanu, gowoomsaa tolchaa (spiritualistic deceptions) isa Yesusiin hin barbaadu jedhuuf banamaa ta'a. Dhugaadhumatti, namoonni muuxannoo du'atti dhiyaate kana argatan uumamni hafuura warri isaanii quunnaman yookiin michoonni isaanii warri du'an, waa'ee jaalalaa, naggaa, fi gaarummaa isaanitti himan malee, waa'ee karaa Kiristoosiin fayyuu, waa'ee cubbuu, waa'ee firdii dhufuu isa bu'uura Macaafa Qulqulluu ta'ee akka isaanitti hin dubbanne dubbatu. Namni tokko dhadhama jireenya kiritiyaanummaa isa jireenya booddee akka waan argateetti yeroo yaadu, dhanadham bu'uura barsiisa kiritiyaanummaa akka argateetti yaaduu qaba. Seeroti amantii raga hin qabne inni isaan dubbatan kiritiyaanummaa isa du'a isaanii fuula dura qabaniin gaditti irraa fagaachuu isaanii ibsa.

Akka kiritiyanaatti, yeroo miirri keenya waan kan biro nutty himu illee taanaan sagalee Waaqayyootti qabamuun kan nu irra jiruuf maaliif?

ROOBII

Caamsaa 30

Sanbata fi Jijjiirama tirannaa

Seexanni lubbuun hin duutu isa jedhuun addunyaa gowoomsuuf akka ma milkaa'ee, sanbata Macaafa Qulqulluu humnaan gara JALQABA TORBANIatti jijjiiruudhaan seenaa kiritiyaanummaa keessatti waan hojjetetti milka'eera.

Waggoota dhiyoo keessatti Diiyaabilos gowoomsaa jijjiirama tirannaa isa sammuu namootaa keessatti sanbata guyyaa torbaffaa xiqqeessu fudhatee dhufe.

Uumama 1-2:3 Dubbisi. Heertuun kun attamitti gooftaan addunyaa keenya akka uumee fi yeroo hammamii akka isa fudhate maal nu barsiisu?

Heertuwaan kun waa'ee uumamaa akka Macaafa Qulqulluutti qabxii lama bakkeetti baasu. Tokkoffaan, wanti hundumtuu akka tasaa yookiin akka carraa kan dhufe utuu hin taane karooraan ta'uu isaa. Adeemsa uumamaa keessatti akka carraa wanta jedhuuf Macaafni Qulqulluun iddoo hin qabu.

Lammaffaa, uumamni hundinuu isa kan biraa irraa adda ba'ee akka sanyii isaatti akka uumame heertuun kun mul'isa. Lubbuun lafa irra jiruu hundumtuu abaabilii tokko irraa dhufuu isaa Macaafni Qulqulluun hin barsiisu.

Warruma Macaafa seera uumamaa hiika irra keessaatiin hinhiikne biratti illee qabxiin kun lamaan beekamaadha: Hojii uumamaa keessa wanti akka tasaa hin jiru ,dabalees, sanyii hundumaafis abaabiliin tokko miti.

Jijjiiramni tirannaa inni kan Daarwiin waan lama barsiisa: akka tasaa fi sanyii hundumaaf abaabiliin tokko ta'uu.

Yoo akkas ta'e ,namoonni baay'een maaliif Macaafa seera uumamaa yeroo hiikan tiyoorii bu'uura seera uumamaa mormuun hiikuree? Dogoggora jijjiirama tirannaatiin kan duguugaman namoonni miliyoonatti lakkawaman namoota biyya lafaa qofa utuu hin taane, baay'een kiristiyaanota kan ofiin jedhan utuma mormiin caqafame ifaa ta'ee jiruu amantii kiristiyaanaa wajjin wal sima jedhanii amanu.

Jijjiiramni tirannaa taatee xumuraa keessatti yeroo ilaalamu gowoomsaa jiru caalaatti qabatamaa taasisa. Sanbata guyyaa torbaffa akka yaadannoo uumamaa guyyaa ja'atti fudhachuun hafee, akka waan uumamni waggoota Biliyoona 3 fudhateetti maaliif ilaalama? Jijjiiramni tirannaa Romulusi fi Remusiin yeeyyiitu guddise isa jedhu wajjin himtee wal fakkaatuun uumama guyyaa ja'anii kan waa'ee hin baafne gochuudhaan guyyaa torbaffaa qullaatti ambisan. Guyyoota ja'a utuu hin taane uumama waggoota Biliyoona gaafate amanuudhaan

JALQABA TORBANII mormee sanbataaf jedhee kan ari'atamuu fi kan du'u eenyuudha?

KAMISA

Caamsaa 31

Fakkeessaa Waaqota Sadanii

Qabiyyeen waaqummaa sadanii guutummaa Macaafa Qulqulluu keessa jira. Macaafni mul'ataa "fakkeessaa waaqota sadanii" – jawwicha, bineensa galaana keessaa ba'e fi bineensa lafa keessaa ba'e (Mul.13) warra gowoomsaa fi ari'anna yeroo xumuraa keessatti hirmaatan mul'isa.

Mul'ata 12:17;13:1,2 dubbisi. Asitti maaltu ibsame?

Bakka kanatti jawween to'ataa haala kanaa waan ta'ef Waaqayyo abbaatti fakkeeffame. Inni bineensa isa galaana keessaa ba'e isa Kiristositti fakkeeffame sanaaf human, aangoo fi teessoo kenna. Inni lammaffaan kun Kiristositti kan fakkeeffameef maaliif?

Mul'ata 13:2-5 dubbisi. Amalli bineensa isa galaana keessaa ba'e kanaa maaliidha?

Akkuma Yesus aangoo isaa abbaa isaa harkaa fudhachuu isaa dubbateeture (Maat.28:18), innis aangoo isaa jawwicha harkaa fudhachuutti dabalee, akkuma Yesusiin du'ee du'aa ka'e (Mul.13:3). Bineensi kun hanga "ji'a afurtamii lamaatti" yookiin waggaa sadii fi walakkaa, isa tajaajila Kiristos waggaa sadii fi walakkaa wajjin wal fakkaatu tti aangoo isaa dheeresse.

Mul.13:11-17 dubbisi. Bineensi lafa keessaa ba'u kun bakka kanatti atamitti ibsame?

Akkuma Hafuurri Qulqulluun ofii isaa utuu hin taane Kiritosiif ulfina kennu (Yoh.16:13,14), bineensi lafa keessa ba'e kunis fedha bineensa galaana keessaa ba'ee jajjabeessa. Akkuma Hafuurri qulqulluun ibidda waaqa keessaa buusuudhaan dinqii hojjete (H.Erg.2:3), bineensi lafa keessa ba'es waan kana fakkaatu hojjeta (Mul.13:13).

“Xumura irratti bineensi lafa keessaa ba’e kun fakkaattii phenxaqoosxee raawwata! Maaliif? Waaqonni sobaa kun sadan waaqa dhugaa ta’uu isaanii addunyaaf mirkaneessudhaaf.” Jon Paulien, *What the Bible say About the End Time* (Hagerstown, Md: Review and Herald Publishing Association, 1998), p.III.

Gowoomsaan yeroo xumuraa nuti hubachuu qabnu kan biraan maaliidha, gowoomsaa ta’uu isaanis attamitti namoota kan biro hubachiisuu dandeenya?

JIMAATA

Waxabajj 1

Yaada Dabalataa: Dhimma shoora sanbataatiin wal qabsiifnee taatewwan guyyoota xumura keessatti tiyoorii jijjiirama tirannaa irratti caalchifnee xiyyeefanna. Sababni Charles Darwin inni tiyoorii kana fide jijjiirama tirannaa jajjabeessuuf, sababa lola isa guddaa keessatti yaada uumaa isa arjaa fi jaalalaa, amminaa fi dhiphina lafaa irra jiruu wajjin walitti araarsuun isa rakkiseef ture. Sababa dogoggora kanaatiif furmaataaf fala kan biraa barbaade. Gara gidu-galeessaa fi xumura bara 1800 keessa yeroo Darwin tiyoorii guddina tirannaa kana irra deebi’ee hojjechaa ture Waaqayyo barsiisa Daarwiniin kan mormu sochii waldaa Adveentistii Guyyaa torbaffa kaase. Yeroo tiyooriin Daarwiin babalachuu jalqabetti waa’ee uumama guyyaa ja’a kan barsiiftu waldaan Adveentistii Guyyaa torbaffaa guddachuu fi babalachuun ishee nama gam-machiisa.

Eenyutu beeka tarii Daarwiin waan E.G. Waayit barreesite keessaa akkas kan jedhu dubbisee amaneera ta’a. “Lafti abaarsa cubbuutiin yoo bifa bade illee uumamni namaaf macaafa barumsaati. Amminni bakka hundumaa waan jiruuf, hojii xuraa’ummaatiinis lafa ,galaana fi qilleensa waan mancaaseef, amma illee taanaan inni waan gaarii qofa bakka hin bu’u. Si’a tokko amalli Waaqayyo fi beekumsi waan gaarii irratti caafamee kan ture, amma garuu amala seexanaa fi beekumsa amminaatu irratti barreefamee jira. Uumama isa amma beekumsi gaarii fi amaa irraa mul’atu irraa namni akeekkachiisa firii cubbuu fudhachuu qaba.” Ed, p.26.

Akkuma kanaan dura Daarwiin yaada jijjiirama tirannaa qopheesse, har'a waa'ee uumama fi amala Waaqayyoo fi addunyaa ishee nuyi keessa jiraannu ilaalchisee hubannaa sobaatu jira. Carraa gadhee ta'ee, tiyooriin isaa kun rakkoo yeroo xumuraa keessatti namoota kiyyoo seexanaatti kenna.

Gaaffilee Maree:

1. Kiristiyaanonni baay'een jiraachuu seexanaa maaliif mormu? Waa'een kanaa balaa barumsa Macaafa Qulqulluu mormuu maal nu barsiisa?
2. Nama gara du'aatti dhiyaatee, haalli isaa kun immoo du'a booddee akka jiraatan akka agarsiisu kan amanuun maal jetta?
3. Namoonni jijjiirama tirannaa amanan walaalchisa guyyoota xumuraatii salphaatti waan isaan booji'amaniif sababii kan biraa maal qabda?

Ameriikaa fi Baabiloon

SANBATA WAARE BOODA

Qu'annoo Torban kanaaf Dubbisi: Mul.13:1-12; 14:9-11; 16:2; 19:20; 20:4; Er-mi.51:6,7,57,53; Mul.18:1-4.

Yaadannoo:

Heertuu

“Yeroo sanatti Mikaa’el ergamaa inni gudiichi ijoollee saba keef dhaabatu in ka’a ;yeroon rakkinaas in ta’a; sanyiin rakkinichaas erga sabni jiraachutti ka’ee jalqabee, hamma bara sanaatti argamee kan hin beekne in ta’a; sabni kee warri maqaan isaanii macaaficha keessatti caafame garuu adduma addaan isa jalaa in ba’u.” (Daan.12:1).

Torban darbe “fakkeessaa waaqota sadanii” Seexana (jawwicha) fi humnoota lafaa lamaan warra waliin ta’anii saba Waaqayyoo irratti ari’annaa fidan ilaalerra.

Humnoota kana keessaa immoo, bineensi inni lafa keessaa ba’e (Mul.13:1-10), bifa qeerransaa, kan amaaketa fi kan leencaa isa Daani’el 7:4-6 keessaa fuudhatame walitti qabatee ibsame. Barnoota ja’affaa isa Daani’el 7 keessaa baranne irratti ka’umsa Baabilon (Leenca), kan Meedoo Faaresi (Amaaketa), fi kan Giriiki (Qeerranssa), booda humni xumuraa lafaa ba’u tokko Roomaa akka ta’e ilaalle turre. Inni akka Roomaa ishee Waaqayyoon hin waaqesineetti (pagan Rome) jalqabuudhaan gara Roomaa Phaaphaasii, isa bineensa afuraffaa keessaa ka’e, Daani’el 7:7,8,19-21,23-25 keessatti immoo gaanfa xiqqaa jedhamuudhaan ibsametti jijjiirame. Amala phaaphaasii Roomaa isa Daani’el 7 keessatti raajiidhaan dubbatamee, Mul.13:1-10 keessatti immoo akka bineensa galaana keessaa ba’etti ibsames ilaallee turre. Kanaaf beektonni Macaafa Qulqulluu diraamaa yeroo xumuraa Mul’ata 13 keessatti ta’u keessatti

Roomaa akka mormituutti ilaalaniiru.

Haa tau malee Roomaan qafa ishee miti. Waa'een human biraas raajiidhaan dubbatameera. Torban kanaa Mul'ata 13 irratti xiyyeeffannee humnoota fi taatewwan achi keessaa isa yeroo baay'ee gaaffii akkas jedhu kaasu, taateen kun maal jechuudha, attamitiinis kanaaf qophoofna? Jedhu ilaalla.

JALQABA TORBANII

Waxabajj 3

Madaan du'aan ga'u sun in fayye

Mul.13 1-10 dubbisiti kun shoora phaphaasiin bara darbe keessa taphate fi bara dhufu keessa taphatu maaliif akka ilaalatu sababa isaa itti yaadi. Shoorri isaaf kenname kun beekamaa ta'uu isaa adda baasii hubadhu. Kun immoo taatewwan guyyoota xumuraa keessatti maal jechuudha?

Waaqayyo waldoota hundumaa keessaa saba amanamoo yoo qabaate illee, dhaabbati amantii kun seenaa keessatti waan isheen gootee fi taatewwan guyyoota xumuraa keessatti waan isheen gochuuf jirtu Macaafni Qulqulluun adda baasee ka'a.

Mul.13:3 dubbisi. Asitti maaltu ta'aa jira, kun immoo waa'ee guddummaa Roomaa maal nu barsiisa?

Jaarraa hedduutiif waldaan Roomaa wiirtuu amantii turte, karaa baay'ees wiirtuu siyyaasa addunyaa dhi'aa turte. Aangoo isheekun yeroo mootiin Roomaa inni Henerii 4ffaan phaphaasii Girgoorii 7ffaa tti aaruudhaan nagaa buusuuf gara isaa dhaqe mul'ate. Achtti mootiin Roomaa gara isaatti ol seenuudhaaf heyyama argachuuf qorra gannaa keessa guyyaa sadiif dallaa isaa ala dhaabbatee eeggate. Girgoorii 7ffaa n mo'icha argachuu isaatiif boonee ,oftuulummaa moototaa gadi qabuun hojii isaa akka ta'etti of jajee.

Ta'us to'annaan siiyaasa fi amantii Roomaa xumura jaarraa 18ffaa keessa karaa dhiibbaa ara'umsa warraaqsa Faransaayi unkutaa'e. Phaphaasota keessaa tokko kan ture Pi'uus 6ffaan bara 1798 loltoota Faransaayiin booji'amee bara 1799 mana hidhaa keessatti du'e.

Mul.13 bayyaannachuu yookiin madaan du'aan ga'u sun deebi'ee fayyuu isaa dubbata. Roomaan har'a aangoo siiyaasaa isa bara Girgoorii 7ffaa hinqabdu yoo ta'e illee, phaaphaasonni yeroo dhiyoo keessa human dhiibbaa amantii fi siiyaasaa geggeessu argataniiru (fakkeenyaaf, phaphaasiin Firansiis jedhamu bara 2015 keessa yaa'ii Ameriikaa laamaanu irratti dubbachuun isaa seenaa keessatti isa jalqabaati). Akka raajiiin jedhutti, dhiibbaan kun guddataa adeema. .

Attamittiin ergaa lallabuuf itti waamamneef amanamoo ta'uu dandeenya,garuu utuu kanaa goonuu attamittin isa irraa gufachuu dandeenya?

WIXATA

Waxabajji 4

Ameriikaa Raajii keessatti

Namoonni akkas jedhanii gaafatu: Attamittiin Roomaan har'as ta'e fuula duratti dhiibbaa isa Mul.13 keessatti raajame geggeessuu dandeessi? Akka bara darbeetti aangoo loltoota ajajuu kan isheen dandeessu barri dheeraan itti darbeera.Deebiin isaa Mul'ata 13 keessatti argama.

Mul.13:11,12 dubbisi.Humni kun eenyu akka ta'e baruudhaaf mallattoo maaliitu nu gargaara?

Bineensi isa kana dura ture Roomaa isa raajiidhaan ji'a 42 aangoon kennameef (Mul.13:5) akka ta'etti protestaantotaan hubatamee ture. Ji'ii 42 "baraa fi baroota fi walakkaa baraa" isa Daan.7:25 irra jiru yookiin waggaa sadii fi walakkaa isa Mul.12:14 yookiin raajii guyyaa 1260 isa Mul.12:6 isa yeroo aangoon phaphaasii warra isaan morman cunqursaa turee wajjin tokko.Guyoonni raajiidhaan ka'aman kun bara 538 Dh.K.B. jalqabamee bara 1798 yeroo phaphaasiin mana hidhaa galfame xumuraame. Yeroo kana phaphaasiin hamma du'atti mada'ee,raajiinis in raawwatame.

Xumura ji'a afurtamii lamaatti (1798) humnootii kanaan dura darban warra galaana keessaa ba'an (Daan.7:2, 3) isa saba baay'eetti fakkeefamu irraa adda kan ta'etu lafa keessaa ba'e (Mul.13:11).

Sababa kanaaf humni kun Ameriikaa ishee lafa namni irra hin jirre keessaa kaate kana gochuuf immoo mootummaa kamiin illee loluun ishee hin barbaachifne ture.

"Bara 1798 addunyaa haaraa keessaa biyyi kaatee gara aangootti dhu-fuudhaa guddinaa fi jabbina abdachiisuudhaan xiyyeefannoo addunyaa kan arkifte eenyuudha? Fakkeenyi kun kan inni ilaallatu gaaffii hin qabu. Ulaagaa raajii kana kan guutu biyya tokko qofa; kun immoo dogoggora tokko malee Ameriikaadha."-Ellen G.White, *The Great Controversy*, p.440.

Humni kun jalqaba hoolaa gaanfa lama qabu isa garaamummaa argisiisuun yoo ibsame illee, Akka jawwee in dubbata (Mul.13:11) kun immoo yeroo ari'annaa isa akka humnootii darban jalatti ta'e argisiisa. Egaa Mul.13:11-17 gaaffii isa Roomaan attamittiin dhiibbaa isa rajiidhaan dubbatame geggeesiti jedhu deebisa. Isa duuba aango Ameriikaatu dhaabatee jira.

KIBXATA

Waxabajji 5

Dhimma Waaqeffannaa

Seenaa qulqulla'aa guutummaa keessatti Waaqayyo warra waaqa tolfamaa fi waaqeffannaa sobaa (Maat.4:8-10) kan biro jalatti kufanitti dubbachaa ture. Akka Mul.13 keessatti raajameetti rakkin isa xumuraa keessatti dhimmi waaqeffannaa irra deebi'ee ka'a. Yeroo kana sabni Waaqayyoo eenyuun akka waaqesanii fi akka tajaajilan filachuu qabu (Iyaasuu 24:15).

Barnoota lammaffaa keessatti mata duree "Daani'el fi yeroo xumuraa" jedhu jalatti, seenaa dargaggoota lbrootaa sadan warra "bifa warqeetti akka waaqesaniif" (Daan.3:5) ajajaman ilaallee turre. Akkasumas, Mulati 13 boqqonnaa kana keessaa jechoota fudhachuudhaan ari'annaa yeroo xumuraa saba Waaqayyoo irra ga'u isa rajiidhaan dubbatame ilaallerra. Akkasumas Mul'ati 13 keessatti ari'annaan yeroo xumuraa saba

Waaqayyoo mudatu ilaalchisee raajiidhaan kan dubbatame Daani'el 3 keessaa kan fudhatame ta'uu ilaallera. Daani'el 3 keessatti wanti ta'e Mul'ata 13 keessatti isa raajiidhaan dubbatamee aangoo bineensichaatiin immoo fuula duratti rawwatamuuf jiruuf karaa hara. Hundumtuu bifa warqeetiif akka sagadaniif ajajaman, yoo ta'uu baate garuu ibidda boba'uun adabamu. Haaluma walfakkaatuun, Mul'ata 13 keessatti bifa fakkeenya bineensichaatiif kan hin sagadne in ajjeefama (Mul.13:15).

Mul.14:9-11;16:2; 19:20;20:4 dubbissi.Dhimmi waaqefannaa barbaachisaa ta'uu isaa heertuun kun maal nutty hima?

Baabiloon yeroo hundumaa magaalaa guddoo waaqefannaa sobaati. Akkuma Lusifeeri “duumesota ol fagoo irratti ol nan ba'a”(Isa.14:14) jedhe, gamoon Baabel fedha ijaartonna sun bishaan badiisaa jalaa of oolchuuf qaban dhugaa ba'a. Isaan isa bishaan badiisaa lafa irratti akka hin fidneef abdachiise amananii fudhachuu hin didan (Uum.9:8-11).

Akkuma kanaa mootummaan Baabiloonis hojii harka namaa ol qabdi.Nebukadineezar “Baabiloon gudditti ishee ani ijaare” (Daan.4:30) jedhee galateefate.Booda immoo mootichi Beelshazaar qodaa warqee mana qulqullummaa Solomooniin fuudhee nyaachisa isaa irratti “daadhii wayiinii in dhugu, waaqayyoolii warra warqee irraa , meetii irraa, sibiila diimaa irraa, siibiila irraa, muka irraa, dhagaa irraa tolfaman in jajatu turan (Daan.5: 3,4). Qodaan mana qulqullummaa dhugaatii nama macheessuun guutamee miira namoota isa keessa dhugan akka addooche yaadadhu. Kana irraa kan ka'e nagaalatti keessa kan jiran baay'een in badan Baabiloonis in kufte. Dhugaan duubaan mul'atu “daadhii Baabiloon” isa nama ajjeessu of keessa dhoksee nama gowwomsuu danda'a. Waaqessuun soba fiyaadni sobaa qarshii mootummaa seexanaati.

Amma waaqeffannaa sobaa keessa akka hin jirre attamittiin mirkaneefachuu dandeenya?

“Baabiloon Guddittii”

Heertuwwaan armaan gadii dubbisi. Waa’ee Baabiloon maal nu barsiisu? Erm.51:6,7;53:57;Zakk.2:7;Mul.17:5,6;Mul.18:2,3.

Akkuma kaleessa dubbanne, Baabiloon akka wiirtuu waaqeffannaa sobaatti seenaa dheeraa qabdi; kanaaf, isheen fakkeenya humana yeroo xumuraa biyya lafaa walaalchisuudha.

Jawwicha, bineensa galaana keessa ba’e fi bineensa bildiimaa (Mul.12:3;13:1-3; Mul. 17:3) walbira qabii ilaali. Wal fakkii fi garaagarummaan isaan gidduu jiru maali?

Bineensonni kun sadan mataa torba fi gaanfa kudhan isa ida’ama mataa fi gaanfota bineensa Daani’el 7 bakka bu’u .Mootummoonni duraa fi duubaan dhufan kun warra duraan turan irratti hunda’uu. Haaluma walfakkaatuun, bineensi inni bildiimaan, jawwicha fi bineensa galaana keessaa ba’e (Roomaa ishee Waaqayyoon hin waaqesine fi ishee phaaphaasiidhaan bultu),akkasumas bineensa isa lafa keessaa ba’es dabalatee (Mul.13:11-14),gamtaa humnoota diina Waaqayyoo ta’an sadan walitti qabata.” Jacques B. Doukhan, *Secrets of Revelation, The Apocalypse Through Hebrew Eyes* (Hagerstown, Md.: Review and Herald® Publishing Association, 2002), p. 162. Wanti kan biraan Mul.17 keessaa jiru dubartii ishee bineensa bildiimaa irra teessee jirtu yeroo ta’u innis tokkummaa seeraan alaa human siyaasaa fi amantii giddutti ta’u bakka bu’a.Dubartiin kun faallaa dubartii ishee qulooftuu Mul’ata 12 ti.

Barumsa Sanbataa

Dubartii Qulooftuu (Mul'ata 12)	Ishee Ejjituu (Mul'ata 17)
Waaqa keessatti	Bishaanota irratti
Biiftuu uffatte	Uffata dhiilgee, diimaa biluu uffatte
Gonfoo urjoota kudha lamaa	Warqee, dhagaa fi callee gat-jabeeyyii
Jawweedhaan lolamte	Jawweedhaan deggeramte
Haadha haftuu	Haadha ejjitootaa

Baabilooni akkuma “haadha ejjitootaa” taate, mataa ishee oomishuuf hojii baay’ee qabdi. Waal daa isheen gantuun ijoollee gantoota baa’yee qabdi. Garuu, Waaqayyoo kiristiyaanummaa keessatti dogoggora labsamuu fi ammuna rawwatamutti abbummaa hin fudhatu. Sabni isaa warri dhugaan yoo seexanaan lolaman illee jaarraa hedduudhaaf jiraataniiiru.

Mul’ati 14:8 kufaatii Baabilooniin yookiin dhugaa ganuu ishee isa gara gowwomsaa xumuraa mallattoo bineensichaatiin (Mul.14:9-11) ta’utti geessuu ilaalchisee saba akeekkachiiseera. Akeekkachisi kun waamicha xumuraatiin saba isaa Baabiloon keessaa akka ba’aniif waamee hafaa waldaa Waaqayyoo yeroo xumuraa jiranitti amma dabalutti human guddaadhaan irra deebi’amee kennama (Mul.18:1-4).

KAMISA

Waxabajji 7

Yaa saba koo ! Ishee keessaa ba’aa!

Barootaaf, barattoonni raajii Macaafa Qulqulluu taatewan addunyaa haala yeroo xumuraan walqabsiisanii fedha guddaadhaan hordofaa turan. Akka fakkeenyaatti mee waa’ee shoora Ameriikaa yaadi. Bara 1851 asitti Adventistoonni baay’een Ameriikaa akka bineensa isa lammaffaatti (Mul.13:11-15) adda baasanii ilaalaa turaniiru. Gidu-galeessa Bara 1800 keessa humnooti cimoon warruma addunyaa duriiti: isaanis Prushiyaa, Faransaayii, Awustiriyaa- Hangarii fi Ingiliziin turan. Yeroo sana Ameriikaan loltoota kuma digdama qabdi turte, kun immoo harka kurnaffaa loltoota bara 1815 dirree Waterloo irra turaniiti. Waggoota afurtaamaan fuula dura, bara 1814, Ingilizii Waashingiton D.C. weraaruudhaan gubdee

turte. Bara 1867, loltoota fardaan waraanan warra ancibiraala kusteriin geggeefaman ari'anii biyya isaanii keessaa baasan. Namoonni yaada kennan tokko tokko Ameriikaan human guyyaa tokko "mallattoo bineensichaa" addunyaa irratti dirqisiiftuudha jedhanii erga dubbatan illee, biyyi kun warruma dachee Ameriikaa irratti dhalatan in lolti garuu mo'uu in dandeenye.a

Taatewwan addunyaa akkuma in ta'a jennee amanne ta'aa akka jiru gaaffii hin qabu. Garuu, utuu nuti xumura irra hin ga'in wantoonni baay'een saaxilamuu qabu. Sababni isaa immoo, akka fakkeenyaatti, yeroo waa'ee "mallattoo bineensichaa" dubbannu abboommi afuraffaa eegaa kan jiranis ta'e eegaa kan hin jirres amma namni isa fudhate hin jiru.

Mul'ata 18:1-4 dubbis. Asi keessatti maaltu ta'aa jira, kana yaadachuunis maaliif nu barbaachisa? Heertuun kun waa'ee ergama nuti addunyaaf qabnu maal nu barsiisa?

Heertuwwan kun addunyaa siyaasaan, sona amilee fi hafuuraan abdiin hin qabne qalma diba. Isaan dhiibbaa gadhee barsiisonni amantii sobaa addunyaa irratti geggees san mul'isu. Battaluma sana abdiin guddaa kennus, sababni isaa, ergamaan biraa waaqa irraa dhufee ulfina isaatiin addunyaa ibsa. Itti dabalees, sabni Waaqayyoo warri amanamoonni wanta baruu qaban illee kan hin barin jiran Baabiloon keessaa akka ba'aniif waamamu. Kana jechuun sabni Waaqayyoo warri Baabiloon keessaa ba'an warra achi keessa jiraniif amma xumuraatti waan hojjetan qabu jechuudha.

Waaqayyoo warra Baabiloon keessa jiraniin "saba koo" jedhee waamuun isaa nuuf hiikkaa attamii qaba? Kan biraa wajjin wal bira qabnee yeroo ilaallu qabxiin kun barbaachisummaan isaa maali?

Yaada dabalataa: Lolli seexanni seera waaqayyoo irratti geggeessu lola aangoo isaa fi mootummaa Waaqayyoo irratti geggeefamuudha. Kanaaf, taateewwan guyyoota xumuraa rakkin qaban keessatti seexanni warra “abboomii Waaqayyoo” eegan lola (Mul.12:17;14:12), sababni isaa lafa kana irraa kan isaaf hin abboomamne isaan qofa waan ta’ef. Lolli inni waggoota dheeraa fuula dura samii keessatti Waaqayyoo irratti geggeesse lafa kana irrattis ittuma fufa, akkuma samii keessatti mo’ame lafa kana irrattis in mo’ama. “Lola jalqaba samii keessatti banamee kaasee seera Waaqayyoo balleessuun kaayyoo seexanaa turre. Uumaa irratti kan inni fincileef kaayyoo isaa kana galmaan ga’uuf, samii keessaa yoo gadi darbatame illee loluma walfakkaataa lafa kana irratti itti fufe. Namoota gowwomsee akka isaan seera Waaqayyoo cabsan gochuun ejjennoo isaa isa hin jijjiiramneedha. Guutummaa seerichaa balleessuudhaanis ta’e yookiin tokko qofa dhibamsiisuudhaan kana yoo raawwate bu’aan isaa walqixeedha. Seera tokko kan cabsu seera hundumaa tuffachuu isaa mul’isa, akka waan “hunduma isaanii cabseetti” (Yaaq.2:10) waan lakka’amuuf fakkeenya isaa garee warra seera cabsaniiti.” Ellen G. White, *The Great Controversy*, p. 582.

Gaaffilee mare :

1. Waa’ee taateewwan addunyaa fi attamittiin isa nuyi guyyoota xumuraa keessa in ta’u jennee amannu attamitti akka isaan argisiisamn garee kee wajjin mari’adh. Taateen amma illee saaxilamuu qabu maaliidha? Mallattoolee yeroo Macaafa Qulqulluu fi barreefama E. Waayitiin ifaa ta’ee in barsiifamin ilaalchisee makararsummaa (fanatism), guyyaa murteesanii kaa’uu fi ija jabinaan raajuu dhabamsiisuudhaan attamittiin qophoofnee eeggachuu dandeenya?
2. Gaaffii waaqeffannaa irratti xiyyeefadhu. Waan tokko waaqessuu jechuun maal jechuudha? Wantuma ta’e waaqessinee waaqeffannaa kan inni ta’uu attamitti?
3. Waaqayyoo amma illee Baabiloon keessaa saba qabaachuu isaa irratti xiyyeefadhu. Jecha “Baabiloon” jedhu attamitti hubanna? Utuu siyaasaa fi amantii isaanii irratti hin xiyyeefatin ergaa keenya kan birootti lalabuuf dirqama nuyi qabnu ilaalchisee kun maal nu barsiisa?

Mallattoo Waaqayyoo yookiin Milikkita Bineensichaa?

SANBATA WAAREE BOODA

Qu'annoo Torban kanaaf Dubbisi. *Uuma.17:9-11; Ba'uu 31:13,17; Mul.13:17; Efe.1:13,14; Ibro.4:9,10.*

Yaadannoo:

Heertuu

“Yaa Waaqayyo gooftaa hundumaa dandeessuu, hojiin kee guddaa dha, dinqisiisaa dhas! Ati yaa mootii saba hundumaa, karaan kee hundinuu qajeelaa dha dhugaa dhas!” (Mul.15:3).’

Faarfannaan Musee fi faarfannaan hoolichaa heertuu yaadannoo keenya turban kanaatiin jalqaba. Kan inni faarfatame “warra bineensicha, bifa fakkeenya bineensichaa, lakkoobsa maqaa isaatiif dhaabbatu irrattis mo’icha argataniin” (Mul.15:2) galaana dhoqqee of-ilaalee irra dhaabbataniitiin. Isaan kanaa wajjin kan nuti ta’uu dandeenyu attamitti?

Mallattoon saba Waaqayyo dhugaa warra guyyoota xumuraa keessa jiraniin inni tokko ergamaa sadaffaa isa milikkita bineensichaa irraa nama akeekkachiisu lallabuu isaaniiti. Haa ta’u malee, guutummaa Macaafa Qulqulluu keessatti dhimma cimaa ta’ee yoo akeekkachifamuudhaa baate illee, maalummaa milikkita bineensichaa ilaalchisee yaadni bita galummaa kan akka barreefama iccittii adda namaa irratti barreefamu (bar code in the foreheads), lakkoobsa kaardii (credit card number), fi kkf niidha yaadni jedhu waggootaaf turaniiru.

Yaadni bita nama galchan Baabiloon keessaa baay’aachuu isaa dinqifachuu hin qabnu. Hunduma irra caalaa maqaan Baabiloon jedhu “bita galummaa” jechuu waan ta’ef. Garuu hafaan saba Waaqayyoo ergaa ergamaa sadaffaa humnaan lallabuudhaaf mata duree kana irratti hubannaa ifaa ta’ee qabaachuu qabu. Torban kana maalummaa milikkita

bineensichaa fi mallattoo Waaqayyoo fudhannee attamittiin isa fudhachuu akka dhiifnu hubannaa gaarii ta'een ilaaluu yaadna.

JALQABA TORBANII

Waxabajji 10

Milikkita Waaqayyoo isa saba isaa adda baasu

Kakuu moofaa keessa saba Waaqayyoo warra dhugaa kan adda baasuu milikkita duubaan mul'atu lamatu ture.Kana keessaa tokko dhagna qabaadha.Milikkiti kun jalqaba eenyuuf kenname? Uum.`17:9-11; Ba'uu 31:13,17.

Waaqayyoo Abirahaam fi sanyiin isaa akka milikkita kakuu fayyinaatti akka dhagna qabataniif abboome.Dhiironni guyyaa saddeetitti dhagna qabachuu qabu (Leew.12:3).Haa ta'u malee sirni kun hiika gad fagoo qaba.Inni fakkeenya barbaachisummaa haara'umsa garaati (K.Deebi 30:6).Phaawulos kanaaf akkas jedhe barreessa: "Namni bifa isa bakkeetti mul'atuun Yihudii waan ta'eef, Yihudii dhugaa hin ta'u;dhagna qabaan foonis dhagna qabaa dhugaa hin ta'u.Namni keessa namummaa isaatii isa bakkeetti hin mul'anneen Yihudii ta'e garuu, Yihudii dhugaa dha;dhagna qabaan yaada garaa namaas dhagna qabaa isa dhugaa dha;kunis hojii hafuura Waaqayyooti malee, hojii seericha isa caafamee miti. Namni akkasi kun Waaqayyoo biratti malee, namoota biratti hin jajamu" (Room.2:28,29).

Heertuwwan kakuu haaraa kan akka 1Qor.7:19,Gal.5:6 fi 6:15 dhagna qabaan cuuphaa isa jijjiirama,uumama haaraa,cubbuuttii du'uu fi jireenya haaraatti ka'uutti fakkeeffamuun (Room.6:3,4) bakka bu'uu isaaa argisiisu.Sababa kanaaf, phaawulos "amantii jaalalaan hojjetu fi abboommii Waaqayyoo eeguu malee" dhagna qabaan waa'ee hin baasu jedhee dubbata.

Milikkiti lamaffaan duubaan mul'atu inni saba Waaqayyoo adda baasu maalii dha, maaliifis kenname? (Ba'uu 31:13,17; Hisq.20:12,20)

Dhagna qabaan Abrihaamiin kan qalqabame yeroo ta’u milikkitni sanbataa garuu gara uumama jalqabaatti achi deebi’a (Uum.2:2,3). Kanaaf Yesus S.Uumamaa ilaalchisee “sanbatatu namaaf uumame” (Maar.2:27) jedhee dubbate. Kun immoo isatu nu uume waan ta’ef nuyi uumamaanis kan Waaqayyiti, isatu qajeelota fi qulqulloota nu godhee waan ta’ef immoo furamuudhaanis kan isaa ta’uu keenya argisiisa. Phaawulos dhagna qabaan bu’aa hin buusu jedhee yoo dubbate illee, abboommii Waaqayyoo eeguun immoo (sanbata dabalatee) barbaachisaa ta’uu isaa dubbateera (Ibro.4:9).

Yaadni kee fi karoorri kee akka ati onnee kee irraa dhugaatti dhagna qabatte attamitti mul’isa?

WIIXATA

Waxabajji 11

Bineensichaa fi Waaqeffannaa sobaa

Heertuwwan armaan gadii dubbisi.

Milikkita bineensichaa fudhachuu dhiisuun barbaachisaa ta’uu isaa maal nu barsiisu? Mul.13:17;14:9,10;16:2.

Adabbii dha’ichoota torbaniitiin dheekkamsa Waaqayyoo isa makaa hin qabne fudhatanii dhuma irratti immoo galaana ibiddaa keessa buufamu. Warra milikkita bineensichaa diduudhaan galaana of-ilaalii irra mo’ichaan dhaabbatanii faarfannaa galataa Waaqayyoo fi hoolichaaf faarsanii wajjin attam faallaadhaa!

Milikkiti namni kam iyyuu fudhachuu hin barbaanne kun maalii dha? Heertuwan armaan olii ifaadhummatti waaqeffannaa sobaa wajjin wal qabsiisu. Barnoota keenya darbe keessatti akka ilaalletti bineensi afuraffaan inni Daani’eel 7, inni kutaan lammaffaan isaa (inni Mul’ata 13 keessatti bineensa galaana keessatti fakkeefame) “baraa fi seera gedderuu yaada” (Daan.7:25). Seerri inni gedderamuuf yaadame tokko sanbata isa abboommii kudhan keessaa afuraffaa ta’e fi waa’ee yeroo kan ilaalatu, Waaqayyoonis “akka uumama waaqa fi lafaa, galaana, wanta isaan keessa jiru hundumaas uumetti” (Ba’uu 20:11) argisiisuu dha. Ergaan ergamaa tokkoffaa gara abboommii isa aangoo bineensa kanaatiin jijjiiramee tti nu deebisee Waaqayyoon qofaa akka uumaatti akka waaqessinu ifaatti kan dubbatuudha. Mul’ata 12-14 keessatti heertuwwan waa’ee waaqeffannaa dubbatan turban keessaa Mul’14:7

qofaatu waa'ee waaqefannaa dhugaati; warri hafan ja'an waaqefannaa sobaa isa kan bineensicha fi bifa bineensichaa irraa kan akeekkachiisanii dha (Mul.13:4,8,12,15; 14:9,11). Ergaan ergamaa sadaffaa carraa warra waaqeffannaa sobaatti hirmaatanii erga ibsee booda batalumatti waaqefattoonni dhugaa warri Waaqayyoon waaqessan ibsaman: "Kana keessatti obsaan danda'uun warra Waaqayyoonf qulqullaa'anii, ab-boommii Waaqayyoo eeganii, Yesusitti amanuu isaanii jabeessanii in barbaadama" (Mul.14:12).

Jecha biraatiin, ergaa kana sadan labsuun sanyii namaa garee lamatti gargar qooda: Warra abboommii Waaqayyoo hunda (sanbata guyyaa torbaffaa eeguu dabalatee) eeguudhaan uumaa waaqessanii fi warra bineensichaa fi bifa isaa waaqessan. Waaqeffannaa sobaa kana biratti filannoon abboommii Waaqayyoo eeganii uumaa waaqessuu jira.

Waaqessuu fi amanamummaa giduu hariiroo jiru itti yaadi. Waaqayyooof amanamoota ta'uudhaaf kallattii waaqeffannaa isa kamtu faayyidaa qaba?

KIBXATA

Waxabajji 12

Chaappaa Waaqayyoo

Chaappaa akkuma mallattoo sanadiin fudhatama akka qabaatu taasisa. Bara durii keessaa aangoo abbaa qabeenyummaa mirkaneessuuf chaappaa gagaatti cuuphameen chaappafamaa ture.

Mallattoon Waaqayyoo maalii dha, yoom kennamas? Efe 1:13,14; 4:30; 2Tim.2:19; Mul7:1-4; 14:1.

Mallattoon Waaqayyoo milikkita abbaa qabeenyummaa fi eegumsa innii saba isaatiif godhu dha. Phaawulos mallattoo jijjiiramuu fi kennaa hafuura Qulqulluu fudhachuu wajjin wal qabsiisee ibsa. Kennaa kana furamuu isaanii fi dhaala isaanii fuula duraa isa yeroo Yesus dhufu isaan argatan mirkaneessuudhaaf "qabdii" amantoota hundumaaf kennamu jedhee waama.

Macaafni Mul'ataa dhufaatii Yesus isa lammataa fuula dura mallattoon biraan jiraachuu isaa dubbata. Mallattoon xumuraa yeroo bokkaa booddeetti Hafuurri Qulqulluun dhangala'u warra 144,000 tiif kennama. Isaan adda isaanii irraa maqaa Waaqayyoo (chaappaa) qabu. Hojii hafuurri qulqulluun jireenya isaanii keessatti hojjeteen amala

Waaqayyoo mul'isu.

Mallattoo Waaqayyoo fi milikkita bineensichaa walbira qabii

ilaali. Garaagarummaan isaanii maaltu ibsamee jira? Mul'7:3;14:9.

Mallattoon waaqefattoota dhugaa warra Waaqayyoon waaqessaniif kan kennamu yeroo ta'u milikkiti immoo waaqefattoota bineensichaatiif kennama. Mallattoon akka inni abboometti waaqayyoon waaqessuuf filannoo sammuu keessatti godhame argisiisuuf adda qofaa irratti godhama. Karaa biraatiin immoo ,milikkiti adda irratti yookiin harka irratti godhamuu danda'a. Kana jechuun immoo sabni sababa tokkoonis ta'e kan biraatiin bineensichaa Waaqessuu danda'a jechuudha. Akka waan dhugaatti Waaqayyoon waaqessaa jiranii itti fakkaachuudhaan sammuuudhaan itti waligaluu danda'u ta'a, yookiin immoo itti waligaluu dhiisuun rakkoo ulfaataa inni fidu, bituu fi gurguruun yeroo nama dhibu, xumura irratti immoo du'a yeroo inni fidu (Mul.13:17,15) sodaa-chuudhaan fudhatu.

“Warri biyya lafaa wajjin waliigalan milikkita bineensichaa fudhachuuf amala biyya lafaa fakkaataa adeemu. Warri ofii isanii hin amananne, warri fuula waaqayyoo duratti gad of qabanii dhugaaf ab-boomamuudhaan lubbuu isaanii qulleessan amala samii fudhachuudhaan adda isaanii keessatti mallattoo waaqayyootiif of qopheessu.” *Ellen G. White, Testimonies for the Church, vol. 5, p. 216.*

ROOBII

Waxabajji 13

Milikkita Bineensichaa

Milikkiti nuti fudhachhuu hin qabne kun maal? Barnoota keenya darbe keessatti akka ilaalletti bineensi afuraffaan inni Daani'eel 7, inni kutaan lammaffaan isaa (inni Mul'ata 13 keessatti bineensa galaana keessatti fakkeefame) “baraa fi seera gedderuu yaada” (Daan.7:25). Seerri inni gedderamuuf yaadame tokko sanbata isa abboommii kudhan keessaa afuraffaa ta'e fi waa'ee yeroo kan ilaalatu, Waaqayyoonis “akka uumaa waaqa fi lafaa, galaana ,wanta isaan keessa jiru hundumaas uumetti” (Ba'uu 20:11) argisiisuu dha.

Ergaan ergamaa tokkoffaa gara abboommii isa aangoo bineensa kanaatiin jijjiiramee tti nu deebisee Waaqayyoon qofaa akka uumaatti akka waaqessinu ifaatti kan dubbatuudha. Carraa warra bineensicha fi bifa fakkeenya isaatti sagadanii erga akeekkachiise booda (Mul.14:9), waa'een saba Waaqayyoo warra amanamootaa immoo lakkoobsa 12 irratti dubbatame .

Mul.14:12 dubbisi. Raajiin waa'ee saba Waaqayyoo warra amanamoo dubbatu kun sanbatni wiirtuu taatee xumuraa ta'uu isaa hubachuuf akka nu gargaaruuf heertuu itti dhiyoo ta'e kenni.

Heertuun kun akkasitti dubbifama: “Kana keessatti obsaan danda'uun warra Waaqayyoonf qulqullaa'anii, abboommii Waaqayyoo eeganii, Yesusitti amanuu isaanii jabeessanii in barbaadama” (Mul.14:12). Akkuma ilaallee turre, “abboommiin Waaqayyoo” sanbatni ,inni abboommii afuraffaa ta'e waaqa isa tokkicha akka uumaatti waaqefamuu qabu argisiisa. Dhimmi “milikkita bineensichaa” inni gaaffii waaqeffannaa JALQABA TORBANIIa, sanbata fakkeessaa isa Macaafa Qulqulluu keessatti hin ajajamini, isa faallaa abboommii afuraffaa eeguu isa Macaafni Qulqulluun ajajuu ta'uu isaa namoonni arguu isaanii hin dinqisiifatin.

Kana jechuun kiristiyaanonni warri guyyaa JALQABA TORBANIIa irra Waaqayyoon waaqessaa jiran amma milikkita bineensichaa qabu jechuudha? Miti. Akka Mul'ati 13:15 jedhutti waaqefannaa sobaa kan bineensichaa kanatti hirmaachuu kan didan in ajjeefamu. Dhimmi kun dhimma du'a fi jireenyaa ta'a. Taatewwan jiran sadarkaa kana irra yoo hin geenye ta'e iyyuu, amma qormaati xumuraa kun dhufutti milikkita bineensichaa hin kennamu. Kanaaf, amma ammaatti namni milikkita bineensichaa fudhate hin jiru.

Abboommii Waaqayyoo. Amantii Yesus. Amaloonni kun kiritiyaanota dhugaatiif amma illee taanaan barbaachisoodha jechuun maal jechuudha?

Sanbatni akka Mallattootti

Akkuma ilaallee turre, sanbatni Guyyaa Torbaffaa seenaa keessatti bara Addaamii jalqabee amma yeroo Israa'elotaattis dabalatee milikkita saba Waaqayyoo warra dhugaa ture. Akkasumas, waldaa kakuu haaraa keessattis shaakala Yesus fi bartootaa keessatti, saba Waaqayyoo guyyoota xumuraa keessa jiran, warra “abboommii Waaqayyoo eeganii fi Yesusitti amanuu isaanii jabeessan” (Mul.14:12) dabalatee milikkita adda baasu ta’uu isaa ilaalleerra.

Sanbatni kiristiyaanotaaf amma kana maaliif barbaachisaa ta’e argame?
Ba’uu 20:811; Ibro.4:9,10.

Sanbatni onnee abboommii kurnanii ta’e mul’ata. Inni akka milikkita (mallattoo) aangoo uumaatti kenname. Inni “Waaqayyoon goftaa kee” jedhee maqaa isaatiin adda baasa. “Bantii Waaqa fi lafaa, galaana, waanta isaan keessa jiru” immoo daangaa inni keessatti mo’e ta’uu isaa ka’a. “Guyyaa ja’atti waaqa fi lafa uumee... guyyaa torbaffaatti boqote” jechuudhaan bu’uura aangoo isaa dubbata.

Kakuun haaraan Waaqayyoo karaa Yesusiin waan hundumaa uumuu isaa adda baase dubbata (Yoh.1:1-3; Qol.1:16; Ibro 1:1,2). Addunyaa keenya guyyaa ja’atti uumee guyyaa torbaffaa kan boqote Yesus. Gaafa Jimaataa galgala fannoo irra utuu jiruu inni Yesus “fiixaan ba’eera” (Yoh.19 30) jedhee iyye baay’ee barbaachisaadha. Yesus hojii uumamaa erga xumuree booda akkuma boqote, nu furuuf jedhee bakka keenya nuuf du’uudhaa hojii araarsuu erga xumuree booda guyyaa sanbataa awwaalcha keessa boqote. Kanaaf sanbatni eebba dacha qaba, tokkoffaan yeroo uumamaati, lammaffaan immoo fannoo irratti. Sababa kanaaf macaafni Ibrootaa kiristiyaanni sanbatatti yeroo boqotu “Waaqayyoo hojii isaa irraa akkuma boqote, innis immoo hojii isaa irraa in boqota” (Ibro.4:10) jedha. Sanbatni akka nuyi mataa keenya fayyisuu hin dandeenye fi hojii in fayyinaa jalqabaa amma xumuraatti hojii Yesusitti amanuudhaan

akka ta'e kan argisiisu fakkeenya (Ibro.12:2).

Sanbatni fakkeenya hojii keenya irraa boqochuu yoo ta'e, JALQABA TORBANII kabajuun amala bu'uuraa Baabiloonii wajjin attamitti walsima?

JIMAATA

waxabajji 15

Yaada Dabalataa: Akkuma Sabni Waaqayyoo adda isaaniitti mallattoo ijaan hin argamne, garuu kan dhugaa keessatti hundeeffamuu fudhataniin, mallattoon kun gingilfamuu dafee dhufuuf isaan qopheessa, isaan immoo socho'uu hin danda'an. Dhugaadhumatti, inni amma illee jalqabameera; wanta dhufaa jiru hubachuu akka dan-deenyutti firidiin Waaqayyoo amma illee lafa kana irra jira." *Ellen G. White, The Faith I Live By, p.285.*

'Sanbatni qabxii dhugaa falmiin irratti ta'u waan ta'eef qormaata amanamummaa isa guddaadha. Qormaati xumuraa namootatti yeroo dhufu warra Waaqayyoon tajaajilani fi warra isa hin tajaajilee gidduutti sararri adda baasu in sararama. Kabajii sanbata sobaa inni faallaa abboommii afuraffaa ta'e seera mootummaa wajjin yeroo waligaluu humana faallaa Waaqayyoo ta'ef amanamummaan akka kennamuuf in labsama, seera Waaqayyootiif abboomamuudhaan sanbata dhugaa eeguun immoo ragaa uumaadhaaf amanamuu ta'a. Gareen tokko milikkita aangoo lafaatiif bitamuudhaan milikkita bineensichaa yeroo fudhatu, kan biroon immoo amanamummaa angoo Waaqayyootiif qabu mul'isuudhaaf mallattoo Waaqayyoo fudhata." *Ellen G. White, The Great Controversy, p.605.*

Gaaffilee maree:

1. Karaa falmii hin kaafneen dhugaa waa'ee milikkita bineensichaa fi waa'ee mallattoo Waaqayyoo karaan nuyi namoota birootti mul'ifnu maali? Akka fakkeenyaatti, amma namni tokko illee milikkita bineensichaa akka hin qabne xiyyeefachuun kan nu irra jiruuf maaliif?

2. Sanbata fi mallattoo Hafuura Qulqulluu gidduu walitti dhufeenyi jiru maali?

3. Yaada armaan olii keessatti mallattoon “hafuura fi sammuuudhaan dhugaatti dhaabbachuudha” isa jedhu ibsi. Maal jechuu isaati?

4. Amalaa fi sirna Baabiloon hafuura adda taasisu irratti mari’adhaa .Amala mootummaa Waaqayyoo wajjin kan gargar godhu maali? Yeroo ammaa amalli Baabiloon gara waldaa keenyaatti kan qaxxisaa jiru attamitti? Haala kiristiyaanummaa isa amala mootummaa Waaqayyoo mul’isuun attamitti isaan hubachuu fi to’achuu dandeenya?

Baabiloonii fi Armaagedoon

SANBATA WAAREE BOODA

Qu'annoo Torban kanaaf Dubbis: *Mul.14:8; 16:19; Isaa.52:9; Mul.18:1-10; 16:12-16; 1Moot.18:1-40; 1Qor.15:1,2.*

Yaadannoo:

Heertuu

“Maqaan dhokataan, BAABILON GUD-DITTII, HAADHA EJJITOOTAA FI WANTA CIIGGAASISAA BIYYA LAFAA jedhu tokko immoo adda isheetti caafamee ture.” Mul.17:5.

Akkuma ilaaltee turre, Macaafni mul’ataa fakkeenyoataa fi jechoota kakuu moofaa keessaa fudhatamaniin guutuudha. Akka fakkeenyaatti, maqaan Baabilon jedhu mul’ata keessaatti si’a ja’a dhufa. Garuu, waa’ee mootummaa Nebukadnezaar durii isa waggoota dhibba tokko fuula dura seenaa addunyaa irraa darbee dubbachuu isaa miti. Qooda kanaa Yonannis fakkeenya kakuu moofaatti fayyadamee dhugaa ibsa. Haala kanaan, Baabilon isheen human siyyaasaa fi amantii cimaatiin saba Waaqayyoo gad qabaa turte, amma immoo human siyyaasaa fi amanti cimaatiin yeroo xumuraa kanaa hojii walfakkaataa hojjechuu barbaaddu ibsa. Haaluma walfakkaatuun, jechi Armaagedoon jedhu macaafa mul’ataa keessatti qofa kan argamu yeroo ta’u, hundeen jecha kanaa bakka Israa’el durii keessatti beekamaa ta’ee afaan Ibrootaatiin “tulluu Megdoo” jedhamu irraa dhufe. Naannoo xumura adduunyaatti Megiddootti waraana loltootaan geggeefamu bal’aatu ta’a jedhanii namoonni baay’een waan yaadaniif waa’ee Armaagedoon tilmaama baay’ee kennu. Torban kana waa’ee Baabilonii fi Armaagedoon, fakkeenya isaaniitinis waan Macaafni Qulqulluun nu barsiisu ilaalla.

JALQABA TORBANII

Waxabajji 17

“Waynii Dheekkamsa ishee”

Mul’ata 14:8; 16:19; 17:5; 18:2,10,21 dubbis.Heertuun ja’an waa’ee Baabylon dubbatan kun macaafa Mul’ataa keessa.Seenaa Baabylon isa kakuu moofaa keessa sammuu keessa ka’achuudhaan, heertuwwan kun taatewwan guyyoota xumuraa ilaalchisee waa’ee Baabylon maal nu barsiisu?

Macaafni Qulqulluun seenaa magaalota lamaanii, kan Yerusaalem fi kan Baabylon jedhamee dubbatama.Guutummaa Macaafa Qulqulluu keessatti Yerusaalem magaalaa Waaqayyoo fi saba kakuu bakka buuti (Faar.102:21,Isaa.52:9, 65:19,Mul.3:12),Baabylon immoo cinqursaa, goolii,amantii sobaa fi Waaqayyo irratti finciluu bakka buuti. Akka fakkeenyaatti Riqaa Baabeliin yaadi (Uum.11:9).Jichi afaan Ibrootaa “Baabel” jedhu jecha mootummaa “Baabylon” jedhuu wajjin tokkicha. IPhexros 5:13 irratti Phexros waldaa Baabylon keessa jirtu biraa nagaa erga, kun immoo bakka Iraaqi har’a kan turte caccabaa mootummaa durii biraa utuu hin taane, Roomaa ishee yeroo dhihoo keessa waldaa acuucuuf jirtu biraa ta’uun isaa hubatamuu qaba. Kun shoora Roomaan ifa macaafa Mul’ataa keessatti qabdu ilaalchisee kan namatti toluudha.

Mul.14:8 fi 18:3 dubbisi.Dhiibbaa gadhee Baabylon addunyaa fi saba Waaqayyoo irratti geggeesitu ilaalchisee heertuwwan kun maal nutty mul’isu?

Akka macaafa Mul’ataa keessatti raajametti,humni Baabiloniin bakka buutu xura’ummaa addunyaa guutummaa karaa tokkoonis ta’e kan biraatiin mancaasuu danda’uun guddaa xurooftee akka jirtu gaaffii hin qabu.Gaaleen “Daadhii waynii dheekkamsaa isa halalummaa ishee” barumsa sobaa, barsiisa sobaa fi shaakala xura’aa isa isa irraa dhufuu ilaalatta. Baabylon ammuna isa “saba hundumaatti” (Mul.18:3) tamsa’eef human. Kanaaf namni kam illee akka ishee akka hin xuroofneef of eeggachuu qaba.

Har'a addunyaa naannoo keetii ilaali: xuraa'ummaa isaa, bita galummaa isaa fi cinqursaa isaa. Yesu fi dubbii isaatti cichuun kan nu barbaachisu ta'uu isaa kun maal nu barsiisa?

WIIXATA

Waxabajji 18

Baabilon Kufteetti

Dhiibbaan xuraa'ummaa Baabilon addunyaa irratti ammam yoo bal'ate illee, kun hundumtuu guyyaa tokko xumura akka argatu Macaafni Mul'ataa in barsiisa.

Mul.18:1-10 dubbisi. Heertuun kun waa'ee "Baabilon Guddittii" maal nuty hima?

Ergaan ergamaa lammaffaa inni waa'ee kufaati Baabilon dubbatu (Mul.14:8) asitti Mul.18:2 keessatti irra deebi'ame. Kum immoo xuraa'ummaa ammammii akka ta'e argisiisa.

"Dhufaati gooftaa fuula dura 'seexanni hojii aangoo, milikkitootaa fidingii fakkaataniinis in dhufa. Warri baduuf jiran hundinuu immoo fayyuudhaaf dhugaa jaallatanii fudhachuu waan didaniif, gowwoomsaa hamminaa hundumaa isaan irratti in fida. Kanaafis Waaqayyo, wanta dhugaa hin ta'in akka amananiif gochaa nama walaalchisu isaanitti in erga' (2Tasa.2:9-11) jedhee dubbata. Haalli kun utuu hin raawatamini fi gamtaan addunyaa fi kan waldaa kiristiyaanaa utuu hin xumuramin kufaatiin Baabilon hin raawatamu. Jijjiiramni kun guddachaa adeema, raawwiin Mul'ata 14:8 amma illee fuula dura jira." Ellen G. White, *The Great Controversy*, pp. 389, 390.

Raawwiin kanaa guutummaatti dhufuu isaa Waaqayyo qofaatu beeka. Garuu akka heertuu kanaatti Baabilon hafuuraa hammina ishee isa guddaa irraa kan ka'e guyyaa tokko firdii Waaqayyoo akka fudhattu beekna. "Cubbuun ishee hamma bantii waaqaatti ol tuulameera, Waaqayyos jal'ina ishee hundumaa yaadateera" (Mul.18:5). Ibsi kun waan Baabilon duriitiin jedhame calaqissa (Erm.51:9), dhugaadhumatti yeroon

firdii akka dhufu dubbata.

Firdiin dhufu kun nama ajaa'ibsiisuu qaba. Baabylon duriitti firdiin dhufeera (Daan.5).Baabiloniin dabalatee namni hundumtuu guyyaa tokko waan godheef deebii akka kennu Macaafni Qulqulluun iddoo baay'eetti ibsee dubbata. Akka kiristiyaanaatti, firdii keessatti araarsaa nuuf dhaabbatu akka qabnu(1Yoh.2:1; Daan.7:22) beekuun attam nama jajjabeessa. Ta'uu baannaan garuu carraan keenya kan Baabylon irra caalaa fooya'aa miti.

Hamminni fi gochaan haqa-maleessi amma waan addabbii hin qabne fakkaatu guyyaa tokko Waaqayyo addaba sirrii akka itti kennu abdii jiraachu isaa attamitti si jajjabeessuu danda'a?

KIBXATA

Wxabajji 19

Armaagedoon

Namoonni baay'een kiristiyaanotas dabalatee waa'ee macaafa Mul'ataa baay'ee hin beekan yoo ta'e illee, fakkeenya yookiin jechi tokko baay'ee beekamaadha: innis Armaagedoon (Mul.16:16).Aadaa biyya lafaa keessatti illee, jechi kun lola xumuraa carraan lafaa itti madaalamu ta'ee beekama. Hollywood namni jedhamu waa'ee pilaanetiin aduu nana'an (asteroid) pilaanetii kan biraa balleessanii ilaalchisee filmii Armaagedoon jedhu qopheesse.Akkuma kana xumurri addunyaa sammuu namoota biyya lafaa keessa jira.

Kiristiyaanonni Macaafa Mul'ataa beekani fi amanan baay'een lola Armaagedooniin akka lola foonii giddu galeessa Bahaatti xumura addunyaa irratti ta'utti ilaalu. Hiikkaan tokko loltoota miliyoona 200 tu Eshiyaadha gara Kaaba Iraaqitti yaa'aa jedhee dubbata.Kan biroon immoo lolaa fi falmii siyyaassa addaddaa kutaa addunyaa iraa naannoo Megiidootti ta'u lola foonii isa xumuraati yaada jedhu qabu.

Haa ta'u malee, Macaafni Qulqulluun fakkeenya kana irraa adda ta'e kenna. Macaafni Qulqulluun Armaagedooniin akka lola mootota gidduutti ta'u godhee kan dhi'eessu utuu hin taane, lola guddaa garee lama giddutti ta'u akka ta'e dubbata.Inni lola dinagdee yookiin kan siyyaassaa utuu hin taane lola amantiiti.

Mul'ata 16:12-16 dubbisi. Heertuu kana qofaa irraa waa'ee Armaagedoon maal baranna?

Jalqaba, jechoonni iddoo kanaa fakkeenya ta'uu isaanii yaada-dhu. Hafuuronni fattee fakkaatanii afaan jawwichaa, kan raajicha sobaa fi afaan bineensichaa keessaa ba'ani humnoota Mul.13; fi raajiin sobaan immoo bineensa isa lafa keessaa ba'e Mul.13:11 kan ilaalatuudha. Falmiin guddaan asitti mul'atu "hafuurota seexanaa", "lola guddaa kan Waaqayyootti" (Mul.16:14) walitti qabamaniidha. Haala kamiin illee taanaan, Armaagedoon lola Kiristos fi seexana gidduutti ta'uudha. Inni lola bakka murtaa'ee tokko naannoo Megiidootti ta'u mti, Baabylon isheen Mul'ata keessas waa'ee Iraaq ammayyaa miti.

Mul.16:15 dubbis. Taatee kana gidduutti, abdi deebi'ee dhufuu fi qajeelummaa isaatiin qullaa keenya dhoksuuf ergaa wangeelaatiin nu jajjabeessuun isaa attam nama dinqisiisa. Kun maalummaa lola keessa jirruu hubachuuf attamitti nu gargaara?

ROOBII

Waxabajji 20

Armaagedoonii fi Tulluu Qarmelos :Kutaa Iffaa

Inni guddaan lolli Armaagedoon kun maal?

Tokkoffaa, hiiki maqaa isaatii "tulluu Megidoo" fakkaata. Haa ta'u malee garuu, nanoo sana tulluun Megidoo jedhamu hin jiru, naannoo sanatti kan argamu tulluu Qarmelos dha, beektonni tulluun Megidoo tulluu Qarmelosi jedhu.

Baratoonni Macaafa Qulqulluu seenaa Eliyaas fi raajota B'aal giddutti tulluu Qarmelos irratti ta'e, fakkeenya isa Mul'ata 13 keessatti ta'uti jedhu.

Akkuma kaleessa ilaallee turre, Mul.16:13 waa'een jawwichaa, waa'een raajii sobaa fi bineensichaa gara taatee Mul'ata 13 isa barnoota 9ffaa keessaatti waa'ee fakkeessaa waaqota sadanii ilaallee turretti nu deebisa.

Dhimmi Mul'ata 13 keessatti jalqabame lakkoobsa 13,14 irratti, bineensi inni lamaffaan "ibidda iyyuu ija namootaa duratti waaqa keessaa lafatti amma gad buusutti" (Mul.13:13) gochaa seera uumamaa olii raawwa-

chuu isaatiin xumurama. Kanaaf taateen kun immoo gara lola Waaqayyoo fi seexanaa, waaqefatoota waaqa dhugaa fi waaqefatootaa bifa bineensichaatti (Mul.13:14) kallaatiidhaan geessa. 1 Moot.18:1-18 dubbisi. seenaa kana keessatti wanti ta'e isa taatee xumura keessatti macaafa Mul'ataa keessatti ta'uuf jiru attamitti calaqisa?

Iddoo kanatti wanti nuyi ilaallu karaa baay'ee fakkeenya falmii guddaati. Eliyaas dhimma kana lakk.18 irratti ifa godha. *Sabni seera Waaqayyoo dhiisanii waaqa sobaa duukaa bu'an.* Seenaa keessatti yeroo kamiin illee taanaan hamminni kan inni ittiin mul'atu karaa kanaan mitii? Nuyi "Waaqa fi lafa ,galaana fi burqituu bishaanii isa uume" (Mul.14:7) waaqessina yookiin immoo waan biraa waaqessina. Mul.13 keessatti namoonni qooda Waaqayyoon waaqessuu bineensichaa fi bifa fakkeenya isaa waaqessuu filatan. Bakki gidugaleessi hin jiru. Nuyi yookiin gara Waaqayyooti yookiin immoo gara seexanaati. Akkuma seenaa Qarmelos irratti garaagarummaa ifaa ta'een ilaalle, dhimmi kun ammas ta'e Armaagedoon irratti ammama barbaachisaadha.

KAMISA

Waxabajji 21

Armaagedoonii fi Tulluu Qarmelos :Kutaa 2ffaa

1Moot.18:18-40 dubbisi. Xumura seenaa kana irratti maaltu ta'e, seenaan kun immoo falmii guddaa xumura seenaa addunyaatti ta'uuf jiru ilaalchisee maal calaqisa?

Lolli tulluu Qarmelos irratti ta'e Eliyaas raajii Waaqayyoo fi luboota Ba'aal 450 gidduutti ture. Kun qormaata waaqni dhugaan waaqa isa waaqaa fi lafa uume moo yookiin Ba'aal isa bifa biraatiin "jawwee" nama gowwomsu ta'ee (Mul.12:9) mul'ateedha kan jedhu adda baase mul'ise ture.

Luboonni ibdda ergee aarsaa sanaa akka gubuuf B'aaliin kadhatan. Ganamaa hamma galgalaatti iyyan. "Sagalee keessan ol fuudhaa iyyaa" jedhee Eliyaas isaan aarse. "Tarii rafaa jira ta'a" jedhe (1Moot.18:27). Luboonni sun amma miira jabaa keessa galaniitti jabaatanii hojjetan. Amma dhiigni isaan irra yaa'utti aaduudhaan of

qoronca'an. Yeroo qalma galgalaatti dadhabanii, bututaniis abdii kuta-tan.

Qalmi Eliyaas si'a saddii dhuubamee bishaanni boolla guute. Eliyaas kadhannaa salphaa Waaqayyoon kadhate. Waaqayyo batalumatti waan hundumaa gube, dhagaa iddoo aarsaa fi biyyoo isa jalaa jirus utuu hin hambisin. Humni waaqa dhugaa Ba'aalii wajjin walbira qabamuudhaan adda ba'ee hubatame.

Mul'ata 16:13; 19:20, 21 dubbisii heertuu kana carraa raajota sobduu Ba'aalii wajjin walbira qabii ilaali. Asitti maal argina?

Waa'een Armaagedoon wanti hin baramin hafee yoo jiraate illee, bu'aan isaa inni xumuraa maal akka ta'e beekna: Innis badiisa diinota Waaqayyoo fi ijaa baasuu Waaqayyoo kan warra qulqulootaati.

1Qor. 15:1, 2 dubbisi. Qabiyyeen isaa Armaagedoonii wajjin addaddummaa yoo qabaate illee, ifa wanti fuula duraa of keessaa qabu ilaalchisee qabxii Phaawulos barreesse yaadachuun maaliif nu ilaalata? Mul. 16:15 dubbisi, qabiyyeen kun eessatti waa'ee Armaagedoon ifaa godha? Heertuwwan kun waliin maal nutti dubbatu?

JIMAATA

Waxabajji 22

Yaada Dabalataa : Seenaa lola Armaagedoon keessatti uumamoonni jib-bisiisoo fi taatewwan fokkison yeroodhaaf waltajjii duda dubaa qabatu, kana booda dhugaan caaluu liphisuu ijaa gidduutti achi asi ba'a. Akkuma ilaaltee turre, isa keessa tokko Mul'ata 16:15: "Kunoo ani akka hatuun dhufutti nan dhufa, namni dammaqu, namni qullaa isaa adeemee saalli isaa bakkeetti akka hin mul'annetti, uffata isaa eeggatu haa gammadu!" Heertuun kun Armaagedoon isa Macaafa Qulqulluu keessaa bakka tokko qofaa jiru gidduu seene, heertuu kakuu haaraa waa'ee deebi'ee dhufuu Yesus fi taate xumuraatiif qopha'uu dubbatan yaadachiisa.

Heertuun kan biraan akkasii Mul'ata 17:14: "Isaan hoolichatti lola in kaasu; hoolichi garuu gooftaa gooftota, mootii moototaas waan ta'eef,

isaan in mo'a;warri isaa wajjin jiranis warra waamaman,warra fo'aman,warra amanamanii dhas." Asi keessatti, lolli xumuraa guddaan inni saba loltoota hirmaachisu kaayyoon isaa inni jalqabaa meeshaa warraanaa wajjin isaan balleessuu utuu hin taane, garuu waamicha fi fo'amu isaaniif amanamootaa akka ta'aniif ture. Kun lola har'a mootonni wal lolanii wajjin garaagarummaa baay'ee qaba.Akkuman irra dedeebi'e dubbachaa ture lolli Armaagedoon lola sammuu. Akkasumas, lola onneeti, waamicha amanamummaa hoolaa qalameeti (Mul.5:9,10,12;13:8)." *Jon Paulien, Armageddon at the Door (Hagerstown, Md.: Autumn House Publishing, a division of Review and Herald Publishing Association, 2008), p. 193.*

Gaaffilee Maree:

1.Taateewwan Macaafa Mulataa keessatti raajiidhaan dubbataman akkuma dubbatamanitti bakka jedhameetti raawatamu jedhee nama amanu attamitti gargaaruu dandeessa?Heertuu karaa dogoggooraa akkasii hiikuu isaanii akka hubataniif dhihannaa attamiitu isaan gargaara?

2.Akkuma ilaallee turre, dhiibbaan Baabilon addunyaa maratti bal'atee jira. Barsiisa Baabilon keessaa muraasi isaanii maal fa'l, barsiisa kana attamitti hubachuu fi irraa of eeguu dandeenya?

3.Guyyaa Wiixataa keessatti barreefamni Ellen G. Waayit " gamtaan addunyaa fi kan waldaa kiristiyaanaa utuu hin xumuramin kufatiin Baabilon hin raawatamu" jedha.Gaalee " gamtaan addunyaa fi kan waldaa kiristiyaanaa" jedhu mee itti yaadi. Asi keessatti akeekkachiisa cimaa attamiitu nuuf ka'ame?

Barummsa 13ffaa Waxabajji 23-29

Deebi'uu Gooftaa keenya Yesus

SANBATA WAARE BOODA

Qu'annoo Torban kanaaf Dubbisi: *Isaa.13:6,9; Maat.23:30,31;Daan.2:34,35; 2Tim.4:6-8;2Ti:7-10.*

Yaadannoo :
Heertuu

“Akka bakakkaan ba’a- biiftuutti bu’u hamma lixa-biiftuutti ibsu, dhufni ilma namaas akkasuma in ta’a” (Maat.24:27).

Barreessaan walaloo T.S.Eli’ot jedhamu walaloo isaa toora akkas jedhuun jalqabe: “Jalqabbii koo keessa xumura kootu jira.” Jechi isaa kun salphaa fi gabaabaa yoo ta’e illee dhugaa human qabeessa of keessaa qaba. Jalqaba keessa xumuratu jira. Dhugummaa kanaa maqaa keenya keessatti argina, Adventistii Guyyaa Torbaffaa isa barsiisa bu’ura Macaafa Qulqulluu lama of keessaa qabu: “Guyyaa Torbaffaa” kan jedhu abboommii kurnan keessaa Guyyaa sanbataa isa yaadannoo uumamaa lubbuu qabaatanii lafa irra jiraatanii, fi “Adveentistii” kan jedhu immoo deebi’ee dhufuu Yesus isa abdiin Macaafa Qulqulluu hundumtuu, abdii jireenya barabaraas dabalatee keessatti xumura argatuu kan ilaalatuudha.

Uumamuun addunyaa (jalqabni keenya) yeroon isaa yoo fagoo ta’e illee, deebi’ee dhufuu Yesus (xumura keenya) wajjin walitti hidhamee jira. Waaqayyo isuma nu uumetu (Yoha.1:1-3) isumatu “malakanni inni dhumaa yommuu afuufamu” (1Qor.15:52) deebi’ee dhufee fayyin a keenya xumura. Dhugaadhumatti, jalqabbii keenya keessatti xumura keenya argina.

Torban kana xumura taatewwan xumuraa isa addunyaan keenya ammaa keessa jirtu, waa’ee deebi’ee dhufuu gooftaa keenya Yesus ilaalla.

Guyyaa Gooftaa

Kakuu haaraa keessa barsiisi jiru waa'ee lammaffaa dufuu Yesus qofaadha jennee yaaduutti baay'inaan kan luucofnu yoo ta'e illee, kun dhugaa miti. Dhugaadhumatti, dhufa isaa isa jalqabaa, du'a isaa, du'aa ka'uu isaa, fi ol ba'uu isaa booda dhugaa lammaffaa deebi'ee dhufuu ilaalchisee ifa guutuutu nuuf kennamee jira. Akkuma kakuu haaraa, kakuun moofaas utuu kun hin raawwatamin fuula dura gaadidduu dhugaa barbaachisaa kanaa mul'iseera. Barumsa waa'ee lammaffaa dhufuu Yesus ilaalchisee barreesitoonni kakuu haaraa dhugaa haaraa hin mul'ifne; qooda kanaa dhugaa duraan Macaafa Qulqulluu keessatti mul'atee ture jajjabeessan. Abdiin deebi'ee dhufuu Yesus kan inni caalaatti hubatamu fi jaallatamu ifa fayyisaa fannifamee fi du'aa ka'e keessatti qofaadha.

Heertuwwan armaan gadii dubbisi. Waa'ee dhufaatii Yesus isa lammataa maalu nu barsiisu? Isaa 13:6,9; Zakk.14:9; Daan.12:1.

“Guyyaan gooftaa” warra badaniif guyyaa badiisaa, kan gaddaa fi kan bita galumsaa ta'uun isaa gaaffii hin qabu. Garuu, ijoollee Waaqayyoo warra “macaafa jireenyaa keessatti caafamaniif” (Filip.4:3; Mul.3:5; 13:8) guyyaa furamuuti. “Guyyaan gooftaa” warra hamootaaf yeroo firdii akka ta'e, garuu, warra Waaqayyoof amanamaniif immoo yeroo eegumsi fi badhaasi isaaniif ta'u akka ta'e macaafa kakuu moofaa keessa ka'amee jira. Fakkeenyaaf, namoota muraasa “dheekkamsi Waaqayyoo inni boba'aan” kan isaan argatu yoo ta'e illee, warra “qajeelummaa barbaaduuf” waamamuu isaanii dhaga'an fi “warri gad of deebisuu filatan” “guyyaa dheekkamsaa isaa sanatti in golboobamu” (Sefa. 2:1-3).

Maat.24:30,31 dubbisi. Heertuun kun taatee gurguddaa yeroo Yesus deebi'ee dhufuu warra badanii fi warra fayyan gidduutti bifa lamaan ta'u attamitti argisiisa?

Taateen xumuraa yeroo saaxilamu garee kamiin akka taane caalaatti mul'ata. Garee sirrii ta'uu keenya mirkaneefachuuf wanti nuyi gochuu dandeenyuu fi gochuu qabnu maali?

Daani'eeli fi Dhufaatii Yesus isa lammataa

Bara Yesus keessa Yihudoonni baay'een Masihiin mootummaa Roomaa kuffise Isra'eeliin mootumoota hundumaa irra caalaa mootuumaa jabduu taasisa jedhanii yoo yaadan illee, kun dhufaa isaa isa jalqabaa fi isa lammaffaa wajjin wal hin beeku. Qooda kanaa, Waaqayyo saba isaa warra amanamootiif addunyaa moofaa cubbuudhaan kufte mijeesuu irra kan caalu mankuusaa keessaa qaba.

Addunyaan haaraan addunyaa moofaa keessaa akka hin kaane kan dubbatu kan akka Daani'eel 2 macaafa kakuu moofaa keessa tarii hin jiru ta'a, qooda kanaa inni (addunyaan haaraan) bu'uurumaan uumama haaraadha fi addaati.

Daani'eel Boqonnaan 2 ka'umsa fi kufaatii mootumoota afurii, Baabilon, Meedo-Faresi, Girikii fi Roomaa ishee cacabde amma mootumoota Awuro-ophaa ammayyaa taate argisiisa. Siidaan Nabukadineezar abjuudhaan arge xumurri isaa gargar citiinsaa guddaa deebi'uu Yesusiin booda addunyaa kanaa fi addunyaa dhufu gidduutti ta'u haala dinqisiisaatiin argisiisa.

Daan.2:34,35,44,45 dubbisi. Heertuwwan kun waa'ee carraa addunyaa kanaa fi uumama addunyaa haaraa maal nu barssiisu?

Heertuwwan kun waan yeroo Yesus dhufu ta'u ilaalchise hiika ifaa hin taane xiqqoo qaba. Luq.20:17,18 irratti Yesus ofii isaa dhagaa isa waan lafa kana irratti hafe barbadeessutti of fakkeesse. Daani'eel 2:35 afaan Arama'ikiitiin yeroo dubbifamu warqich, meetichi, suphichi, sibiilich fi sibiilichi diimtichi erga cacca-bee hurraa'ee boodaa "akka habaqii bonaa isa lafa oobdii midhaanii ta'e; qilleensis isa fudhatee sokke, iddoonis isaaniif hin argamne" jedha. Kana jechuun erga Yesus dhufee booda addunyaa kanaa wanti hafee hin jiru jechuudha.

Dhagaan sun addunyaa moofaa kana erga barbadeessee booda "tulluu guddaa ta'ee biyya lafaa guute." Mootummaan dhufaatii lammaffaatiin hundeeffamu kun "mootummaa hin badne" ta'ee "barabaraan jabaatee in dhaabbata (Daan.2:44).

Nama pilaanetii kana irra jiraate hundumaa xumura lama keessaa tokkotu isa eeggata. Yookiin Yesusii wajjin barabaraan jiraanna, yookiin immoo habaqii addunyaa moofaa wajjin fudhatamna. Karaa tokko yookiin karaa biraa waan barabaraatu nu eeggata.

Abdii yeroo dheeraa Eegame

Tiito.2:13 dubbisi.Abdii guddaa attamii qabna,maaliif?

Barsiisaan Yunivarsiitii tokko uumamuu adduynaa keenyaa irratti amantii qabu yeroo ibsu,waggoota Biliyoonii 13 fuula dura “ wantoonni xixiqqoon baay’ee ta’an waanuma hin jirree keessaa xaaxa’anii dho’uudhaan yunivarsiin keenya dhohiinsa sana keessaa baatee gara jiraachuutti dhufte” jedhee dubbate. “wantoonni xixiqqoon baay’ee ta’an” kun waan hin jirre keessaa attamitti xaaxa’uu danda’an hin jenne barsiisaan kun.In ta’e jedhee tilmaamee amantiidhaan dubbate.

Akkuma seensa barnoota kanaa irratti dubbannee turre,xumurri keenya jalqabbii keenya keessa jira. Sababa kanaaf, akka barsiisaan kun dubbatetti, adeemsa dheeraa keessa xumurri keenya abdii hin qabu.Yunivarsiin “wantoota xixiqqoo baay’ee ta’an” irraa uumamte kun waantoota ishee keessa jiranii wajjin namas dabalatee, dhuma irratti in dhibamti.

Faallaa kanaatiin,akkaataan dhufa keenyaa, akka Macaafa Qulqulluutti, yaada armaan olii caalaatti fudhatama kan qabu qofa utuu hin taane,abdiidhanis kan guutameedha. Waaqa isa nu uumeef galatni haa ta’u, abdiin keenya inni yeroo dheeraa eeganne baay’ee gaariidha.Waa’ee fuula duraatiif abdiin keenya guddaadha, abdichis abdii dhufaatii Yesus isa lammataa irratti kan hundaa’eedha.

2Timo.4:6-8 dubbisi.Phaawulos asitti waa’ee maalii dubbata, abdii isaa immoo maalirraa ka’atee jira?

Phaawulos yeroo dhihoo keessatti kan ajjeefamu yoo ta’e illee, wabii fayyinaa fi abdii deebi’ee dhufuu Yesus isa Phaawulos “mul’achuu isaa” (2Timo.4:8) jedhee waamuun jiraate.”Gonfoon qajeelummaa” inni

isa eeggatu qajeelummaa mataa isaatii (1Timo.1:15 utuu hin taane),qajeelummaa Yesus isa Phaawulos abdii deebi'ee dhufuu irratti hundeessuu bareedha.Haala yeroo sanaa isa nama hin gammachiifne (mana hidhaa keessatti du'a eeggachuu) garasitti abdiin inni yeroo dheeraaf eeggachaa ture baay'ee gaarii akka ta'e Phaawulos hubateera.Kun immoo sababa inni haala yeroo sanaa irratti xiyyeefachuu dhiise waan guddaa of fuul-duratti ilaaluufi.

Haalaa yeroodhaaf keessa jirtu irratti utuu hin xiyyeefatin akkuma Phaawulosiin abdii qabaachuu kan ati dandeessu attamitti? Fakkii guddaa fuula keenya duraa fi abdii inni nuuf kennu ilaaluu kan nuyi barru attamitti?

ROOBII

Waxabajji 27

Duumessoota waaqaa irra keessatti

Akka Macaafa Qulqulluutti Waa'een dhufaatii lamataa wiirtuu fi barbaachisaa yoo ta'e illee, kiristiyaanonni hundumtuu taatee kana akka inni ofii isaatii qaamaan dhufuutti in ilaalan.Fakkeenyaaf, namoonni muraasi,dhufaatiiin Yesus inni lammataa kan inni ta'u yeroo inni ofii isaatii qamaan deebi'ee dhufu utuu hin taane yeroo hafuurri isaa karaa waldaa isaatii lafa kana irratti mul'atuudha jedhanii falmu.Jecha biraatiin,dhufaatiiin Kiristos inni lammataa kan inni ta'u qajeelfamni safuu kiristiyaanummaa karaa saba isaatii yeroo mul'atuudha. Barumsa sobaa kanaaf attamitti galateefachuutu nu irra jira. Yoo kun dhugaadha ta'e abdii yeroo dheera maal qabna?

Waa'ee dhufaatii lammataa ilaalchisee heertuu kakuu haaraa kana dubbisi.Waa'ee akkaataa deebi'ee dhufuu Kiristoos maal nutty mul'isu?

Maat.24:30_____

1Tasa.4:16_____

Maat.26:64_____

Mul.1:7_____

2Tasa.1:7-10_____

“Samiin waan banamee cufamu fakkaate mulata. Isa gidduudhaan immoo ulfina teessoo Waaqayyoo irraa maddutu calaqa. Tullooni akka shomboqqoo (jajjaba) qilleensa keessaa raafaman, dhagoonni gurguddoonis kallatti hundumaa irra bittima’an. obomboleessaa dhufaa jiru kan fakkaatu Sagalee xirqanssuutu dhaga’ama. Galaanonni in dheek-kaman. Sagaleen dhahaa galaanaa akka akka sagalaa seexanoota hojii badiisaa hojjechuuf ka’anii in iyye. Lafti guutummaan akka dhahaa galaanaa dhiita’ee humnaan sagalee kenne. Irra keessi lafaa in cacca-be. Bu’uurri isaas waan diigame fakkaate. Fuuncaan tullootaas in liqimfaman. Biyyoonni galaanaan marfaman kan namoonni baay’een irra jiraatan in dhibaman. Iddoon buufata doonii warri jallinaan Sodoonii wajjin wal fakkaatan bishanota dheekkamaniin liqimfaman. Baabilon guddittiin “xoofoo dheekkamsa isaa fudhachuuf” fuula Waaqayyootti yaadatamte.” Ellen G. White, *The Great Controversy*, p. 637.

Dhufaatiin Yesus taatee guddaa addunyaa gara xumuraatti fadu akkasii. Yeroo kun ta’u immoo namni hundinuu beeka. Wanti Yesus dhufatii isaa isa jalqabaa irratti nuuf godhe isa lammaffaa irratti mul’ata. Dhufaatiin lammataa qabatamaa ta’uun isaa akkataa jireenya keenya ammaa irratti dhiibbaa attamii fiduu qaba? Wantoota jireenya keessatti barbaachisoo ta’an yaadachuuf attamitiin nu gargaara?

KAMISA

Waxabajji 28

Kan jiranii fi kan Du’an

Michuu isaa Alaazaariin du’aa utuu hin kaasin fuula dura Yesus akkasi jedhee dubbate: “Du’aa ka’uun; jireenyis ana; namni anatti amanu yoo du’e iyyuu in jiraata.” (Yoha.11:25). Sagalee inni dubbate kana akka isaan fudhataniiif qooda namoota gaafachuu, Alaazaariin isa erga du’ee guyyaa baay’ee fixe du’aa kaase jiraachise (Yoh.11:39).

Yesusitti kan amanan dhugaadhumatti in du’u. Akkuma Yesus dubbate yoo du’an illee in jiraatu. Waa’een du’a ka’uu kanaa dha. Deebi’ee dhufuu Yesusiin wiirtuu abdii keenyaa kan taasisu kanaa dha.

Akka heertuu armaan gaditti yeroo Yesus dhufu warra isatti amananii du’an irratti maaltu ta’a? Room. 6:5; 1Tasa. 4:16; 1Qor. 15:42-44; 53-55.

Abdiin deebi'ee dhufuu Yesus inni guddaan akkuma Yesusiin warri duukabuutota isaa ta'an warra du'an keessaa ka'uudha. Du'aa ka'uu isaa keessa abdii fi wabii kan isaanitu jira.

Yeroo Yesus dufu warra jiran irratti maaltu ta'a? Fili.3:21;Tasa.4:17

Warri amanamoonni Yeroo Yesus dhufu lubbuudhaan jiran akkuma qaamaan jiranitti hafu, garruu akka ammaa kana miti. Humna uumaan oliitiin akka warra du'a keessaa ka'aniitti qaamaa tortoruu hin dandeenyetti jijjiiramu. "Qajeelonni warri jiran liphisuu ijaa keessatti jijjiiramu. Sagalee Waaqayyootiin gara ulfinaatti in jijjiiramu; qaama hin dune uffatanii qulqulloota du'aa ka'anii wajjin qilleensa keessatti gooftaa isaanii simatu." Ellen G. White, *The Great controversy*, p. 645.

Wantoota biyya lafaa baay'ee fayyidaa siif qaban isaaniin hambifachuu dhaaf jette jireenya barabaraa aarsaa gootu tarreessi. Wanta ati tarreessite keessa maalfaatu jira?

JIMAATA

Waxabajji 29

Yaada Dabalataa: Dhufaatiin Yesus inni lammataa seenaa ilmaan namootaa addunyaa kufte keessatti cubbuudhaan dhiphatuu kutaa isaa isa xumuraa fi odeeffannoo dabalataa isa dhuma miti. Qooda kanaa, dhufaatiin lammataa xumura guddaa, abdii guddaa kiristiyaanota amananiiti. Isa malee maaltu? Seenaan dhala namaa amma du'aan xumaramutti bal'aa tokko irraa gara isa kaaniitti deema, Abdii Kiristos yeroo dhufu keennun alatti jireenyi isa Wiiliyaam Shakispiir jedhe ta'a "mamaaksi sagalee guddaa fi aariidhaan warra harrootaan dubbatama, garuu homaa tookoofuu hin fayyadu." Sagaleen Waaqayyoo irra deebi'ee waan nuuf mirkaneessuuf amma illee nuyi abdii kana qabna. Yesus jireenya isaatiin waan nu biteef (Maar.10:45) nuyi abdii kana qabna, dhugaadhumatti is gatii itti baase kana fudhachuuf Yesus deebi'ee in dhufa. Urjoonni samii keessaa waa'ee dhufa isaa nutty hin himan. Simbiroonni mukeetii keessaa faarfatan misiraachoo kanaa hin dubbatan. Isaan kun keessaa fi duubaan waan gaarii, waan abdii qabu

argiisiiisuu danda'u.Garuu guyyaa tokko Yesus deebi'ee dhufee "malakanni yeroo afuufamu warri du'an badiisa malee akka ka'an"(1Qor.15:52) nuun hin barsiisan. Guyyaa tokko ol jennee " ilma namaa gara mirgaa utuu taa'uu duumeessa waaqaatinis utuu dhufuu"(Maar.14:62) akka ilaalluuf nu hin barsiisan. Miti.Waa'een kanaa Sagalee Waaqayyootiin waan nutti himameef ,nuyi immoo abdi sagaleen kanaatti waan amannuuf wanttota kana beekna.

Gaaffilee Maree:

1.Utuu dhufaatiin Yesus jechuun kan namoonni muraasii amanan irra kan caaluu yoo ta'uu dhaa baate maal ta'a jette yaadda:Gara xumuraatti taatee dinqisiisaa yoo ta'e illee abdi tokko malee kan nutty hafnu attamitti?

2.Yaadni yeroo ammaa beekamaa ta'e inni yunivarsiin waan hin jirree irraa dhufe jedhu attamitti yaada dadhabaa ta'a?Yaada kana namoonni maaliif jajjabeessu,kaan immoo maaliif itti amanu? Ibsa waa'ee dhimma yunivarsii ilaalchisee Waaqayyo isa waan hundumaa uumee barabaraan jiraatutti amanuun sababa qabeessa kan ta'uuf maaliif?

3.Waa'ee Wantoota biyya lafaa baay'ee fayyidaa siif qaban, isaaniin hambifachuu dhaaf jette jireenya barabaraa aarsaa gootu tarreessitee turte e, garee kee wajjin mari'adhu.Wanta tarreefama sana keessa jiran ilaalchisee walii keessan irraa maal baratan? Tarreefama namootaa keessa wanti tarreefame hin jiru yoo ta'eakkuma namoota kan biroo wanti fayyina irraa jireenya keenya daangessu akka hin jirre attamitti mirkan-eeffachuu dandeenya?

Namoota dhuunfaadhaanis ta'e Jaarmiyaa (Dhaabbataan)
Caaffatoota Raagaa (Hafuura Raajii) Hiikuu fi Maxxansuu;
Akkasumas Raabsuu barbaadan hundaaf-

YAADACHIISA!

Caaffanni Hafuura Raajii (*Spirit Of Prophecy-SOP*) qabeenya
dhaabbataa Waldaa Adiveentistii Guyyaa 7^{ffaa} Addunyaawaati.

Kanaafu, kitaabota kana guutummaa isaas ta'e gartokkeesaa, namni
dhuunfaas ta'e dhaabbatni gara Afaan biyyattii keessatti dubbatamu
kamiitti iyyuu hiikee maxxansuu fi raabsuu yoo barbaade hojii isaa
utu hin eegalin dursee qaamaanis ta'e barreeffamaan Waajjira Olaa-
naa Mana Maxxansaa Yuuniyen Miishinii Itiyooophiyaa ayyamsi-
isuudhaan erga waliigaltee irra ga'ee booda hojii isaa itti fufuu ni dan-
da'a

Haala kanaan , dhaabbatnis ta'e namni dhuunfaan kitaabota raagaa
(Hafuura Raajii) kana maxxansee wangeela biyya lafaatiin ga'uu kan
barbaadu hunduu ni jajjabeeffama.

Haata'u malee garuu; ayyama Waldaa Adiveentistii Guyyaa 7^{ffaa} Ad-
dunyaawaatiin ala maqaa waldattiitiin caaffata Hafuura Raajii kana
maxxansiisanii raabsuun akka seera biyyattiittis ta'e akka mirga
maxxansaa adunyaatti kan itti nama gaafachiisu ta'uu isaa ibsaa, itti
dabalee immoo kitaaba dhaabbatni kun hiiksisaa jiru qaamni biraan
immoo hiikee dubbistootaaf dhiyeessuun qisaasama dinagdee, humnaa
fi yeroo hordofsiisa.

Sababa kanaaf, hundumti keenya iyyuu akkaataa Seeraa fi Danbii ittiin
Bulmaata Waldattiitiin barreeffamoota keenya maxxansiisuudhaanis
ta'e raabsuudhaan Ergaa Ergamoota Sadanii ariifachiisuu akka dan-
deenyuuf Gooftaan nu haagargaaru.

DHAABBATICHA IRRRA!!!



ዓለም አቀፍ አድቪንቲስት ሬዲዮ የተስፋ ድምፅ

ትግርኛ

ጠዋት 12:00 - 12:30
9530 Khz 31 ሜ.ባንድ
ማታ 1:30 - 2:00
15130Khz 19 ሜ.ባንድ
አየር ሞገድ

አድራሻ
ስልክ +251 115 511199
የውስጥ መስመር 205
ወይም +251 910 145105

አማርኛ

ጠዋት 12:30 - 1:00
15500 Khz 19 ሜ.ባንድ
ማታ 2:00 - 2:30
17570Khz 16 ሜ.ባንድ
አየር ሞገድ

አድራሻ
ስልክ +251 115 511199
የውስጥ መስመር 242
ወይም +251 911 137222



ፖ.ሳ.ቁ 145 አዲስ አበባ

አሮምኛ

ጠዋት 12:00 - 12:30
15500 Khz 19 ሜ.ባንድ
ማታ 2:30 - 3:00
15155 Khz 19 ሜ.ባንድ አየር ሞገድ

አድራሻ
ስልክ +251 115 511199
የውስጥ መስመር 237
ወይም +251 921 600938

የተላለፉ ፕሮግራሞችን እንደገና ለማዳመጥ ከመረጃ መረባችን www.awr.org ላይ በመግባት እንደገና ማግኘት ይቻላል፡፡

የዓለም አቀፍ አድቪንቲስት ሬዲዮ የ24 ሰዓት የአማርኛ ቋንቋ ስርጭትን በክርስቲያን ቻናል ጣቢያ ውስጥ ከዚህ በታች በተቀመጠው መሰረት ያገኙታል

HC The Voice of Hope
Frequency: 12574
Symbol Rate: 09700
Polarity: Horizontal
Satellite: Intel Sat 68.5E
LNB: KU BAND

በተጨማሪም በአሜሪካ ያሉ አድማጮቻችን 712 432 9970 በመደወል እንዲሁም በእንግሊዝ ያሉ 033 001 03890 በመደወል ፕሮግራሞቻችንን በማንኛውም ሰዓት ማዳመጥ ይቻላል

የዓለም አቀፍ አድቪንቲስት ሬዲዮ የተስፋን ድምፅ ያዳምጡ

ለወዳጆችዎ በማስተዋወቅና በመጋበዝ የበረከቱ ተካፋይ ይሁኑ